# QAACCESSA WAALLEE DUBBII INVEESTIMENTII IRRATTI: XIYYEEFFANNAAN BULCHIINSA MAGAALAA BURAAYYUU

ABDIISAA GANNATII TEESSOO

YUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYAA, 2019/2011 A.L.H
FINFINNEE

# QAACCESSA WAALLEE DUBBII INVEESTIMENTII IRRATTI: XIYYEEFFANNAAN BULCHIINSA MAGAALAA BURAAYYUU

ABDISSAA GANNATII TEESOO

GORSAA: ADDUNYAA BARKEESSAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUUBARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYAA, 2019/2011 A.L.H

FINFINNEE

## Yuunivarsiitii Addis Ababaa

## Dhaabbata Digirii Duraatiin Boodaa

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Guuttachuuf Abdiisaa Gannatii Teessoo Mataduree *Qaaccessa Waallee Dubbii Inveestimentii Irratti: Xiyyeeffannaan Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu* jedhuun qophaa'e sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

## Koree Qormaataa

Qoraa Alaa________________________________Mallattoo _________Guyyaa_____________

Qoraa Keessaa_____________________________Mallattoo _________Guyyaa_____________

Gorsaa____________________________________ Mallattoo _________Guyyaa___________

Itti Gaafatamaa Muummee Yookiin Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon  koo armaan gaditti eerame qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan dura yuniversiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaanne ta'uu isaa, akkasumas, wabileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa:  Abdiisaa Gannatii Teessoo

Mallattoo__________________________

Guyyaa______________________________

# Axereera

*Qorannoon kun waalleen dubbii investimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti maal akka fakkaatu qaccessuun ibsuuf kan gaggeeffamedha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf mala qorannoo akkamtaatti fayyadameera. Meeshaaleen funaansa ragaa kanneen akka afgaaffiifi daawwannaatti fayyadamuun guuruun qaaccessuudhaan ibsamanii jiru. Qorannoo kana keessatti iddattoo ta'uun ragaafi odeeffannoo barbaachisu kan kennan qaama hawaasaa magaalichaa garagaraa jechuunis jiraattota, daldaltoota, hojjattoota mootummaafi dhaabbilee dhuunfaa keessa hojjatanfa'i. Iddattoo filachuufis mala iddatteessuu darbaa-dabarsaa, akkayyoofi mala tasaatti gargaarameera. Afagaaffiifi daawwannaa gaggeessuuf dura qaabxiiwwan afgaaffiifi daawwannaan irratti gaggeeffamutu qophaa'e. Daawwannaan kan gaggeeffame bakkeewwan armaan gadiiti: daandiiwwan gurguddaa hawaasni baay'inaan itti tajaaajilamu, manneen dhugaatii (keessumattuu mana daadhii), mooraa bulchiinsa gandaafi bulchiinsa magaalaa (kantiibaa), bakkeewwan afooshaaf ummanni walitti qabamu, bakka du'a gahiitti qaamaan argamuun, bakka cidhaafi kanneen kana fakkaatanidha. Afgaaffiinis qaama hawaasaa garagaraa keessumattuu namoota lafa isaanii hojii investimentiif gadi lakkisaniifi kan biro wajjiin kan gaggeeffamedha. Ragaalee mala akkamtaatiin qaacceffamuudhaan ibsamanirratti hundaa'uun qoratichi argannoowwan gurguddoo armaan gadiirra ga'ee jira. Akka waliigalaatti, waalleen dubbii investimentii irratti akka Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti mul'atan fayyadama afaanii kanneen bifa geerarsaa, mammaaksaa, malleen dubbii, faaruu sirbaafi durduriifa'iin calaqqisanidha. Fayyadamni afaanii bifa geerarsaan, mammaaksaan, malleen dubbiin, faaruu sirbaafi durduriin mul'atu kunis ergaa garagaraa qabu: hawaasichi komii qaama mootummaafi kan biroorraa qabu ittiin ibsachuu, hojiin investimentii gaggeeffamaa jiru iftoomina kan hinqabne ta'uu, ummatichi iyyummaaf saaxilamuu ykn bu'aa investimentiirraa fayyadamaa ta'uu dhabuu agarsiisa. Kana malees, hawaasichi balaaleffannaa qaban kan ittiin ibsatan, saamamuu isaanii kan ittiin ibsatan, gaabbii qaban kan ittiin ibsataniifi dhaamsa kan ittiin waliif dabarsanfa'i. Gama biraatiin, hojii investimentii magaalichaa keessatti gaggeeffamaa jiru/ture gufachiisuuf akkasumas milkeessuuf tarsiimoowwan waallee addaddaatu dhimma itti bahamaa jira.*



# Galata

Duraan dursee qorannoo kana akkan gaggeessu Isa fayyaafi nagaa naaf kenne Waaqayyoon guddaan galateeffadha. Itti aansuun, waraqaa qorannoo kana seeraan tartiiba eegee akkan hojjadhu yaadafi ogummaa isaanitiin kan na deeggaraan, kan na gorsaan, qophii waraqaa wixineerraa kaasee, hanga dhuma qorannoo kanaatti kan na wajjin ifaajaa turan Dr. Addunyaa Barkeessaa baay'een galateeffadha.

Akkasumas, ragaafi odeeffannoo yommuun waltii qabachaa turetti daandii natti agarsiisuun kan na wajjiin ifaajan Obbo Maammoo Baqqalaafi Obbo Warqinaa Fayyisaaf galanni ani qabu olaanaadha.

Kana malees, hojjattoota mootummaa Waajjira Aadaafi Turiizimii, Investimentii, Komishinii Karooraafi Mana Qopheessaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu odeeffannoo naaf kennaniif baay'een isaan galateeffadha.

Hundaa ol, maatiin koo yeroon barumsa kana baradhu deeggarsa haamileefi maallaqaa naaf taasisuudhaan haala milkaa'ina qabuun akkan hojjedhu waan taasisaniif galanni ani isaaniif qabu daangaa hinqabu.

Dhumarrratti, qorannoo kana barreeffama komputaraatiin yeroofi qulqullinaan kan naaf barreessite durbee Asteer Abdiisaaf galanni ani qabu baay'ee olaadha.

## Hiika Jechootaa

Jechooni armaan gadiitti tarreeffamanii hiikni isaanii fuulduratti barreeffame kunniin kan qorannoo kana keessatti iddoo baay’eetti dhimma itti bahamaniidha.

- Akkamtaa_ Saxaxa qorannoo ta’ee kan odeeffannoo/ragaa qorannoo argate bifa ibsaatiin dhiyeessuudha.
- Beenyaa_ Kaffaltii qabeenya nama tokkorraa fudhatameef kaffalamu/ bakka buufamu (maallaqaan/ kan biroon ta’uu danda’a)
- Dubbii_ Waan afaaniin jedhamu, kan barreeffama hintaanedha.
- Gaabbii_ Wanta yeroo darbe raawwatanitti of duuba deebi’anii of ceepha’uu.
- Gumgumuu_ Quuqama keessa ofii jiru tokko ibsachuudha.
- Iftoomina_Waan iciitummaa of keessaa hinqabne.
- Investimentii _ Kan abbaan qabeenyaa tokko kaappitaala/ maallaqa baasii gochuun hojjachuun galii biroo itti argatudha.
- Komishinii_ Mana hojii labiin dhaabbate tokkodha.
- Labsii_ Kan bakka bu’oonni ummataa/Caffeen seera ta’ee akka tajaajiluuf tumanidha.
- Waallee_ Jechoota ‘waan’ fi ‘alle’ jedhurraa kan uumamedha. Hiikni isaas, ‘waan hunda’ jechuudha.

## Kottoonfachiisaafi Gabaajeewwan

BLTO………Barnootaafi Leenjii Tekinikaafi Ogummaa

CDA………..Afaan Ingiliziitiin yommuu bareeffamu *Critical Discourse Analysis* jechuu ta'ee hiikni isaas Afaan Oromootiin Qaaccesa Waallee Gadi Fageenyaa ykn waallee tokko gadi fageenyaan xiinxaluun qaaccessuu jehuudha.

Kkf… Kanneen Kana Fakkaatan

Fkn …………Fakkeenyaaf

Lak………..Lakkoofsa

WATBMB…..Waajjira Aadaafi Turiizimuu Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu

Ykn ……… Yookiin

# BAAFATA

Axereera ........ v
Galata........ v
Hiika Jechootaa ........ vii
Kottoonfachiisaafi Gabaajeewwan........ viii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa........ 4
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa........ 5
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 5
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 6
1.6. Hanqina Qorannichaa........ 6
1.7. Qindoomina Qorannichaa ........ 7
1.8. Haala Hawaas-dinagdee Naannoo Qorannicha........ 7
1.8.1. Hundeeffama Magaalaa Buraayyuu ........ 7
1.8.2. Moggaasa Magaalaa Buraayyuu ........ 9
1.8.3. Ummata Magaalaa Buraayyuu........ 9
1.8.4. Dhaabbilee Tajaajila Hawaasummaa Magaalaa Buraayyuu ........ 10
1.8.5. Iddoowwan Hawwata Turiizimii ........ 10
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU........ 12
Seensa ........ 12
2.1. Yaadrimee Waallee........ 12
2.1.1. Waalleefi Yoomessa ........ 14
2.1.2. Waalleefi Ilaalcha ........ 15
2.1.3. Waalleefi Aangoo (Discourse and Power) ........ 16
2.2. Akaakuu Waallee ........ 17
2.2.1. Waallee dubbii/haasaa/ (Oral discourse)........ 17
2.2.1.1. Karaalee waalleen dubbii itti taasifamu ........ 18
2.2.2. Waallee Barreeffamaa........ 21
2.2.3. Waallee Mallattoo........ 22
2.3. Malleenya Qaaccessaa Waallee (Approaches to Discourse Analysis) ........ 22
2.3.1. Waallee Akka Dalagaalee Guyyuu Hawaasaatti........ 23
(Discourse as Social Practices)........ 23
2.3.2. Waallee Akka Hubannoo Hawaasaatti (Discourse as Socio-Cognitive Process) ........ 24
2.3.3. Maleenya Yaaxina Garagaraa (Varation Theory) ........ 24
2.3.4 Maleenya Qabatamaa (Pragmatics)........ 25
2.4 Tarsiimoowwan Waallee........ 26

2.4.1. Tarsiimoo Guguddaa (Macro-level Strategy) ... 27
2.4.2. Tarsiimoo Xixiqqaa (Micro-discursive Strategies) ... 28
2.5. Yaadrimee Investimentii ... 28
2.5.1. Faayidaa Investimentii ... 29
2.5.2. Labsii Investimentii ... 30
2.5.2.1. Labsii Investimentii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa ... 30
2.5.2.2. Labsii Investimentii Mootummaa Federaalaa ... 31
2.6. Yaaxina Qorannoo Waallee ... 31
2.7. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii ... 32
BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA ... 35
Seensa ... 35
3.1. Saxaxa Qorannichaa ... 35
3.2. Mala Qorannichaa ... 36
3.2.1. Iddatteessuu (Sampling) ... 36
3.2.2. Madda Ragaalee ... 38
3.2.3. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname ... 38
3.2.3.1. Daawwannaa ... 38
3.2.3.2. Afgaaffii ... 39
3.2.4. Ragaalee Gara Barreeffamaatti Jijjiiruu (Transcrition) ... 41
3.2.5. Mala Qaaccessa Ragaa ... 42
3.3. Naamusa Ogummaa (Ethical Consideration) ... 42
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSIIFI XIINXALA RAGAALEE ... 44
Seensa ... 44
4.1. Fayyadama Afaanii Investimentii Irratii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu Keessa Jiru ... 44
4.1.1. Geerarsaa Investimentii Irratti ... 45
4.1.2. Mammaaksaa Investimentii Irratti ... 48
4.1.3. Malleen Dubbii Investimentii Irratti Jiran ... 50
4.1.4. Durdurii Investimentii Irratti Jiran ... 54
4.2. Ergaa Fayyadama Afaanii Investimentii Irratti ... 55
4.2.1. Komii Ittiin Ibsachuu ... 56
4.2.2. Hojiin Investimentii Iftoomina Kan Hinqabne Ta'uu ... 58
4.2.3. Iyyummaaf Saaxilamuu/ Bu'aa Investimentiirraa Fayyadamuu Dhabuu ... 60
4.2.4. Balaaleffannaa Qaban Ibsachuu ... 63
4.3.5. Samamuu Isaanii Ibsachuu ... 66
4.3.6. Gaabbii Qaban Ibsachuu ... 68
4.3.7. Dhaamsa Waliif Dabarsuu Agarsiisuu ... 70
4.3. Tarsiimoowwan Waallee Investimentii Gufachiisuufis Ta'e Milkeessuuf Dhimma Itti Bahaman 73
4.3.1. Tarsiimoowwan Investimentii Gufachiisuuf Dhimma Itti Bahaman ... 73

4.3.1.1. Tarsiimoo Bamaqaalee Fayyadamuu ........ 74
4.3.1.2. Tarsiimoowwan Waallee Malleen Dubbiin Mul’atan ........ 77
4.3.1.3. Tarsiimoowwan Waallee Mammaaksaan Mul’atan ........ 80
4.3.1.4. Tarsiimoowwan Waallee Faaruu Sirbaa Keessatti Mul’atan ........ 81
4.3.1.5. Tarsiimoowwan Waallee Durduriin Mul’atan ........ 82
4.3.2. Tarsiimoowwan Waallee Investimentii Milkeessuuf/Tumsuuf Dhimma Itti Bahaman ........ 83
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 86
5.1. Cuunfaa ........ 86
5.2. Argannoo Qorannichaa ........ 87
5.3 Yaboo Qorannichaa ........ 89
Wabii ........ 90
Dabaleewwan ........ 91

## BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaan kun matadureewwan saddeet of keessaa kan qabudha. Isaanis, Ariirrata, Ka'umsa Qorannichaa, Kaayyoo Qorannichaa, Barbaachisummaa Qorannichaa, Daaangaa Qorannichaa, Qindoomina Qorannichaa, Hanqina Qorannichaafi Haala Hawaas-dinagde Naannoo Qorannichi itti gaggeeffame kan jedhamantu dhiyaatanii jiru.

### 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Dhalli namaa hojii garagaraa irratti babba'ee jireenya isaa gaggeeffata. Hojiiwwan kanneen keessaa muraasni bulchiinsaa, siyaasaa, investimentii daldalaafi kanneen kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama. Hojiiwwan hunda keessatti immoo afaan (dubbiifi barreeffama) fi mallattootti fayyadamuun dhimma baha. Afaaniifi mallattootti fayyadamuun tuffii, mormii, deeggarsa yookiin balaaleffannaa qabu ibsata. Dhimma kana ilaalchisee Hodge and Kress (1993:115) yoo ibsan, "*Language is to treat as ideology, actional and relational classification of thoughts and ideas should be taken into consideration*," jedhu. Kunis kan agarsiisu hawaasni tokko afaan bifa barbaachisummaa isaatiin akka itti dhimma bahu ta'uusaati. Kana jechuun, ilaalcha isaa, waan itti dhagahame, gadda, gammachuu, yaada garee, dhuunfaafi kanneen kana fakkaatan ittiin ibsachuu akka danda'anidha. Kanaafuu, dhalli namaa hawwii, fedhiifi yaada isaa, gammachuufi gadda qabu, deeggarsaafi mormii qabu afaan dubbiifi barreeffamaa akkasumas mallattoolee addaddaatti gargaaramuun kan ibsatu ta'uusaati.

Dhimmuma kana Austin (1962:95) akka ibsutti, "*How to do things with words*," jedha. Kana jechuunis, jechaan maal hojjenna jechuusaati. Kunis jechaan attamittiin arrabsuun, ajjeesuun, ijaaruun, diiguuniifi k.k.f. raawwachuun akka danda'amu kan nutti agarsiisudha. Jechi hojii guddaa hojjechuu danda'a; jechaan ijaaruu, diiguu, mormuu, deeggaruu, balaaleffachuufi kkf raawwachuun nidaadaa'ama.

Waan ta'eef, qorannoo kana keessatti qoratichi akkaataa hawaasni dubbiitti fayyadamuun babal'ina inveestimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti yeroo ammaa mul'achaa jiru, mormiifi deeggarsa qaban ittiin ibsatan qaaccessuun ibsee jira. Haata'u maalee, Fairclough (1992:57), akka jedhutti "*No word is innocent; it is ideological; it sides……*" jedha. Kana jechuun, karaa giddugaleessa ta'een walitti fiduun waaltaasisuun rakkisaa ta'uusaa hubanna; jecha/dubbii kamiyyu akkasumaan kan ta'e hinjiru; jechi kamiyyu bilisa miti jechuudha. Kana irraa waanti hubatamu jechi dubbatamu tokko ergaa mataa isaafi hiika mataasaa qabaachuu

isaati. Bufuma walfakkaatuun, Rahimi and Riasati (2001:154) akka jedhanitti, "*In the discourse analyst view, language as a social practice is neither neutral nor innocent, rather it is ideologically driven and motivated*," jedhu. Kanaafuu, mata duree qorannoo waliin jechoonni hiika waa hundaan maal akka ta'an ibsuun dirqama ta'a; kanaafuu, qorannicha keessatti hiika isaan dubbiitiin qabaniif waallee inveestimentii keessaa sakatta'uun qaaccefamanii jiru.

Hymes (1972:31) akka jedhutti jechi haala akka cabsu yookiin ijaaru ibsee jira. Kana irraa waanti hubatamu jechi haala rakkisaa ta'e tokko cabsuu danda'uufi haala diigame tokko ijaaruu danda'uu isaafi afaan waa halle ta'uusaati. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti waalleen dubbii investimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti akkamiin ibsamaa akka tureefi ammas ibsamaa jiru gadi fageenyaan xiinxaluun qaacceffamanii jiru.

Akka waliigalaatti, namoonni jireenya isaanii kanneen akka bakka daldalaa, warshaalee addaddaa keessatti , waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa, mana yaalaa, bakka taphaa, dirree lolaa, dirree siyaasaa, mana amantaa, mana nyaataafi dhugaatii, mana murtiifi kan kana fakkaataan irratti hundaa'anii afaaniitti haala garagaraatiin dhimma itti bahu. Kunimmoo, dubbiin yookiin barreeffamaan ta'uu danda'a. Akka Muysken (2000:10) ibsutti hawaasni aadaan, amantaan, ilaalchiifi fedhiin isaanii garagaraa yeroo walitti dhufan akka haala jireenya garee isaaniitti waan waliitti dhufaniif, yeroo kana afaanonni waljafuu, walmakuun akkasumas ergifachuun walkeessa afaanitti fayyadamuun waliigalu.

Namoonni yeroo afaanitti dhimma ba'an haala tajaajila afaanii iddoo sanii beekuufi beekuu dhabuun hubannoofi walqunnamtiirratti dhiibbaa geessisa. Namoonni sadarkaa addaddaa hawaasa keessatti argaman maaliif bifa garagaraatiin akka dubbatan, afaan tajaajila hawaasummaa akkamii akka kennu, kutaa hawaasa addaddaa biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf immoo gaaffilee handhuura xinqooqa hawaasaa kan ta'an eenyutu, maaliif, haala akkamii keessattiifi eessatti akka dubbatamu beekuun barbachisaadha, (Clark,1996; Fishman, 1971; Wolff, 2000).

Dhimmi afaan keessaa dhabame hinjiru; kallattiinis ta'e alkallattiin jiruufi jireenyi dhala namaa afaaniin ijaarama. Daangaan hubannoo dubbataa afaan tokkoo murtaawaa ta'uyyuu, afaan waa mara. Haaluma kanaan, hawaasni gosa hojii garagaraatti bobba'ee jiraata. Bakka hojii isaatti ammoo, dubbiidhaanis ta'e barreeffamaan walqunnamtii taasiisa.Walqunnamtii kana keessatti afaan bakka hojii sanaa gahee guddaa qaba. Afaan hojiin ittiin gaggeeffamu beekuufi beekuu dhisuun hojichaan gahaa ta'uufi dhiisuu waan murteessuuf, hamma galii keenyaallee

nidaangeessa. Kanaafuu, haala fayyadama afaaniifi hidhata inni aangoo waliin qabu karoorsa afaanii qopheessuurratti faayidaa guddaa qaba. Kun immoo, seera biyya tokkoo hojiirra oolchuurratti gumaacha guddaa qaba. Dhimma kanarratti Addunyaa (2010) akka ibsetti seera ittisa yakkaa keessatti sagalee waraabuudhaan yakkamoota addaan baasuun nidanda'ama.

Yeroo ammaa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.46/1994 fooyya'ee bahe keeyyata 5 jalatti haaluma ragga'een Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta'uun ittiin hojjatamaa jira. Naannicha keessatti manneen hojii mootummaa naannoorraa kaasee hanga sadarkaa gadiitti, akkasumas dhaabbilee barnootaa sadarkaa tokkooffaarraa kaasee hanga sadarkaa lammaffaatti afaan hojii ta'ee tajaajilaa jira. Kana malees, yeroo ammaa kana dhabbilee barnoota olaanoo hedduu keessatti akka barnoota afaanitti kennamaa jira. Iddoowwan hojii mootummaas ta'e mitimootummaa Afaan Oromootti fayyadamuun hawaasa tajaajilaa jiran keessaa tokko investimentiidha. Kanaafuu, adeemsa itti fayyadama afaaniichaa keessatti yaadrimeewwan furmaata barbaadan karaa addaddaatiin mul'achuu danda'u.

Yeroo ammaa kana magaalota naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessaa magaalota investimentiin haalaan itti babal'achaa jiru keessaa tokko Magaalaa Buraayyuuti. Kun immoo bakka qorannoon kun itti gaggeeffamedha. Magaalaan Buraayyuu naannoo Oromoiyaa keessatti argamuu qofa osoo hintaane magaalota Oromiyaa magaalaa Finfinneetti dhiyeenyatti argaman keessaa ishee tokkodha. Magaalaan kun magaalota sochiin inveestimentiin keessatti babal'ataa jirudha. Baroota dhiyoo asitti magaalicha keessatti inveestimentiin baay'ee babal'achaa kan jiruufi qonnaan bultoota hedduus lafaafi qabeenya isaaniirraa kan buqqaase jechuun nidanda'ama.

Magaalaan Buraayyuu keessatti yeroo amma warshaalee heddutu argamu. Inveestimentiiwwan haalaan babal'achaa jiran keessaa dameen manufaakchariingii, dameen tajaajilaafi agiro-pirooseesiingiin kanneen gurguddoodha. Haaluma kanaan, qorannoon kun kan gaggeeffame mataduree *Waallee Investimentii Magaalaa Buraayyuu* kan jedhurratti yommuu ta'u kan irratti xiyyeeffates *waallee dubbii*rratti. Sababni qorataan mataduree kana filateefis, qorataan wayita hojiidhaafi dhimmoota garagaraaf naannoo inveestimentiin itti babal'atee hawaasa qe'eefi qonna isaarraa buqqisaa jiru deemaa turetti ummanni dhoksaan dhimmoota faayidaaleefi bu'aa investimentiin walqabatanii jiranirratti gumgumaa kan jiraan ta'uufi rakkoon akka jiru akka shakkiitti hubataa waan tureef, haala gama kanaan jiru qorachuun mirkaneeffachuufi dhimma kana hawaasni akkamiin ibsachaa akka jiran qaaccessuun ibsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef qoraticha kakaasee jira.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuuf kan ka'umsa ta'e haala babal'ina inveestimentiin walqabatee yeroo ammaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti mul'atudha. Qabata babal'ina investimentii kanaanis namoonni hedduun qe'eefi lafa isaanirraa buqqa'anii jiru; miidhaa garagaraafis saaxilamaanii jiru. Kana immoo, miidiyaaleen dhuunfaas ta'e kan mootummaa irra deddeebi'anii gabaasanii jiru. Warri buqqa'anis yeroo isaan gunguman, investimentiin kun miidhaa malee bu'aa akka isaaniif hinbuusne, lafti isaanirraa fudhatames akka isaaniif deebi'u bulchiinsa magaalaatti yeroo deddeebi'an qorataan yeroo dhimmaaf naannawa sana deemaa turetti argaa dhaga'aas ture.

Kana malees, bu'aan oomisha inveestimentii kanneenii irraa fayyadamaa akka hintaane hawaasni yommuu komatu keessa jiraadheen dhaga'aa ture. Oomishni isaaniillee afaan, seenaa, duudhaa, aadaa hawaasa naannichaa jajjabeessuu keessatti bu'aan isaa gadaanaa akka ta'e yeroo jiraattonni gunguman qorataan yeroo naannawa sana deddeebi'u dhaga'aa ture. Dhimma kana ilaalchisees hanga qorataan beekutti qorannoon dhimma kanarratti gaggeeffame hinjiru. Kanaafuu, jiraattonni/ qaamni hawaasaa gragaraa, abbootiin inveestimentii, bulchiinsi haala walxaxaa akkasii kana ilaalchisee dubbiin yoo haasa'an maal akka jedhaniifi wanti isaan jedhan kun immoo ergaa akkamii akka qabu, dhimmoota qabata walitti bu'iinsa hawaasaa ta'an kanarratti qorannoo gaggeessuun furmaata rakkoo hawaasummaatiif galma ta'a kan jedhutu qorataa kana kakaase.

Gama biraatiin, labsii bulchiinsa inveestimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan murteessuuf bahe lakk. 138/2000 irratti akka ibsutti inveestmentiin naannoo tokkotti babal'atu duudhaa, afaaniifi aadaa hawaasa naannoo kan jajjabeessu ta'uu akka qabu ibsa. Kunis kan agarsiisu, investimentiin afaan, duudhaa, aadaafi seenaa naannoo itti babal'atee jiru sana kan guddisuufi jajjabeessu ta'uu akka qabu agarsiisa. Hojjataafi hojjachiisaa gidduutti walitti dhufeenya uumamu, bu'aa oomishaa fayyadamtootatti beeksisuuf, guyyaa oomishameefi tajaajilaa ala itti ta'u beeksisuufi kanneen kana fakkaatan ibsuuf afaan hawaasa naannoo inveestimentiin keessatti argamu fayyadamuun dirqama ta'a. Dhimmi kunis tarii qabata walitti bu'iinsa hawaasaa ta'uu danda'a kan jedhu qoraticha qabxiiwwan kakaasan keessaa isa tokkodha.

Kanaafuu, qorannoon kun *Waallee Dubbii Inveestimentii Irratti Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu* keessa jiran ilaalchisee maal akka fakkaatu qaaccessuun ibsuuf kan qophaa'e yommuu ta'u akka waliigalaatti qorannicha keessatti gaaffileen armaan gadii deebii argatan:

1. Babal'ina inveestimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwatamaa jirurratti hawaasni maal jedhee ibsata?
2. Babal'ina inveestimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwatamaa jirurratti wanti hawaasni jedhu ergaa akkamii qaba?
3. Tarsiimooleen waallee (discourse strategy) inveestimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal'isuufis ta'e gufachiisuuf dhimma itti bahamaa jiran maal fa'i?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Waallee Dubbii Investimentii ilaalchisee Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti jedhaman qaaccessuudha. Kaayyoowwan gooree qorannichaa immoo kaneen armaan gadii ta'u:

- Babal'ina inveestimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwatamaa jirurratti waan hawaasni jedhu ibsuu,
- Babal'ina inveestimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwatamaa jirurratti wanti hawaasni jedhu ergaa inni qabu addaan baasuu,
- Inveestimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal'isuufis ta'e gufachiisuuf tarsiimoolee waallee dhimma itti bahamaa jiran adda baasuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun gaggeeffamuun isaa faayidaalee armaan gadii argamsiisuu danda'a:

- Guddina Afaan Oromootiif bu'aa mataa isaatii niqabaata.
- Qophiilee kitaabolee Afaan Oromoo keessatti akka madda ragaatti fayyaduu danda'a.
- Koree waaltina Afaan Oromoo irratti hojjataniif akka madda ka'umsaatti tajaajiluu danda`a.
- Namoonni waa'ee xinqooqa hawaasummaa irratti barreessuu barbaadan itti fayyadamuu danda'u.
- Namoota gara fuladuratti mata duree kanaan walfakkaatu irratti qorannoo gaggeessaniif akka yaada ka'umsaati madda ta'uu danda'a.
- Manneen hojii mootummaa keessumattuu waajjirri investimentiifi bulchiinsi magaalaa argannoo qorannoo kanarraa fayyadamoo ta'uu danda'u.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun mataduree ‘Waallee Investimentii Qaaccessuu’ jedhurratti kan xiyyeeffatedha. Waallee investimentii keessaas waallee dubbiirratti kan daangeffamedha. Kunis waallee dubbii investimentii magaalaa Buraayyuu jedhutti akka daangeffamu ta’ee jira. Sababni isaas, waallee dubbii investimentii sadarkaa hudaatti jirufi iddoo hundaatti argamurratti qorannoo geggeessuun waan ulfaatuufidha. Kana malees, yeroo dheeraafi maallaqa guddaa akkasumas meeshaaleefi humna hedduu kan gaafatu waan ta’eefidha. Kanaafuu, qorannicha to’atamaa taasisuufi yeroo karoorfame keessatti raawwachuuf waallee investimentii keessaa waallee dubbiirratti, akkasumas Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu qofa keessatti xiyyeeffachuun daangeffamee jira.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Hanqinni qorannoo kanaa yeroon qoraticchi qorannoo kana itti gaggeesse yeroo hojii idilee mootummaa itti hojjatu waan tureef, ragaa funaanuuf yeroo gahaa hinarganne. Haata’uu malee, yeroo boqonnaa argatetti fayyadamuun ragaa sassaabbatee jira. Kana malees, qorannoo kanaaf namoonni akka iddattootti filataman odeeffannoo kennuuf fedhii dhabuu, akkataa barbaadameen odeeffannoo kennuuf sodaachuun qoraticha ragaa argachuuf wantoota rakkisanidha. Sababni isaas, namoonni baay’een odeeffannoo kennuuf dhimmicha siyaasaan walqabsiisuun yoo yaada kennine itti gaafatamuu dandeenya jechuun shakkii guddaa keessa galaa turan. Kunis bal’inaan namoota umriin fagaatan biratti kan mul’atu ture. Rakkoo kanas hanga danda’ametti odeefkennitoota amansiisuun, yeroo dheeraa fudhachuun waliin mariyachuun odeeffannoo/ragaa barbaachisu argacchuun danda’ameera.

Rakkoon biroon immoo namoota odeeffannoo kennan argachuurratti gufuu guddaan adeemsa qorannichaa keessatti mudachuu isaati. Keessumattuu namoota yeroo dheeraaf magaalicha keessa jiraataniifi lafa qonnaa isaanii dhimma hojii investimentiif jecha buqqa’an argachuun afgaaffii dhiyeessuun odeeffannoo argachuurratti bu’aa bahii guddaafi yeroo qorannichaa kan nyaate ture. Rakkoo kana keessa darbuuf nama karaa agarsiisuufi bakka namoonni odeefkennitoota ta’an itti argaman geessu maallaqaan qacaruun ragaan argamuu danda’ee jira. Akkasumas, hanqina yeroofi baajataan walqabatee yeroo argametti karooraan fayyadamuu, hanqina baajataa qunname ammoo, deeggarsa argametti fayyadamuun cufee jira.

Rakkoon biroon immoo hanga qorataan beekutti qorannoon matadureen qorannoo ammaa kanaan waalfakkaatu gaggeeffame bal’inan argachuu dhabamuusaati. Kanaaf, mataduree qorannoo kanaa irratti qorannoo hojjatame hanga barbaadetti dhabus, kanneen mataduree kanaan

walfakkataniifi walitti siiqan Afaan Oromoofi Ingiliziitiin digirii lammaaffaafi sadaffaatiin hojjataman itti fayyadamee jira.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun mata duree "Qaaccessa Waallee Dubbii Investimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu" jedhurratti xiyyeeffatee kan geggeeffamedha. Qorannoon kunis, boqonnaa shan kan qabu yoo tahu, qabiyyeen boqonnaa tokkoffaa ariirrata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, qorannoon kun yoo xumuramee qaamota irra fayyadamoo ta'an eenyuu fa'a akka ta'an kan ibsuu, daangaa qorannichaa akkasumas hanqina qorannichaa kan ofkeessatti hammatedha.

Boqonnaan lammaffaa immoo, yaadrimeen waallee, akaakuuwwan waallee maalfaa akka ta'an, maleenyi qaaccessa waallee kanneen ijoo ta'an maalfaa akka hammatu, yaadrimee investimentii, yaaxina qorannoo waalleefi sakatta'iinsi qorannoowwan walfakkii tokko tokkoon ibsamuun dhiyaatanii jiru. Boqonnaa sadaffaa jalatti immoo, saxaxaafi malli qorannichaa gadi fageenyaan ibsamanii jiru. Mala qorannichaa jalatti malli iddatteessuu, madda ragaaleefi meeshaaleen funaansa ragaa akkasumas mallleen ragaan ittiin qaacceffame ibsamee jira.

Boqonnaan arfaffaan keessatti ragaalee mala garagaraan sassaabamantu tokko tokkoon qaacceffamanii dhiyaatan. Waallee investimentii hawaasni mammaaksaan, geerarsaan, dubbii qolaafi faaruun ibsatutu gadi fageenyaan xiinxalamuun dhiyaatee jira. Boqonnaa kana jalatti ragaalee odeefkennitootaa irraa guuramantu ibsa itti kennuudhaan qaacceffamanii dhiyaatanii jiru. Kana malees, gaaffiilee bu'uuraa kanneen ta'an kan qaacceeffaman yoo ta'u ibsis itti kennamee jira.


Boqonnaan dhumaa qorannoo kanaa boqonnaa shanaffaa yoo ta'u kutaan kun qabiyyeewwan akka cuunfaa, argannoofi yaboo of keessatti qabachuun dhiyaatee jira.

## 1.8. Haala Hawaas-dinagdee Naannoo Qorannicha

### 1.8.1. Hundeeffama Magaalaa Buraayyuu

Magaalaan Buraayyuu magaaloota Naannoo Oromiyaa keessaa sadarkaa tokkoffaarratti jedhamanii baay'ee ariitiin babal'achafi guddachaa jiran keessaa ishee tokkodha. Magaalaan Buraayyuu magaalaa guddoo biyyattii kan taate magaalaa Finfinneerraa gara Lixaatti fageenya kiiloometira 14 irratti kan argamtu yoo ta'u daandiin gara Godinaalee Lixaatti deemu kallattii lamaan kutee magaalicha keessa darba.

Akka odeeffannoon Waajjira Aadaafi Turiizimii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuurraa argame ibsutti yeroo ammaa kana magaalittiin gandoota magaalaa 6 of jalatti qabattee jirti. Akka ragaan Mana Qopheessaa Magaalaarraa argame addeessutti Magaalaan Buraayyuu akka magaalaa xiqqootti naannoo bara 1946 A.L.I.tti kan hundeeffamte yoo ta'u, hundeeffama magaalichaaf namni gahee ol'aanaa taphate nama maqaan isaa Giraazmaach Roobii Kallachaa jedhamu ture. Giraazmaach Roobii Kallachaa yeroo sanatti a*bbaa lafaafi Axibiyaa Daanyaa* naannoo kanaa akka tureefi namoota biratti fudhatama kan qabu, nama beekamaa kan turedha. Magaalaan Buraayyuu bara 1988 tti qaama seerummaa kan argate yommuu ta'u bara 1997 irraa eegalee kantiibaan buluu jalqabde. Akka ragaan agarsiisutti magaalichi waliigalattiin bal'ina heekteraan 9057 qabdi.




***Kaartaa Magaalaa Buraayyuu***

Magaalaan Buraayyuu kallattii Bahaatiin Magaalaa Finfinnee, kallattii Lixaan magaala Kolooboo, kallattii Kibbaafi Kibba Lixaatiin Aanaa Sabbataa Hawaasiin, Kallattii Kaabaan Aanaa Muloofi magaalaa Sulultaatiin daangeffamti. Dabalataanis, akka ragaan Komishinii

Karooraa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuurraa argame ibsutti magaalaan Buraayyuu kallattii hedduun gaaraawwaniifi bosonaan marfamtee argamti. Kunis kallattii Kaabaa, Lixaafi Kibba Lixaatiin Gaara Jamoo, Eegduu, Ada'aa, Baxaroofi Qaaleetiin haguugamtee jirti. Babal'inni investimentiinis magaalittii keessatti kallattii hundaanuu babal'atee argama.

### 1.8.2. Moggaasa Magaalaa Buraayyuu

Moggaasa maqaa Magaalaa Buraayyuun walqbatee manguddoonni naannoo akka jedhanittiifi ragaan Waajjira Aadaafi Turiizimii magaalichaarraa argadhe akka ibsutti maqaa *Buraayyuu* jedhamu kan moggaafame yeroo durii mukti guraachi *Buraayyuu* jedhamu akka tureefi maqaan magaalattii muka kanarraa moggaafame kan jedhudha. Daldaltoonni Wallaggaa, Jibaat, Gindabarat, Mugariifi k.k.f. irraa gara Finfinnee dhufaa turan bakka aara itti galfatanfi beellama waliin qabatanii itti walargan, mukkeen Buraayyuu jedhaman naannoo kanatti argaman jalatti akka ta'e ragaan jiru ifa ni'baasa.



***Haftee Muka Buraayyuu***

### 1.8.3. Ummata Magaalaa Buraayyuu

Magaalaa Buraayyuufi naannoo ishee baay'inaan qubatanii jiraachaa kan turaniifi ammas jiraachaa jiran hidda Oromoo Tullamaa keessaa gosa Gullalee akka ta'aan ragaan Waajjira

Aadaafi Turiizimii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuurraa argame nidubbata. Gosti Gullalee kunis gosa dursee naannoo kana qubateefi naannoo dhuma jaarraa 18ffaatti bulchiinsa Sirna Gadaa ofii naannoo Qacanee jedhamutti hundeeffachuun ofiin of bulchaa kan turan ta'uu isaa seenaan ni'ibsa.

Haala baay'ina ummata Magaalaa Buraayyuu ilaalchisee baay'inni ummataa yeroo gara yerootti haalaan dabalaa kan dhufe yommuu ta'u yeroo ammaa kana tilmaamaan ummanni 334,797 (dhi 199,013 dubra 135,784 ) ta'u akka jiru ragaan Waajjira Aadaafi Turiizimii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuurraa argame nibalballoomsa. Akka ragaan WATBMB irraa argame addeessutti sabaafi sablammoonni addaddaa magaalaa Buraayyuu keessa jiraatu. Sabni Oromoo, Amaaraa, Sabaafi SablammootaUmmattoota Kibbaafi kan biroon magaalicha keessa akka jiran ragaan nimullisa. Amantaan walqabatee magaalicha keessa hodoftoonni amantii Kiristaanaa, Isilaamaafi Waaqeffataa bal'inaan argamu. Akka ragaan WATBMB irraa argame ibsutti yeroo ammaa kana magaalicha keessa amantii Ortoodoksii kan hordofan 35%, Pirotestaanii 36% Musiliima 25% Waaqefataa 4% ol akka jiran mul'isa.

Haala qilleensaan walqabatee magaalaan Buraayyuu guutummaan guutuutti baddaa yommuu ta'u waggaatti giddugaleessaan rooba 834-1300 mm argatti. Haalli teessuma lafaa Magaalaa Buraayyuu diriiraa, bu'aa bahiifi lafa ol ka'aa kan qabudha.

### 1.8.4. Dhaabbilee Tajaajila Hawaasummaa Magaalaa Buraayyuu

Dhaabbilee tajaajila hawaasummaa kennan ilaalchisee yeroo ammaa kana Magaalaa Buraayyuu keessa Manneen Barnootaa Oolmaa Daa'immanii 143, Manneen Barnootaa Sadarkaa Tokkoffaa 67, Manneen Barnootaa Sadarkaa Lammaffaa 7, Mana Barnootaa Qophaa'inaa tokko, Wirtuu Leenjii BLTO tokko, Kolleejjota lama, Yuniversiitiiwwan lama magaalicha keessatti argamu. Kana malees, keellaa fayyaa lama, buufata fayyaa afur, Kinilikaa namaa 41, Mana qorichaa namaa 39 ni'argamu. Akkasumas, keellaa fayyaa beeyladaa tokko, kinilikaa beeyladaa tokko, mana qorichaa beeyladaa sadii magaalicha keessatti tajaajila kennaa jiru.

### 1.8.5. Iddoowwan Hawwata Turiizimii

Magaalaa Buraayyuu keessa bakkeewwan hawwata turiizimii ta'an hedduutu jiru. Akka ragaan Waajjira Aadaafi Turiizimii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuurraa argame mul'isutti bakkeewwan hawwata turizimii ta'an Irreechaa Malkaa Ateetee, Hidhaa Bishaan Gaafarsaa, Diree Gujee , Bosona Kolooboo fa'i.



***Gaara Kolooboo***

Investimentiin wal qabatee yeroo ammaa kana Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti haalaan babal'achaa jira. Akka ragaan Waajjira Investimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuurraa argame addeessutti dameewwan investimentii bal'inaan magaalicha keessaatti babal'achaa jiran keessaa Dameen Manufaakchariingii baay'inaan 269, Damee Agiropiroosesiingii baay'inaan 200, Damee Tajaajilaa baay'inaan 41, Damee Hoteelaafi Turiizimii baay'inaan 71, Damee Ijaarsaa baay'inaan 13, Damee Daldalaa baay'inaan 186 kanneen gurguddoo magaalaa kana keessatti argamanidha. Dameewwan kunniinis waliigalatti kaappitaala qarshii  biliyoona 8.4 ol galmeessisuun hojjachaa kan jiranidha.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

### Seensa

Boqonnaa kana jalatti caalaatti qabxiilee bu'uuraa gurguddoo ta'an sadiitu ibsaman: jalqaba irratti barruuwwan addaddaa kanneen mataduree qorannoo kana cimsan kan sakatta'aman yommuu ta'u qabxiin lammaffaa immoo qorannoolee kanaan dura gaggeeffamaniifi mataduree kanatti dhiyaatan sakatta'uun walfakkeenyaafi garaagarummaa isaanii ibsuun qabxii xiyyeeffannoo qorannoo ammaarratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u inni sadaffaan yaaxinaalee qorannoon kun irratti bu'uuraffame kan iaallatudha. Haluma kanaan, jalqabarratti maalummaafi yaadrimee waallee, akaakuuwwan waallee, maleenya qaaccessa waallee akkasumas, maalummaafi yaadrimee investimentii ilaalchisee barreeffamoonni jiran sakatta'amanii jiru. Itti aansuun, qorannoowwan kanaan dura namoota garagaraan gaggeeffamaniifi mataduree qorannoo ammaatiin walitti dhufeenya qaban sakatta'uun tokkummaafi addaddummaa isaan mataduree ammaa wajjiin qabantu ilaalame. Dhumarrattis, yaaxinaalee qorannoon kun bu'uura godhachuun gaggeeffametu sakatta'ame.

### 2.1. Yaadrimee Waallee

Maalummaa waallee ilaalchisee yeroo garagaraatti hayyoota addaddaatiin hiikni garagaraa itti kennamaa tureera. Waallee yeroo jennu wanta barreeffaman jiru tokko yookiin wanta afaniin dubbatamu tokko akkasumas, mallattoowwan addaddaa kan hiika dabarsuu danda'an of keessatti hammata. Hayyuun Teubert (2010:115) yaada kana ilaalchisee yoo ibsu "*It is the discourse that makes reality available to us*," jedha. Kana jechuunis, dhugaan tokko akka jiraatu kan taasisu haasbarruudha jechuudha. Wanti tokko bifa dubbiitiin, barreeffamaan yookaan mallattoodhaan yoo dhihaate dhugaa tokko nu hubachiisa jechuudha. Dhugaan kunis wantoota hawaasni guyyaa guyyaan raawwatu of keessatti hammata.

Adam and Annette (2004:9) akkasitti ibsu: *"The term discourse not only becomes account noun, but further refers to abroad collection of linguistic and non linguistic social practices and ideological assumptions that together construct power or racism*,". Yaaduma kana Addunyaan (2016/17) qorannoo isaa digirii sadaffaa guuttachuuf gaggeesse keessatti Schiffrin *et al*. (2001:1) wabeeffachuun akkas jechuun ibsa: "*Definition of discourse fall in to three categories (1) anything beyond the sentence, (2) language use, and (3) a broader range of social practice that includes nonlinguistic and nonspecific instances of language,"* . Ibsi armaan olii kun waallee

karaalee sadii hiikuun argina. Tokkoffaa, afaan himaa olii, lammaffaa fayidaa afaaniifi sadaffaa gochaalee/shakaloota hawaasaa kanneen afaaniin alaati jechuun hiika.

Bifuma wal fakkaatuun, Michel Foucault (1970:45) yaadrimee waallee yommuu ibsu, *"Discourse is viewed as inclusive of non-verbal elements (gesture) and, more generally, as the way people organize social life, institutions, and so on*," jedha.

Gama biroon, Schiffin (1994:20) yaada kana yommuu ibsitu, "*Discourse is often defined in two ways: a particular unit of language focuses (on language use), and a particular unit of language focus (above sentences.) These two definitions of discourse reflect the difference between formalist and functionalist paradigm."* jedhu. Yaadni kun immoo unkaafi tajaajila ittiin mul'atu irratti hundaa'uu hiikni waallee fayyadama afaaniifi xiyyeeffannoo afaanii himaa oliin ilaalamuu akka danda'u balballoomsa. Akkuma ibsa armaan olii irraa hubachuu dandeenyutti waallee karaalee sadii hiikuu dandeenya.Tokkoffaa afaan himaa olii, lammaffaa afaan himaa gadii afaanitti fayyadamnuufi sadaffaa mallattoolee sochiilee hawaasaa kanneen afaaniin alaa kan jedhudha.

Gee (2008:115) waallee haala armaan gadiin ibsee jira:

> *Discourse is the ways of behaving, interacting, valuing, believing, speaking, reading and writing that are accepted as instantiations of particular identities by specific groups. Discourse is what we do and what we say. That is, discourse is both the forms and the functions of our textual and non-textual practices. It is perceived as all-embracing concept, which includes the propositional, social, cultural and contextual contents. Discourse is comprehensive, and seems to reconcile between the formalist's and functionalist's views of discourse.*

Ibsa isaa kana keessatti hayyuun kun waalleen waa hunda ta'uu isaati. Kanaafuu, waalleen kan dubbii, barreeffamaa, mallattoofi kanneen kana fakkaatan ta'uu hayyuun kun balballoomsuun cimsee jira.

Cook (1990:7) yaaduma kana cimsuudhaan waalleen dubbii afaaniin darbuu qofaa osoo hintaane barreeffamas kan dabalatu ta'uu ibsee jira. Kunimmoo kan agarsiisu waalleen dubbii afaanii qofaan osoo hintaane barreeffamaanis kan jiru ta'uullee qorannoon ammaa kun waallee dubbii investimentiirratti kan xiyyeeffatudha. Waallee ilaalchisee yaada hayyoonni addaddaa kennan walitti fiduun yoo ilaalle waalleen afaaniin kan dubbatamu, barreeffamaafi malattoo addaddaan

kan hiika dabarsuu danda'an mara kan ofkeessatti hammatudha. Kanaafuu, waalleen waa hundadha. Qorannoon ammaa kun garuu waallee dubbii qofarratti xiyyeeffata.

Hayyuun Stubbs (1993: 1) immoo maalummaa qaaccessa waallee ilaalchisee haala kanaan ibsa: "*Discourse analysis is also concerned with language in use in social context and in particular with interaction or dialogue between speakers*," jedha. Yaada armaan olii kanarraa wanti hubachuun danda'amu, qaacceessi waallee akka waliigalatti afaan yoomessa hawaasaa keessatti dubbatame tokko kessatti faayidaa maalii akka qabuufi waliin dubbii namoota gidduutti taasifamu keessatti maali akka fakkaatu qaacceessuuf kan gargaaru ta'uusaati.

Hayyuun Yule (2010: 142) yaaduma kana fakkaatu yoo ibsu, "*The word „discourse" is usually defined as language beyond the sentence and so the analysis of discourse is typically concerned with the study of language in texts and conversation,"* jedha. Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amutti jechi waallee jedhu hiikaan isaa afaan himaa oliiti jedha. Kanaafuu, qaacceessi waallee afaan yoomessa tokko keessatti maal akka fakkaatuufi waliin dubbii namoota gidduutti taasifamu xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Akka waliigalaatti, yaada hayyoota armaan olii kanarraa kan hubatamu qaaccessi waallee keessatti yoomessa ilaalchaafi aangoo ilaalcha keessa galchuun barbaachisaa ta'uu isaatu hubatama.

### 2.1.1. Waalleefi Yoomessa

Yoomessa jechuun hawaasni tokko afaan isaatti fayyadamee yeroo gochaalee addaddaa raawwatu haala isaan afaan sana keessatti dubbatan jechuudha. Dhimma kana ilaalchisee hayyuun Schiffrin (1994: 98) haala armaan gadiitiin ibsee jira:

> *Without some imperative stimulus of the moment, there can be no spoken statement. In each case, therefore, utterance and situation are bound upinextricably with each other and the context of situation is indispensable for understanding of the words. Exactly as the reality of spoken or written languages, a word without linguistic context is a mere fragment and stands for nothing by itself, so in the reality of spoken living tongue, the utterance has no meaning except in the context of situation.*

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amuutti, namni tokko yeroo muraasaafillee fedhii isaa malee jecha tokko dubbachuu hinbarbaadu. Dubbiifi haalli keessatti dubbatamu walitti dhufeenya guddaa qabu. Akkasumas, dubbii dubbatame tokko hubachuuf haalli dubbatame baay'ee barbaachisaadha. Barreeffama yookaan haasaa guyyuun taasifamu keessatti

jechi tokko yoomessa xinqooqaa malee yoo dubbatame yookaan barreeffame waan tokko ibsuu akka hindandeenye ibsee jira.
Walumaagalatti, waallee guyyaa guyyaan godhamu keessatti dubbiin tokko yoomessa keessatti dubbatame malee faayidaa akka hinqabne yaada kanarraa hubachuun nidanda'ama.

### 2.1.2. Waalleefi Ilaalcha

Waalleefi illaanyaa (ideology and discourse) ilaalchisuun yaadonni addaddaan ka'anii jiru. Waalleen gama ilaalchaan ilaalamuu akka danda'u lafa kaa'u. Dijk (2004:4) akka ibsutti, "*The discourse dimension of ideologies explains how ideologies influence our daily text and talk, how we understand ideological discourse and how discourse is involved in the production of ideology in society*," jedha.

Yaadni armaan olii kun waalleen gama ilaalclaan ibsamuu akka danda'u agarsiisa. Kunis qixa ilaalchi haasaafi barreeffamoota keenya guyyuu keessatti dhiibbaa uumuu akka danda'anuufi akkamitti waalleen ilaalcha hawaasaa ofkeessatti qabaatee uumamuu akka danda'uun ilaalamuu akka danda'u ibsa. Gabaabumatti, waalleen akkamitti ilaalcha hawaasaatiin ibsamuu akka danda'u kan ibsudha.

Haaluma walfakkaatuun, hayyuun Woofitt (2005: 140) dhimma kana ilaalchisee yaada armaan gadiitiin ibsee jira:

> *The concept of ideology is crucial in CDA. Ideologies are taken to be organized sets of beliefs which mobilize practices and viewpoints which sustain inequalities a cross society. Ideologies thus serve to protect the interests of powerful groups. They perform this function in subtle ways because they inform how we come to interpret the world around us.*

Dabalataanis, Dijk (2004:9) "*One of the crucial social practices influenced by ideologies are language use and discourse. Much of our discourse, especially how we acquire, learn or change ideologies,"* jechuun dubbata. Ibsi kunis immoo fayyadama afaaniifi waallee keessatti ilaalchi dhiibbaa guddaa akka qabu ibsa. Kunis akkaataa yadaa namaa itti fudhatan, namarraa baraniifi jijjiiraniifi murteessan eera.

Jargen (2010:195) immoo gama isaatiin yommuu ibssu,

> *Language ideologies represent the perception of language and discourse that is constructed in the interest of a specific social or cultural group. A*

> *member's notions of what is 'true' normally good or aesthetically pleasing about language and discourse are grouped in social experience*.

Yaadni kunis ilaalchi fayyadama afaanii fedhiifi aadaa hawaasaa garee murtaa'aa tokko keessatti mul'achuu akka danda'u ibsa. Wanti miseensonni garee kanaa 'dhugaadha', 'gaariidha', 'eebbadha' ykn 'abaarsadha' jedhan yaada dhoksaa muuxannoofi jireenya isaanii keessaa jiruun akka ta'e agarsiisa. Kanaaf ilaalchi fayyadama afaanii keessatti wanta namni tokko gaarii, gadhee, eebba, abaarsaafi k.k.kf.jedhee ibsuuf gahee guddaa qabaachuu agarsiisa.

### 2.1.3. Waalleefi Aangoo (Discourse and Power)

Waallee dubbii keessatti aangoofi waallee waliin xiinxaluun barbaachisaadha. Aangoon waallee dubbii keessatti dhiibbaa uumuu nidanda'a. Yaada kana ilaalchisuun Schiffrin, Tannel and Hilton (2001:355) akkas jedhu:

> *Critical theorists and those influenced by them speak for example of discourse power. Analysis of the relation between discourse and power thus, we first find that access of specific forms of discourse e.g. Politics and religion, itself power resources. The bodies of religiously powerful human are frequently thought to carry power.*

Yaadni kunis qaaccessa waallee keessatti waalleefi aangoo walitti fidanii ilaaluun barbaachisaa akka ta'e ibsa. Kunis waallee keessatti aangoon dubbii dubbatamu tokkorratti dhiibbaa gochuu waan danda'uuf jechuudha. Aangoon waallee dubbiis ta'e barreeffamaa yookiin waallee mallattoo tokko keessatti mul'atu immoo hubatamuuf warreen madda aangoo ta'uu danda'an fakkeenyaaf kanneen akka siyaasaa adda baasuun gaarii ta'uu addeessa. Haaluma kanaan, namoonni siyaasa keessatti olaantummaa addaddaa qaban akka aangoo qabanitti of himu jechuudha.

Hayyuun Wooffit (2005:140) yaaduma kana fakkaatu yoo ibsu, "… *the ways in which we talk and write about the world reflect wider ideological pressures and ultimately, particular constellations of power relations. Discourse, then, is the site of power*" jedha. Akka yaada kanatti, akkaataan nuti waa'ee addunyaa naannoo keenyaa itti dubbannuufi barreessinu, ilaalcha keenya irratti dhibbaa uuma. Akkasumas dhumarratti aangoo hawaasni tokko qabu agarsiisa. Kanaafuu, waalleen, aangoo keessattis iddoo guddaa qaba jechuudha

## 2.2. Akaakuu Waallee

Waallee akaakuutti qooduu ilaaalchisee qo'attoonni addaddaa yaada garagaraa kaasu. Waallee akaakuun meeqa akka jiruufi qooduufis ulaagaa irra dhaabatanii qoodan rakisaa ta'uu hayyoonni addaddaa balballoomsanii jiru. Renkema (2009:4) dhimma kana yommuu ibsu,

> *A well-known problem in discourse study is the lack of consensus on criteria that could serve as base for text typology or genre classification due to the embarrassing variety in forms and functions of discourse. Discourse types are linked either to cognitive processes or to communicative functions, which until no one have not been taken into account systematically.*

Yaadni kun waalleen unkaafi tajaajila addaddaan argamuun isaa akaakuutti ramaduuf akkoo ta'uu nuhubachiisa. Akkasumas, adeemsa ilaalcha sammuufi tajaajila afaanii waan ofkeessattqab atuuf sirna irra dhaabannee qoodnu rakkisaa ta'uu nuagarsiisa.

Gama biroon, waallee gosa lama ykn sadiitti kan qoodanis nijiru. Fakkeenyaaf, Adam and Annette (2004:7) akkasitti qooduun ibsu: *"Traditionally, discourse genre has been used to designate different types of literary writing, different form of media professional such as general conversational, storytelling and so on and different ways of acting and organizing networks of social practices.*" Gareen kun waallee barreeffamaa, waallee dubbiifi waallee mallattoo (mallattoolee addaddaa qunnamtii hawaasaa keessatti mul'atanitti) qooduu isaanii argina. Gama biroon, Cook (199:7) waalleen dubbii afaaniin darbuu qofaa osoo hintaane barreeffamas akka dabalatu ibsee jira. Ibsi kun immoo waallee barreeffamaafi waallee dubbiitti qooduu isaa nuhubachiisa.

### 2.2.1. Waallee dubbii/haasaa/ (Oral discourse)

Crystal (1995:89) akka ibsutti waalleen dubbii (oral discourse) kan dubbataan dubbii afaaniin dhaggeeffataa waliin kan yaada isaa waljijjiiru ta'ee, akka isaaf mijatutti yaada isaa qindeessee kan haasa'u qindoomina yaadaafi duraa duubni isaa ergaa dabarsuu irratti kan xiyyeeffatudha. Qorataan qorannoo ammaas akaakuuwwan waallee keessaa waallee dubbii hawaasicha keessatti argamu kanneen babal'ina investimentii yeroo ammaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti gggeeffamaa jiruun walqabatan adda baasuun qaaccessuun ibsee jira. Adeemsa qaaccessuu keessattis wanta dubbatameen alatti hiika jiru, miira dubbataan keessa ta'ee dubbii sana bifa geerarsaan, tabaalliin, mammaaksaan, durduriin, malleen dubbiifi bifa garagaraan dubbatu,

dubbataan maal jechuu akka barbaade qaaccessuun kan ibsu ta’a. Kunis xiinxala gadi fagoo kan gaafatudha. Akka waliigalaatti qorannoon ammaa kunis akaakuu waallee keessaa waallee dubbiirratti kan xiyyeeffatedha.

#### 2.2.1.1. Karaalee waalleen dubbii itti taasifamu

Hawaasni tokko gaddaafi gammachuu, deeggarsaafi mormii akkasumas jibbaafi jaalala isaa afaan isaatiin ibsa. Fayyadamni afaanii kunis, bifa garagaraa qaba. Bifa fayyadama afaanii keessaa muraasni geerarsa, mammaaksa, malleen dubbiifi oduu durii fa’i.

Geerarsi ogafaan uummata Oromoo biratti bal’inaan beekaman keessaa isa tokkodha. Ummanni Oromoos geerarsaan gootummaa ofii, mormiifi deeggarsa qabu, roorroo irra jiru ibsata, Yaada kana cimsuun Finnegan (1977) yeroo ibsitu, “Oral poetry is one type of song. It is a means of expressing feelings,” jetti. Akka ibsa kanaatti geerarsi gosa faarsaa keessaa isa tokkodha. Kunis karaa namni tokko miira isaa ittiin ibsatudha. Kanaafuu, geerarsi mormii qaama tokkorraa qaban ifa baasanii ibsachuuf, gootummaa ofii agarsiisuuf, deeggarsa qabanillee baasanii agarsiisuuf hawaasni kan itti fayyadamu ta’uu hubanna.

Haaluma kanaan, hawaasni Magaalaa Buraayyuu babal’ina investimentiin walqabatee qe’eefi qabeenya isaarraa buqqa’e ilaalcha qabuu, mormiifi deeggarsa qabu, aarii garaasaatii karaalee addaddaan ibsachuu mala. Kunis bifa dubbiin siyaasa bade sirreessuun walitti dhufanii humna godhachuuf, roorroo ibsachuuf, diddaafi cunqursaa irra jiru ibsachuuf gargaara. Karaalee kanneen keessaa afoola kanneen tokko geerarsaadha.

Mammaaksi dame afoolaa keessaa isa tokko. Akka Malkaamuun, Meider (1997) waabeffachuun ibsetti mammaaksi qabeenya ummataa umrii dheeraa qabuufi kan seenaa dhala namaa keessatti labata addaddaarraa walitti qabameedha.  Fedhasaa Taaddasaa (2003:57) kitaabasaa subii jedhu keessatti akka ibsetti mamaaksi akaakuu afoolaa keessaa tokko ta`ee bu`aa bayii jireenya namaa haala uumamaa ta`een kan ibsuudha. Waltajjii hawaasaa irratti dhimma garaagaraatiif fayyada. Fakkeenyaaf, namoonni miira walii kakaasuuf, walceepha`uuf, walgorsuuf, jajjabeessuufi k.k.f mammaaksatti fayyadamu.

Mammaaksi yaadawwan addaddaa hawaasaan bifa gabaabinaan himoota gaggabaaboofi jechoota filatamootti fayyadamuun kan dabarsu ta`uu isaa beektonni kan ibsanidha. Akkasumas, afoolli haala jiruufi jireenya dhaloota darbee kan ibsu daawwitii aadaa seenaafi jireenya qaroominaa

akkasumas guuddina irra jiran kan ittiin xiinxalu, kan gara fuulduraatti dhufu kan ittiin tilmaamnu hambaa afaan saba tokkooti jechuun ni danda`ama.

Mammaaksi yoomessa ofdanda'e qaba: odaa jalattiifi lafa araaratti itti gargaaramu. Kana malees, iddoo cidhaatti, iddoo ayyaana kabajatanitti, yeroo kamiyyuu Birraa, Bona, Arfaasaafi Ganna osoo hin jedhiin bakka barbaachisaa ta'e hundattuu itti fayyadamu**.** Haala kanaan, hawaasni babal'ina inveestimentii Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwatamaa tureefi jiru mammaaksaan haala kamiin ibsata kan jedhu qaacceffamee jira.

Malleen dubbii yookiin dubbiin qolaas waalleen dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuurra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun wal qabsiisuun sammuu dubbataafi dhageeffataa ykn dubbisafi dhaggeeffataa keessatti fakkii akka uumutti dubbiifi baffeeffamaan kan dhiyaatudha. Malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti gahee olaanaa qaba. Kana ilaalchisee Addunyaan (2014:208) irratti yoo ibsu, "Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsu," jedha.

Afaanota hedduu keessa dubbiin qolaa hedduutu jiru. Afaan Oromoos gosoota malleen dubbii hedduu qaba: akkasaa, iddeesa, nameessa, arbeessa, fakkoommii, eemtiifi kkf maqaa dhahuun nidanda'ama.

Akkasaan jechoota 'akka', hamma'fi 'fakkaata' jedhaman gargaaramuun wantoota addaddaa wal bira qabuun madaaluun kan dhiyaatudha. Kunis lubbuqabeessaafi lubbudhabeessa, xiqqaafi guddaa, dheeraafi gabaabaa, furdaafi qal'aafi kkf… walbira qabuun waldorgomsiisuudhaan kan ibsudha. Kana malees, waantota lama walitti fiduudhaan walbira qabee kan addeessudha. Malli kun jechoota 'akka', 'hammaa'fi 'fakkaata' jedhutti fayyadamuudhaan kan ibsudha.

Iddeesaan immoo gosa malleen dubbii amalaafi gochaa wanta tokko akkuma jirutti wanta biroof kennuun kan dhiyaatudha. Kana ilaalchisee Addunyaa (2014:210) akkasitti ibsa: "Iddeesi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta'een wantoota waldorgomsiisa," jedha. Kanarraa wanti hubannu iddeesi hojii waan ykn nama tokkoo isa biroof ykn sirna tokko waan gaarii ykn gadhee tokko gonfachiisuudhaan kan ibsudha. Kana malees, ciminaafi dadhabina waan tokkoo ibsuuf lubbuqabeessaafi lubbudhabeessatti fayyadamuudhaan guutummaatti, dhibaa dhibbatti amala waan tokkoo isa biroo gonfachiisuudhaan kan ibsudha. Kanaafuu, dubbiin qolaa kun kallattiin iddoo waan tokko isa biroo buusuudhaan kan ibsamudha.

Gama biraatiin, nameessi gochaa dhalli namaa raawwatuufi amala dhalli namaa calaqqisiisu wantoota biroof kennuun kan ibsudha. Kunis gochawwan dhalli namaa raawwachuu danda'an, amalaafi dandeettii dhala namaa lubbuqabeessafi lubudhabeessa biroon ibsuuf gargaara .Kunis gocha waan tokkoo lubbuu itti horuudhaan ibsuun akka danda'amudha. Akkasumas, nameessi hojmaata tokkoof foolii namaa kennuun miidhaksuun kan ibsamudha.

Arbeessuun immoo jechoota waan tokko garmalee ol kaasuun ykn gad buusuun dhiyeessuudha. Yaada kana Addunyaa (2014:214) yoo ibsu. "Wanta tokko guddisanii hamma arbaa, xinneessanii immoo hanga huubaa taasisuudha," jedha. Malli kun hojii waan tokkoo jajuuf ykn tuffachuuf kan itti gargaaramnudha. Kunis dhugaa xiqqoo jiru qabatee kan itti dabalu yookiin gurra guddisudha. Karaa biraa gaarummaa yookiin gadhummaa waan tokkoo itti dabaluun ibsuu jechuudha. Haaluma kanaan, qorannoon kun Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal'ina investimentii ilaalchisee hawasni miira isaa akkamiin olkaasee yookiin gadibuusee akka ibsu xiinxaluun niqaacceffama.

Fakkoomiin mallattoonis haa ta'u jechaan wanti ibsamu tokko wanta inni bakka bu'u ykn mul'isuun ibsudha.Kunis waanti ibsamu sun ykn mallattoon agarsiifamu waanta inni waliin walitti firoomu jechuudha. Kana malees, mallattoon sun hiika haalaa waliin qabaatu ykn duudhaa faana kiikamu ta'uu nidanda'a.

Eemtiin dubbii qolaa keessaa tokko ta'ee kan wantoonni faallaan lama akka walfaana dubbataman/ dubbifaman taasisuun itti fayyadamudha . Yaada kana ilaalchisee Addunyaan (2014:212) yoo ibsu, "Eemtiin akkka wantoonni faallaan lama walfaana dubbifanman taasisuun itti fayyadamuudha," jedha. Kunis yaada irra keessa soba fakkaatee dhugaa of keessaa qabudha. Kana jechuun gochaa tokko faana wanti walfaallessu yoo jiraate ittiin ibsuuf gargaara. Kunis irra keessaan yookiin gubbaan yommuu ilaalan soba waan fakkaatuuf xiinxala gadi fageenyaan garuu dhugaa ta'uu bira gahuu kan barbaadudha. Malli kun eemtiin deebii 'eyyee'fi 'miti'jedhu of keessaa qaba. Kun immoo waanti tokko gama lamaan akka ilaalamuuf carraa bana.

Habalakni akaakuu malleen dubbii wanti tokko wanta faallaa isaan ibsamudha. Yaada kana ilaalchisee Addunyaa (2014:213) habalakni tooftaa ittiin faallaa isaatiin ibsamuu ta'uu ibsee jira. Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti hawaasichi bifa faallaatti fayyadamee gochaawwan investimentii Bulchiinsaa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal'ate akkamiin akka ibsutu qaacceffama.

Bifuma walfakkaatuun, durduriinis karaalee walleen dubbii ittiin taasifamu keessaa isa tokkodha. Durduriin akaakuuwwan gurguddoo raagoo (ogafaanii) keessaa isa tokkodha. Dhalootaa gara dhalootaatti afaaniin daddarbaa kan dhufedhas. Durduriin kan nama bashannansiisuufi kofalchiisu qofa osoo hintaane namoonni naannoon isaanii maal akka fakkaatu, walitti dhufeenyi hariiroofi sirni bulchiinsaa maal akka fakkaatuufi kanneen kana fakkaatan durduriitti fayyadamuun yaada isaanii ibsatu.

Dhimma kana ilaalchise Couralandus (1955:3) akka ibsetti, "*Man has tales that explains natural phenomena, tribal practices and taboos, cultural or political institutions. He has stories and fables that reflect the nature of man and his strength and weakness, tales of adventures, courage, disasters and love*," jedha. Yaada armaan oliirraas wanti hubatamu dhalli namaa naannoo isaa kan ittiin ibsatu, muuxannoo jiruufi jireenyaa isaa kan ittiin eerratu, waa'ee dhaabbata siyaasaa keessatti argamuu, ciminaafi dadhabina jiru jaalalaafi jibba mul'atu, hammeenyaafi gaarummaa calaqqisuufi kkf…durduriitti fayyadamee kan ibsatu ta'uutu hubatama. Haaluma kanaan, qorannoo ammaa kana keessatti hawaasichi durduriitti fayyadamee gochaawwan investimentii Bulchiinsaa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal'ataa jiru akkamiin akka ibsutu qaacceffama.

### 2.2.2. Waallee Barreeffamaa

Waalleen barreeffamaa kan bifa barreeffamaan yaada sammuu keessa jiru karaa addaddaa ittiin ibsataniifi dubbisaan, qunnamtii barreesaa malee hiika yookiin ergaa barreeffamichaan dhiyaatu dubbisuun kan bira ga'amudha. Qindoomina yaadaafi caasaa eegee kan dhiyaatu, yoomessi dubbisaafi barreessaa addadda ta'uu kan danda'udha.

Waalleen barreeffamaa bifa barruulee addaddaa kanneen akka walaloofi barruulee addaddaan rakkoo, gadda, gammachuu, dhaadannoo, injifannoofi.k.k.f.bifa ibsuu danda'uun kan gaggeffamu jechuudha. Yaada kana Stubls (1983:1) balballoomsuun yoo ibsu, *"Discource analysis is the study of the organization of language above the sentence or above the clause," jedha.* Akka waraabbii kanaatti balballoomsi haasbarruu qindoomina afaanii ciroo ykn himaa ol jiru kan afaan (dubbiifi barreeffamaan darban) qorata kan jedhudha.Kana malees, balballoomsi haasbarruu faayidaa afaan galumsa hawaasaa keessatti qabu, walqunnamtii afaanii barreessaa fi dubbisaa gidduutti raawwatu kan sakatta'u ta'uu hayyuun kun nidubbata.

### 2.2.3. Waallee Mallattoo

Mallattoo jechuun waan tokko waan biraan bakka bu'uu jechuudha.Waanti tokko mallattoo ta'uuf unka irra dedeebbiin mul'achuu danda'uufi tilmaamamuu danda'uu, fakkoomiin hiikamuu, ijaarama ibsuu danda'uusaa irraa qindaa'uu qaba.Mallattoon waamara: halluu, sochii qaamaa, libsuu ijaa, waantota, hima herregaafi k.k.f. ofiin ala waan tokko kan bakka bu'an mara. Fakkeenyaaf, halluu"diimaa"yoo fudhanne mallattoodha.Garuu jecha sana keessa qubeen jiran (d-ii-m-aa) haala sagaleessuu sana waliin kan wal hinqabanne hiika garaagaraa qabaachuu danda'a. Kunis diimaan halluu tiraafikaa–hiika dhaabbadhu, balaan simudata jedhu qabuufi diimaan bilchaataa ta'uufi hiika kanaa olii qaba. Mallattoon bu'uurumaan waan ta'e (jechoota, suuraa, waantotaafi .k.k.f), waan biraa bakka bu'u agarsiisa.

Dandeettiin dhala namaafi jireenya hawaasummaa mallattoolee uumuufi fayyadamuu irratti bu'uureffata.Yeroo sochii qaamaa taasifnu haasofnu, barreessinu dubbisnu, qophiilee TV daawwannu, sirboota garaagaraa dhaggeeffannu, suura daawwannu mallattooleetti fayyadamuufi hiikuurratti fuulleffanna.Ga'een jalqabaa hayyoota xinmallattoo mallattoolee adda baasuu, galmeessuu, akaakuutti qooduufi akkamitti akka bakka bu'an ibsuudha, (Marcel Danesi, 2004:156).

Gabaabumatti, xinmallattoon saayinsii hiika mallattoolee ibsu yommuu ta'u, akka yaaxina hiikti mallattoolee akkaataa itti argamuufi madduu danda'utti ilaalama. Mallattooleen shuwwisni sagalee baala biqiltootaa, halluu biqiltootaafi k.k.f.hundi mallattoolee uumamaati. Kunis akkuma mallattoolee bineensonni haalota isaan mudatuuf qaamaanis ta'e miiraa (currisaan) deebisan marti mallattooleen kanneen waliigalteen uumaman irraa madda. Warreen waliigalteen uumaman jechuunis namaan itti yaadamanii kan uumamanidha. Kunis, kanneen akka sochii qaamaa, mallattoo qaqqabaman, jechootaafi k.k.f. hammata.

## 2.3. Malleenya Qaaccessaa Waallee (Approaches to Discourse Analysis)

Yaada dhiphaa ta'een qaaccessa waallee jechuun fayyadama afaanii sakatta'uun qaaccessuu jechuu fakkaata. Akkasumas, qaaccessi waallee unkaa xinqooqaa garagaraan kan walqabatudha. Dhimma kana ilaalchisee Failclough (2003:112) yoo ibsu, "…*discourse analysis is concerned with different linguistic forms or realizations, and their distributions across different types of texts to constitute to cultural and social dynamics. This indicates that analysis of discourse*

*begins with the description of textual features,*” jedha. Kunis kan inni agarsiisu waallee qaaccessuun amaloota xinqooqaa ibsuudhaan kan eegalu ta’uu akka qabu agarsiisa.

Yaaduma wal fakkaatuun, Blommaert (2005, p. 14) yoo ibsu, “*In analyzing language in-use, the focus should be on what language use means to its users, what language does for them, and what the users do with their language,*” jedha. Yaadni kunis waallee qaaccessuu jechuun fayyadama afaaniirratti xiyyeeffachuudha jedha. Kana malees, fayyadamni afaaniifi akaakuun dalagaa raawwatamaa jiruu walsimata. Yaada kana ilaalchisee Halliday (1994) and Fairclough (1992:58) yoo ibsan, “*The types of activities and the language used in relation to the activities constitute each other. In a given context, activities inspire the use of language in a certain way, and language stimulates certain types of activities to be accomplished,*” jedhu. Kanarraa wanti hubannu fayyadamni afaanii hanguma dalagaa ittiin raawwannu ga’a jechuudha.

Gama biraatiin, qaaccessa waallee bal’isnee ilaaluu dandeenya. Waallee qaaccessuu jechuun fayyadama afaanii qaaccessuu ol akka ta’e barruun addaddaa nibalballoomsu. Dhimma kana ilaalchisee barreeffamoonni addaddaa akkas jedhu: “*Discourse analysis is seen as an interdisciplinary and problem-oriented approach that enables analysts to use information from different sources to solve language related social problems such as power abuse, dominance and inequalities,* (Weiss and Wodak, 2005; Van Daijk, 2006; Baker et al., 2008 and Rahimi and Riasati, 2011). Akka waliigalaatti, waalleen mallenyaa addaddaan qaacceffamuu nidanda’a.

### 2.3.1. Waallee Akka Dalagaalee Guyyuu Hawaasaatti (Discourse as Social Practices)

Maleenya qaaccessa waallee keessaa tokko waallee akka taateewwan guyyuu hawaasatti kan jedhuudha. Kana jechuun haalli fayyadama afaanii yookaan waallee tokkoo kan ilaalamu karaa hojii hawaasatiin malee karaa hojii dhunfaa nama tokkootiin miti jechuudha. Yaada kana ilaalchisee, Faircluough (1992:63) yoo ibsu “*Discourse use as form of social practice, rather than a purely individual activity of a flex of situational variable*,” jedha. Ibsi kun kan inni agarsiisu, fayyadama waallee hojii nama dhuunfaa caalaa sochii hawaasaatiin kan ibsamu ta’uu isaa agarsiisa; taateewwan hawaasni gareen jiruufi jireenya isaa keessatti calaqisiisu ilaaluu ta’a.

Dabalataanis, Fairclough (1992:94) yoo ibsu, “*Critical approaches to discourse analysis in the sense that set out to make visible through analysis and criticize connections between properties of text and social practice and relations (ideologies, power relations) which are generally not*

*obvious*,” jedha. Yaadni kunis waalleen ifa bahee mul’achuu kan danda’u afaan suniifi muuxannoon yookiin birqabni kanneen akka ilaalchaafi aangoo fa’a waliin wal bira qabamee yoo ilaalame akka ta’e hubachiisa. Kanaafuu, waallee qaaccessuufis afaaniifi birqabni hawaasaa haala sana keessaa ilaalamuu akka danda’amu nu hubachiisa. Qorannoo ammaa keessattis qaaccessa waallee dubbii investimentii keessatti qoratichi yaada maleenya kanaa akka utubaa tokkootti qabachuudhaan qorannoo isaa keessatti bal’inaan itti fayyadamee jira.

### 2.3.2. Waallee Akka Hubannoo Hawaasaatti (Discourse as Socio-Cognitive Process)

Malleenya qaaccessa waallee haala hubannoo hawaasaatiin ilaaluun nidanda’ama. Yaada kana ilaalchisee, Brinto (2001: 401) Dijk (1998) wabeeffachuun yommuu ibsu, “*These believes are organized as attitudes, which are generalized and abstract nature and are determined by their organization in society relevant categories of the group that is being evaluated (e.g. National, socio-economic status, socio-caltural, norms and values including region and language,*) jedha. Kunis kan agarsiisu waalleen haala hubannoo hawaasa tokko keessa jiru, kanneen akka gama dinagdee, lammummaa, hawaasummaa, afaaniifi amantaan jiran waliin walqabsiifamee ilaalamuu akka danda’u hubachiisa. Kanaafuu, waallee lallabaa hubannoo hawaasaa bakka sanaa waliin walqabsiifamuun qaaccessuun akka danda’amu hubachiisa.

Haaluma walfakkaatuun, Wodak and Meyer (2001:2), Harbermas (1977:259) wabeeffachuun yommuu ibsan, “ *Crirical discourse analysis aims to invesigate critically social inequality as it is expressed, signaled, constituted and so on by language in use*,” jedhu. Akka ibsa armaan oliitti qaaccessa waallee gad fageenya jechuun hariiroo hawaasa gidduu jiru kanneen akka wantoota addadddaa keessatti beekaman kan akka aangoo, haala fayyadama afaanii hojiirra oolchan kan ilaallatudha.

### 2.3.3. Maleenya Yaaxina Garagaraa (Varation Theory)

Maleenyaan kun haala waalleen tokko itti dhihaatu keessaa isa birooti. Yaaxinni kun irra caalaa waallee barreeffamaa giddugaleessa godhata. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan, barreeffama keessatti wanta barreeffame tokko karaa xinhawaasanis ta’e xinqooqa keessatti kan wanta dubbatame yookaan wanta barreeffame tokko wajjiin walfakkaatu barbaadurratti kan xiyyeeffatudha.

Yaada kana ilaalchisee Schiffrin (1994:130) yoo ibsu, *"Variationists try to discover patterns in the distribution of alternative ways of saying the same thing*," jedha. Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amutti namoonni yaaxina kanaan waallee qaacceessuurratti hirmaatan yaada yookiin dubbii tokko karaa garagaraatiin dubbachuu akka danda'amu fakkeenya uumuudhaan filannoo addaddaa dhiheessu. Kanaafuu, yaaxinni kun kallattii addaddaatiin xinxaluudhaan waallee balballoomsa.

### 2.3.4 Maleenya Qabatamaa (Pragmatics)

Maleenyi qabatamaaa maleenyaalee qaaccessa waallee keessa isa birootiifi isa bal'aadha. Maleenyi kun yaadirmeewwan lamarratti xiyyeeffachuun qo'ata: yoomessafi walqunnamtiiidha. Kana jechuunis walqunnamtii godhamu keessatti jechi tokko mallattoo maalii akka bakka bu'uufi hiika akkamii akka qabu ilaala.

Dhimma kana ilaalchisee hayyuun Schiffrin (1994: 194) yommuu ibsu, "*…pragmatics is the study of the relation of sign to interpreters.*" Akka yaada kanaatti maleenyaan qabatamaan kun yoomessa dhugaa keessatti hiika mallattoon tokko qabu nama isa fayyadame sana wajjiin walbira qabee kan qo'atuudha. Haaluma kanaan namni qorannoo tokko irratti hirmaatu, yaaxxina kaayyoo qorannoo isaa waliin deemu yoo filate milkaa'ina qorannoo isaaf barbaachisaadha jedha. Akka maleenya kanaatti, qorataan tokko walitti dhufeenya mallattoofi nama mallattoo sanatti fayyadamu gidduu jiru bu'ura godhachuun kan xiinxaluudha.

### 2.3.5 Maleenya Qaaccessa Waallee Gadi Fageenyaan (Critical Discourse Analysis)

Qaaccessa waallee gadi fageenyaa yoo jennu aadaa hawaasa tokkoo keessatti faayidaa afaan yoomessa dubbatame keessatti qabu gadi fageenyaan kan xiinxaalu jechuudha. Hayyoonni addaddaa sakatta'a qaaccessa ogbarruu karaalee addaddaatiin hiika garagaraa itti kennaa turaniiru. Wodak and Meyer (2001 :2) irratti Habermas (1977:259) waabeffachuun yoo ibsan,

> *Critical Discourse Analysis may be defined as fundamentally concerned with analyzing opaque as well as transparent structural relationships of dominance, discrimination, power and control as manifested in language. In other words, CDA aims to investigate critically social inequality as it is expressed, signaled, constituted, legitimized and so on by language use (or in discourse).*

Akka yaada armaan oliitti qaaccessa waallee gadi fageenyaa jechuun hariiroo hawaasa giddu jiru kanneen akka wantoota aadaa sana keessatti beekaman, aangoo, haala itti fayyadamiinsa aangoo, halli itti walyakkaniifi kan kana fakkaataan akkamitti afaanitti fayyadamanii hojii irraa akkamitti akka oolchan kan qo'atuudha.

Karaa biraatiin, gadi fageenyaan qaaccessi waallee kan kaayyeffameef, hawaasni afaan sanatti fayyadamu akamitti walqixummaa isaanii akka kabajan, seeraafi heera isaanii seera qabeessa akkamitti akka taasisan kan sakatta'uudha. Kanaafuu, gadi fageenyaan qaaccessi waallee aadaa hawaasa tokkoo keessatti waallee hawaasa sanaa kallattiiwwan addaddaatiin gadi fageenyaan qaaccessuudhaaf kan gargaaruudha.

Walumaagalatti, namni qorannoo tokko gaggeessuudhaaf jedhu yaaxinni itti gargaaramee qorannoo sana gaggeessu murteessaadha. Kana jechuun qorataan yaaxina kaayyoo qorannoo isaa wajjiin deemu filata.

## 2.4 Tarsiimoowwan Waallee

Jechi *tarsiimoo* jedhu bara durii saayinsii waraanaa keessatti kan faayidaa irra oolaa ture yommuu ta'u innis tarkaanfii raayyaa waraanaan fudhatamu qindeessuun galma kaa'ame tokko bira ga'uuf kan itti fayyadamanidha. Kana malees, jechi kun bulchiinsa daldalaafi hoggansaa gaggeeffamu keessatti tarkaanfii fudhachuufi murtii kennuuf dhimma kan itti ba'amudha. Dhimma kana ilaalchisee Vaara et al (2010) yoo ibsan, "*The word 'strategy' is extensively used in Management and Business Administration where goal-oriented actions and decision are made..,*" jedhu.

Yeroo ammaa kanas jecha *tarsiimoo* jedhu qorattoonni xinqooqaa (linguists), xiinhawaasaa, qorattoonni sanyabsaafi kanneen kana fakkaatan waa'ee afaanii, aadaa, hawaasaa gadi fageenyaan qorachuuf dhimma itti bahu. Dhimma kana ilaalchisee Wodak and Raisgl (2001:45) yoo ibsan, " *Recently, the word 'strategy' is used by linguists, ethnographers, sociologists, etc. in the critical study of language, culture and society to uncover the assumptions in both textual and non-textual actions and interactions…*," jedhu. Haala akkanaa keessatti tarsiimoon akka karooraa yookiin duraaduuba waan tokko ittiin rawwataniitti ilaalama.

Tarsiimoon waallee waalqunnamtii yookiin walitti dhufeenya namoota gidduutti taasifamuuf taarsiimoo hojiirra ooludha. Bifuma walfakkaatuu, Walker (1994:92) yoo ibsu, "*A discourse strategy can generally be defined as a strategy for communication between or among people,"*

jedha. Yaada armaan olii kanarraas wanti hubatamu tarsiimoon waallee tarsiimoo walqunnamtii yookiin walitti dhufeenyaa namoota gidduutti raawwatamu keessatti tarsiimoo itti dhimma ba'amu ta'uusaati. Tarsiimoon kunis walitti dhufeenya namootaa bakka addaddaatti taasifamu keessatti dhimma itti ba'ama. Fakkeenyaaf, bakka daldalaatti, bakka walgahiitti, adeemsa baruu-barsiisuu keessatti, hojii mootummaa keessattiifi bakkeewwan kanneen kana fakkaatan ta'uu nimala.

Addunyaan (2017) waraqaa qorannoo isaa digirii sadaffaa ittiin guuttachuuf gaggeesse keesstti Van Dijk (1997) wabeeffachuun yaaduma kana fakkaatu yoo ibsu, "*Strategy is both textual and cognitive through which people organize and give meaning for their experiences. Van Dijk indicated that linguistic strategy organizes textual features and their meanings, whereas, cognitive strategy focuses on the underlying beliefs and knowledge that frame socio-cultural practices of a given community*," jedha. Yaadni kun immoo kan agarsiisu tarsiimoon waan barreeffaan jiruufi kan sammuu keessa jiru ta'ee kan namoonni muuxannoo qindeessuudhaan hiika itti kennanidha. Tarsiimoon xinqooqaa hiikaafi amaloota barreeffamaan jiran kan qindeessu yommuu ta'u tarsiimoon sammuu keessaa garuu amantaafi beekumsa aadaa hawaasaa tokkoo kan ilaallatudha.

Qorannoo ammaa kana keessatti tarsiimoowwan waallee investimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti hojii investimentii gufachiisuufis ta'e milkeessuuf dhimma itti ba'amantu ilaalaman. Kana keessatti tarsiimoowwan waallee bifa ogafaaniin ibsaman kamfaatti akka dhimma ba'an bal'inaan ilaalama. Akka waliigalaatti tarsiimoon waallee gulantaa lamatti ilaalamuu danda'u. Isaanis, tarsiimoo waallee gulantaa guguddaafi tarsiimoo waallee gulantaa xixiqqaa (macro level and micro level strategy) dha.

### 2.4.1. Tarsiimoo Guguddaa (Macro-level Strategy)

Tarsiimoon guguddaa warri ta'an muuxannoo gareen hawaasaa qabu tokko ijaaruu yookiin diiguu keessatti kanneen faayidaa qabanidha. Namoonni addaddaa waallee qoratan tarsiimoo waallee gurguddaa ta'an haala qabatamaa hawaas-aadaatti adda baasuun itti fayyadamu. Wodak et al (2009:56) yaada mataduree kanaa yoo ibsu, "*Constructive, perpetuation, justification, destructive, etc. as macro-strategies used in the discursive construction*…," jedha. Kunis kan agarsiisu tarsiimoo waa ittiin ijaaruu, itti fufsiisuu, yaada dhiyeessuu, diignuufi kanneen kana fakkaatan tarsiimoo waallee kanneen gulantaa gurguddaa ta'an jalatti ramadamanidha.

Tarsiimoon ijaarsaa tokkummaa cimsuun, itti firoomuun, eenyummessuun yaada biyyoolessummaa uumuuf yaala. Tarsiimoon diiguu garuu eenyummaa biyyoolessummaa

diiguuf kan kaayyeffatudha. Tarsiimoo diigumsaa ilaalchisee Blackledge (2005) yoo ibsu, "*In most cases, destructive strategy is used by dominant group to systematically dismantle parts of the existing norms to show formal change without bringing new model that substitute the older one*," jedha. Yaadni armaan olii kan agarsiisu tarsiimoon diigumsaa kan gareen olaantummaa qabu tokko itti fayyadamu ta'ee duudhaa amma jiru tooftaan cicciruun utuu kan duraan ture kan biroon bakka hinbuusiin jijjiirama idilaawaa kanneen agarsiisan ta'uu ibsa.

Qorannoo ammaa kana keessatti hojii investimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti gaggeeffamaa jiruun walqabatee tarsiimoowwan waallee gurguddaa diigumsaafis ta'e ijaarsaf hojiirra oolaa jiran maal akka ta'antu aadda bahee jira.

### 2.4.2. Tarsiimoo Xixiqqaa (Micro-discursive Strategies)

Tarsiimoo waallee xixiqqaa warri ta'an immoo kanneen akeektota/agarsiistota waan tokko ta'an, waa tilmaamuuf/raaguuf dhimma itti ba'amu, akkasumas ittiin mormuufi dhimmoota kanneen kana fakkaataniif itti dhimma ba'amudha. Yaada kana ilaalchisee Wodak and Reisgl (2001:115) yoo ibsaan, *"... micro-strategies include referential, predication, perspectives, argumentation, etc.*" jedhu. Tarsiimoo waallee kana keessatti jecchoota kanneen akka walqabsiistota hirkatoo ta'an (ta'ullee, booda, yoo...) walqabsiistota of danda'oo) kanneen akka fi, garuu…), gaaleewwan durduubee (hundaa ol, kana cinaatti..) fi kanneen kana fakkaatantu dhimma itti ba'ama.

Qorannoo ammaa kanaa keessatti taarsiimoowwan kunniin hojii investimentii yeroo ammaa bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal'achaa jiru gufachiisuufis ta'e milkeessuuf dhimma itti ba'amaa jiran maalfaa akka ta'an kan ilaallatudha. Haaluma kanaan, tarsiimoowwan waallee warri gurguddoo ta'an kanneen akka mammaaksaa, geerarsaa, malleen dubbii, durduriifi kkf adda ba'anii jiru. Kana malees, tarsiimoowwan waallee warri xixiqqaa ta'an caaccuulee xinqooqaa kanneen akka bamaqaalee irra deddeebiin itti fayyadamuun yaada ofii ibsachuu adda ba'anii jiru.

## 2.5. Yaadrimee Investimentii

Yaadrimee investimentii jechoota muraasaan yookiin yaada muraasaan hiikuun lafa kaa'uun rakkisaadha. Yaadrimeen isaa bal'aadhaa jechuudha. Investimentiin fandii yookiin maallaqa tokko baasuun maallaqa biroo argachuurratti kan kaayyeffatudha. Dhimma kana ilaalchisee Fischer (2008: 2) yoo ibsu,

> *Investment is the commitment of funds, which have been saved from current consumption with the hope that some benefits will be received in future. Thus, it is a*

*reward for waiting for money. Savings of the people are invested in assets depending on their risk and return demands. Investment is a commitment of funds made in the expectations of some favourable rate of return. If the investment exercise is properly undertaken, the return will be corresponding with the risk the investor assumes.*

Yaadni armaan olii kunis kan agarsiisu investimentiin fandii ykn maallaqa baasii gochuun gara fuulduraatti bu'aa olaanu argachuuf abdii godhachuun kan gaggeeffamudha. Haaluma kana fakkaatuun, Kothari (2013: 476) investimentii haala armaan gadiin ibsee jira:

> *Investment is an acquisition of a financial product or other item of value with an anticipation of favourable future returns. Investing is a serious subject that can have a major impact on investors' future well-being. Investors have series of investment avenues and each of them differ in terms of risk, return, safety, security, regular income and various other parameters. The investor has to choose proper investment avenue, depending upon his specific need, risk preference and expected returns.*

Yaadni kunis investimentiin investarootaan faayinaansiin irratti bahee galii biroof abdiin kan irratti taasifamu yommuu ta'u adeemsa kana keessatti galiin dabalataa kan irraa argamuufi dinagdee kan guddisu, jireenya gara fuulduraa kan fooyyessu ta'uu agarsiisa. Akka waliigalaatti, investimentiin kaappitaala dhuunfaa kan dabalu, dinagdee guddisu, hoji dhabdummaa hir'isuun jireenya nama dhuunfaas ta'e biyyaa kan fooyyessu ta'uu hubachuun nidanda'ama.

### 2.5.1. Faayidaa Investimentii

Biyya tokko keessatti yookiin magaalaa tokko keessatti investimentiin yoo babal'ate faayidaa hedduu akka qabu hayyoonni addaddaa nidubbatu. Dhimma kana ilaalchisee Bakari&Sayef (2016:16) yoo ibsan, *"Investment is one of the most important economic processes that countries attach great importance to as one of the most important components of the economic growth of the country and the main engine of the economic cycle,"* jedha. Yaadni kunis kan agarsiisu investimentiin guddina dinagdee biyya tokkoof barbaachisaa akka ta'eefi motora guddaa guudina dinagdee biyyaa tokkoo ta'uusaati.

Bifuma kana fakkaatuun, Grier, K. and G. Tullock (1989:25) faayidaa investimentii haala kanaan ibsanii jiru: "*Domestic investment has a relationship with various economic variables, which made countries seek to guide the investment decision and create the appropriate climate for economic development and maximizing wealth,"* jedhu. Yaadni armaan olii kun kan agarsiisu

investimentiin biyya tokkoo guddina dinagdee biyyaa waliin walitti hidhata kan qabu waan ta'eef biyyoonni hedduun investimentiif deeggarsaa kan godhan ta'uu ibsa. Akkasumas, investimentiin guddinaa dinagdee biyyaatiif qilleensa/haala mijataa kan uumu, badhaadhina biyyaa kan saffisiisu ta'uu agarsiisaa. Kanaafuu, babal'inni investimentii tajaajila hawaasummaa kanneen akka tajaajila fayyaa, barnootaa akkasumas bu'uuraalee misoomaa kanneen akka daandii, ibsaa, bishaaniifi kanneen kana fakkaatan akka guutamaniif tumsa mataa isaatii qaba. Kun immoo jireenya nama dhuunfaatu fooyya'a; akka waliigalaatti immoo dinagdee biyyaatu guddata jechuudha.

## 2.5.2. Labsii Investimentii

### 2.5.2.1. Labsii Investimentii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Labsiin bulchiinsa investimentii Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiidhaan murteessuudhaaf kan bahe bara 2000tti yommuu Lakk. 138/2000 jedhamees beekama. Labsii kanaanis gurmaa'insi bulchiinsaa inveestimentii naannichaa duraan ture irra deebi'ee akka fooyya'u ta'ee jira.

Haaluma kanaan, Boordii Investimentii, Komishinii Investimentii, Koree Investimentii sadarkaa godinaa/ bulchiinsa magaalaafi koree investimentii sadarkaa aanaa jedhamanii bifa haaraan akka gurmaa'an labsicha keessatti ibsamee jira.

Akka labsichaatti boordiin/ koreen sadarkaa addaddaarra jiran kunnniin gahee mataa isaanii kan qabanidha.  Fakkeenyaaf, gahee koree boordii investimentiifi koree investimentii sadarkaa bulchiinsa magaalaatti argamu keessaa inni tokko beenyaan lafa investimentiif fudhatamuu akkaataa seeraatiin akka kaffalamu hordoffii taasisuun niraawwachiisa; akkasumas, lafa investimentii qophaa'eef bu'uurri misoomaa kanneen akka daandii, ibsaa, bishaan…dursee akka galu nitaasisa jedha. Kun immoo hawaasni naannawa investimentiin itti babal'ataa jirutti argaman bu'uura misoomaa kanarraa akka fayyadamu taasisa.

Kana malees, haala labsii kanaatiin koreen kun namoota sababa investimentiitiin lafaafi qabeenya isaanii irraa buqqa'an haala itti deebi'anii ijaaraman nimijeessa jedha. Karaa biraatiin, hojii investimentii tokko naannawa itti gaggeeffamaa jirutti aadaa, afaan, duudhaafi safuu hawaasa sanaa kan jajjabeessuufi kabaju ta'uu akka qabu labsicha keessatti eeramee jira. Koreen sadarkaan jirus hojiirra oolmaa isaatiif olaantummaan hordoffii nitaasisa jedha.

### 2.5.2.2. Labsii Investimentii Mootummaa Federaalaa

Labsiin bulchiinsa investimentii Mootummaa Federaalaa irra deebiin bahe Lakk. 269/2004 jedhamee kan beekamu yommuu ta'u kaayyoon isaa inni guddaan misooma dinagdee biyyaa saffisiisuufi sadarkaa jireenyaa ummataa fooyyessuuf investimentii jajjabeessuu kan jedhudha. Akka labsii kana Kutaa Lama jalatti ibsametti ummanni biyyattii bu'aa investimentiirraa walqixa fayyadamaa ta'a. Akkasumas, sirni hoggansaafi bulchiinsa investimentii si'ataafi iftoomina kan qabu ta'a jedha.

Akka waliigalaatti, kaayyoon labsicha irra deebiin fooyyessuun baasuu kanneen gurguddoo ta'an misooma dinagdee biyyaa saffisiisuu, qabeenya uumamaa biyyittiin qabdu faayidaarra oolchuu, carraa hojii babal'isuun hiyyummaa xiqqeessuu fa'i.

Gama biraatiin, akka labsii kanaatti abbaan qabeenyaa biyya keessaa hayyama investimentii argachuuf yoo gaafate dafee akka keessummaa'uu qabuufi deddeebi'uu akka hinqabne lafa kaa'ee jira. Labsicha keessatti hojiin investimentii gaggeeffamu tokko dhiibbaa inni naannawa sanarraan gahuu malu dursee qoratamuu akka qabu ibsamee jira.

## 2.6. Yaaxina Qorannoo Waallee

Qorannoo tokko gaggeessuudhaaf yaaxina qorannoo sana deeggaru bu'ureffachuun murteessaadha. Yaaxinni adeemsa ogbarruun tokko ittiin xiinxalamu yommuu ta'u, faayidaa ogbarruu, walitti dhufeenya barreessaafi barreeffamichaa, dubbisaa, hawaasaa, seenaafi afaan ittiin barreeffamee kan calaqqisiisuudha.

Qorannoo waallee gaggeessuu ilaalchisee akkaataan qorannoo waallee itti gaggeeffamurratti hayyoonni yaada walfakkaataa hinqaban. Kunis kan inni agarsiisu, waalleen yaada walxaaa ta'e of keessaa qabaachuu isaati. Gareen tokko waallee akka dalagaalee guyyuu hawaasaatti iinalamuu akka qqbu lafa kaa'u. Fakkeenyaaf, Faircluough (1992:63) yoo ibsu, "*Discourse use as form of social practice, rather than a purely individual activity of a flex of situational variable*," jedha. Yaaxinni kun kan inni agarsiisu, fayyadama waallee hojii nama dhuunfaa caalaa sochii hawaasaa guyyuun taasifamuun kan ibsamu ta'uu isaa agarsiisa; taateewwan hawaasni gareen jiruufi jireenya isaa keessatti calaqisiisu ilaaluu ta'a.

Gama biraatiin, yaaxinni waallee akka hubannoo hawaasaatti xiinxalus nijira. Fakkeenyaaf, Brinto (2001: 401) Dijk (1998) wabeeffachuun yommuu ibsu, "*These believes are organized as*

*attitudes, which are generalized and abstract nature and are determined by their organization in society relevant categories of the group that is being evaluated (e.g. National, socio-economic status, socio-caltural, norms and values including region and language,*) jedha. Kunis kan agarsiisu waalleen haala hubannoo hawaasa tokko keessa jiru, kanneen akka gama dinagdee, lammummaa, hawaasummaa, afaaniifi amantaan jiran waliin walqabsiifamee ilaalamuu akka danda'u hubachiisa. Kanaafuu, waallee lallabaa hubannoo hawaasaa bakka sanaa waliin walqabsiifamuun qaaccessuun akka danda'amu hubachiisa.

Yaaxinni biroonis, waallee yaaxina garagaraatti faayyadamuun qaaccessuu kanneen jedhanis nijiru. Fakkeenyaaf, Schiffrin (1994:130) yoo ibsu, *"Variationists try to discover patterns in the distribution of alternative ways of saying the same thing*," jedha. Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amutti namoonni yaaxina kanaan waallee qaacceessuurratti hirmaatan yaada yookiin dubbii tokko karaa garagaraatiin dubbachuu akka danda'amu fakkeenya uumuudhaan filannoo addaddaa dhiheessu. Kanaafuu, yaaxinni kun kallattii addaddaatiin xinxaluudhaan waallee balballoomsa.

Kana malees, Wodak and Meyer (2001:2) yaaxina Qaaccessa Waallee Gadi Fageenyaa (Critical Discourse Analysis) ilaalchisuun akka ibsanitti qaaccessi yaaxinni qaaccessa waallee gadi fageenyaa hariiroo hawaasa giddu jiru (aadaa hawaasaa) kanneen akka wantoota aadaa sana keessatti beekaman, aangoo, haala itti fayyadamiinsa aangoo, halli itti walyakkaniifi kan kana fakkaataan akkamitti afaanitti fayyadamanii hojii irraa akka oolchan kan qo'atuudha.

Akkuma yaadota armaan oliirraa hubachuun danda'amutti yaaxina qorannoo waallee ilaalchisee hayyoonni addaddaa yaada garagaraa kan qaban ta'uusaati. Qorannoo ammaa kana keessatti, qoratichi yaaxina qaaccessa waallee kan Faircluough bu'uura godhachuun raawwatame. Sababni isaas, yaaxinni kun waalleefi gocha guyyuu hawaasaaratti bu'ureffachuun kan gaggeeffamu waan ta'eefidha.

## 2.7. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Mataduree kana jalatti qorannoowwan mataduree qorannoo ammaa kanaan walitti dhufeenya qaban yookiin walfakkaatantu dhiyaata. Haaluma kanaan, qopheessaan wixinee qorannoo kanaas waraqaalee qorannoo garagaraa sakatta'uun waraqaa qorannoo isaaf kan gargaaruu danda'an itti nifayyadama.

Addunyaan (2016/7) mataduree "The Discursive Construction and Representation of the *Waata* Identity: a Critical Discourse Analysis of Oral Texts" jedhurratti qorannoo digirii sadaffaa ittiin guuttachuuf gaggeessee jira. Walfakkii qorannoon kun qorannoo amma gaggeeffamaa jiru waliin

qabu waallee dubbiirratti xiyyeeffachuu isaati. Haata’u malee, qorannoon amma kun waallee dubbii investimentiirratti waan xiyyeeffatuuf qorannoo kanaan dura gaggeeffamerraa addadha.
Qoricheen (2016) mata duree “Qaaccessa Qabiiyyee, Unkaafi Fayyadama Afaanii Faarsaa Waaqaa Kitaaba Galata Waaqayyoo Keessatti” jedhurratti qorannoo digirii lammaffaa ittiin guuttatu gaggeessee jira. Qorannichis qabiyyee, uunkaafi fayyadama afaaniirratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoon ammaa kun garuu waallee dubbiirratti kan xiyyeeffatudha. Kanaaf, qorannoon ammaa kun fayyadama afaaniin isa dura gaggeeffameen yoo walfakkaatellee waallee dubbiirratti xiyyeeffachuu isaatiin adda isa taasisa.
Gama biraatiin, Gammachiis (2016) mataduree “Xiinxala Hasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhaabuu Abootee” jedhurratti digirii lammaffaa guuttachuuf qorannoo gaggeessee ture. Fayyadama afaaniin yoo walfakkaatanillee qorannoon ammaa waallee dubbii investimentiirratti waan xiyyeeffatuuf adda isa taasisa. Kana malees, Fufaa (2017) mata duree “Qaaccessa Wallee Dubbii Mana Murtii Keessatti Haala Aanaa Gindabarat” jedhurratti digirii lammaffaa ittiin guuttachuuf qorannoo gaggeessee jira. Lachuu waallee dubbiirratti fuulleffachuun kan walfakkaatan ta’us qorannoon inni ammaa kun waallee dubbii investimentiirratti xiyyeeffachuun isaa adda isa godha.

Kana malees, Guddataa (2008) mataduree “Xiinxala Hasbarruu Meeshaalee Ayyaana Warra Giiftii Elemoo” jedhurratti jedhurratti digirii lammaffaa guuttachuuf qorannoo gaggeessee ture. Qorannichi fayyadama afaaniin irratti xiyyeeffachuun yoo walfakkaatanillee qorannoon ammaa waallee dubbii investimentiirratti waan xiyyeeffatuuf adda isa taasisa. Qorannoon mataduree qorannoo ammaan walfakkaatu hojjatame kan biroon immoo kan Kadiir (2016) mataduree “ Qaaccessa Asoosama ‘Aarsaa’ Fayyadama Afaaniirratti Xiyyeeffachuun” jedhu jedhurratti digirii lammaffaa ittiin guuttachuuf hojjatee ture. Qorannichi qorannoo ammaan wanti isaan walfakkessu fayyadama afaaniirratti xiyyeeffachuu isaanii ta’ullee qorannoon ammaa waallee dubbii investimentiirratti xiyyeeffachuun isaa adda isa godha.

Bifuma walfakkaatuun Nageessoo (2008) mataduree “Qaaccessa Fayyadama Afaanii Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaan Furuu Keessatti” jedhurratti digirii lammaffaa ittiin guuttachuuf qorannoo gaggeessee jira. Xiyyeeffannoon qorannichaa fayyadama afaaniirrattidha. Kunis, qorannoo ammaatiin wal isa fakkeessa. Haata’u malee, qorannoon ammaa waallee dubbii investimentiirratti waan xiyyeeffatuu isa duraa irraa adda taasisa.

Gama biraatiin, Nagaash (1978) “**የቋንቋ አጠቃቀም በአዲስ አበባ ስታዲየም**” mataduree jedhuun qorannoo dhiyeessee jira. Qo’ataan qo’annoo isaa keessatti itti fayydama afaanii ilaalchisee ibsa

kennuun bakkeewwan addda addaatti daawwattoonni, tophattoonni afaan akkamii bakka akkamitti akka fayyadaman ibsee jira. Akkasumas, Darajjeen (1979) "**የቋንቋ አጠቃቀም በአዲስ አበባ ማረሚያ ቤት**" jedhuun Yunivarsiitii Finfinnee keessatti kan hojjatameedha. Qorannoo kanaratti qo'ataan kan xiyyeeffate itti fayyadama afaan namoota to'annoo seeraa jala jiranii yeroo ta'an haala uumamsa afaanii, uumamsa jechoota haaraafi kan kana fakkaatan ibsee jira. Dhimma kana irrattis namoonni mana sirreessaa jiran afaan danda'an irratti ibsa bal'aa kennuun qaacceessee jira. Lachuu digirii jalqabaa ittiin guuttachuuf kan gaggeeffamedha. Qorannoon ammaa garuu waallee dubbii investimentiirratti gaggeeffamuun isaa adda isa taasisa.

Bifuma walfakkaatuun, qorannoon fayyadama afaanii ilaalchisee gaggeeffame kan Zalaalam (2012) mataduree "Xinxaala Fayyadama Afaan Oromoo Beeksisoota Taappeellaa Magaalaa Adaamaa" jedhu irratti hojjateedha. Argannoon qorannoo kanaa, beeksisoota taapeellaa magaalaa Adaamaa keessa jiran dogoggora caasaa, qubee, sirna tuqaalee, hanqina jijjiirraa maqaafi fayyadama jechoota mijatoo hintaane akka qaban ibsee jira. Haata'u malee, qorannoon Zalaalam itti fayyadama afaanii beeksisoota taappellaa Adaamaatiin yoo walqabatu, qorannoon ammaa garuu, waallee investimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessa jiru xinxaaluu irratti xiyyeeffata.

Qorannoowwan kana wanti tokko isaan taasisu lamaanuu qorannoo fayyadama afaaniirratti xiyyeeffachuu isaaniiti. Qorannoon kana immoo kan adda isa taasisu, waalleen dubbii investimentii keessatti maali akka fakkaatu qaacceessuu irratti waan xiyyeeffatuuf qorannoon Zalaalam irraa adda isa taasisa. Haaluma walfakkaatuun, qorannoon biroo fayyadama Afaan Oromoo ilaalchisee hojjatame, Gabii (2015) mata duree " Xinxaala Fayyadama Afaan Oromoo Hordoftoota Amantaa Islaamaa Birati" kan jedhuudha yoo ta'u, kaayyoon qorannoo isaa dhibbaa Afaan Arabaa jechoota Afaan Oromoo irraan gahu xinxaaluudha. Qorannoon kun garuu waallee dubbii investimentii keessatti maali akka fakkaatu qaacceessuun ibsuu irratti kan xiyyeeffatu waanta'eef kaayyoon qorannoo kanaa haala kanaan kan Gabii irraa adda.

Walumaa galatti, qorannoowwan armaan olitti ka'aniifi qorannoo ammaa walbira qabnee yoo ilaallu hundi isaanii waalleerratti xiyyeeffachuun isaanii walfakkeessa. Kaan uunkaa fayyadama afaanii, kaan immoo hasbarruufi waallee walqabsiisuun qoratanii jiru. Qorannoon ammaa garuu, waallee keessaa waallee dubbii investimentiirratti xiyyeeffachuun qaaccessuuf deemuun isaa isaan kaan irraa adda taasisa.

# BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA

## Seensa

Boqonnaa kana keessatti saxaxni qorannichaafi wantoonni mala qorannicha waliin walqabatan kanneen akka iddatteessuu, madda ragaalee, meeshaalee ragaan ittiin funaanamu (daawwannaafi afgaaffii), adeemsa ragaaleen gara barreeffamaatti ittiin jijjiiraman, mala qaaccessa ragaalee kan keessatti dhiyaatanidha. Kana malees, naamusa ogummaa (*ethical consideration)* qorannichi ittiin gaggeeffame ibsamee jira.

Saxaxaafi mala qorannoo tokkoo ilaalchisee Dawson (2002:14) yommuu ibsu, "*The first thing needed to do research is to think about research design and methodology. That is the philosophy or the general principle which will guide your research,*" jedha.
Haaluma kanaan, wantoonni armaan olitti kaa'aman kunniin bal'inaan armaan gaditti ibsamaniiru.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffamu maalirratti bu'uurefatee akka adeemsifamu adda baasuuf saxaxni qorannichaa murteessaadha. Addunyaan (2011:63-64) waa'ee saxaxaa qorannoo akka ibsetti saxaxni qorannoo waliigala qorannichaa to'ata. Saxaxa qorannoo tokkoo kan murteessu gaaffiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaa, akaakuwwan ragaalee argamaniiti jechuun nidanda'ama jedha. Dabalataan, Kothri (1990:31) akka ibsetti saxaxni qorannoo haala odeeffannoon/ragaan ittiin argamuufi qaacceffamu akkaataa barbaachisuun kaa'uufi galma qorannichaa sirnaan eeguun kan kallattii qabsiisuuf deemudha.

Qorannoon kun Waalleen Dubbii Investimentii Magaalaa Buraayyuu maal akka fakkaatu qaaccessanii ibsuurratti kan xiyyeeffatedha. Dhimmoota akkanaa qorachuuf immoo saxaxa qorannoo akkamtaatti maayii bahuun gaarii ta'a. Dhimma kana ilaalchisee Creswell (2003) yommuu ibsu, "*Qualitative research design enables to identify the multiple meanings of individual and social experiences*," jedha. Bifuma walfakkaatuun. Myers (2009) yommuu ibsu, "*Qualitative research is designed to help researchers understand people, and the social and cultural contexts within which they live,"* jedha. Kanarraas wanti hubatamu saxaxa akkamtaatti dhimma bahuun hiika hawaasni dhimma tokkoof kennu hubachuuf kan gargaaru ta'uusaati. Kana malees, Dornyei (2007:31) yommuu ibsu, "*In Applied Linguistics, the use of qualitative research design is related to the growing recognition that every aspect of language in use is significantly*

*shaped by social, cultural and situational factors*," jedha. Kunis, fayyadama afaanii (waallee) qorachuuf saxaxni filatamaan saxaxa qorannoo akkamtaa ta'uu isaa kan agarsiisudha.

Haaluma kanaan, qorannoon ammaa kun saxaxa akamtaatti fayyadamuun kan gaggeeffamedha. Malli kun odeeffannoo iddaattoo irraa argame gadi fageenyaan ibsuuf gargaara. Addunyaa (2011:60) malli akkamtaa haala jiruufi jireenya hawaasaa akkaataa, bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas maal jechuu akka ta'e kan ittiin xiinxalludha jechuun ibsee jira. Kana irraa kan hubatamu, malli kun waan jireenya hawaasichaa keessatti argamu gadi fageenyaan xiinxalanii qaaccessuuf kan gargaaru ta'uu isaa agarsiisa. Ragaan argamu kun ibsa akkamtaan taa'a. Kun immoo, ragaaleen argaman jechaan ibsuun raawwatamu. Qorannoo ammaa kana keessattis qoratichi saxaxa akkamtaatti dhimma bahee jira.

## 3.2. Mala Qorannichaa

Qorannoon kun mala akkamtaatti fayyadamuun gaggeeffame. Qorannoo kana keessatti odeeffannoon guurame lakkoofsaan osoo hintaane ibsaan hiikni/qaaccessi itti kennamee jira. Kana irratti Abiyyiifi kaawwan (2009:36) yoo ibsan, "*Qualitative research involves studies that do not attempt to quantify their results through statistical summary or analysis*," jedhu.

Dabalataan, Dastaa (2002:20) dhimmu kana yoo ibsu, "qorannoon mala akkamtaatiin gaggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessaatiin ykn ibsaatiin dhiyeessa," jedha. Yaada kana irraa malli kun gadi fageenyaan xiinxaluu irratti humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal'isuufis haala kan mijeessu ta'uu hubanna. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaas waallee investimentii keessaa waallee dubbii Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessa jiru adda baasuun qaaccessuu waan ta'eef, qorataan mala kanatti fayyadamee jira.

### 3.2.1. Iddatteessuu (Sampling)

Qorannoo gaggeessuuf kanneen qorannichi isaan ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun bu'a qabeessummaan qorannichaa daran akka cimsu ifaadha. Akka Neuman (2007:141) dhimma kana ilaalchisee jedhutti kaayyoon idaattessuu sababoota, ta'insootaafi gochaalee jiran gadi fageenyaafi haala ifa ta'een hubachuuf kan gargaaru ta'uu ibsee jira. Kanaafuu, qorannoo gaggeessuuf kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun iddattoo filachuun barbaachisaadha. Iddattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofatti osoo hintaane sadarkaa addaddaatti ilaalamee filatama. Dhimma kana Flick (2002:61) yoo ibsu,

> *The issue of sampling emerges at different points in the research process.An interview study is connected to the decision about which persons to interview (case sampling)…Furthermore, it emerges with the decision about which of the interviews should be further treated i.e. transcribed and interpreted (material sampling). Finally, it arises when presenting the findings; which cases or parts of texts are best used to demonstrate the finding.*

Akka yaada kanaatti qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu iddattoon namoota afgaaffiif dhihaatan ittiin filachuuf qofa kan itti fayyadamnu osoo hintaane bakka sadiitti itti gargaaramna. Jalqaba, namoota odeeffannoo kennuu danda'antu filatamu. Itti aansuun, wayita odeeffannoon funaaname hiikamuufi qaacceffamu itti dhimma bahama. Ragaan qaacceffamee bu'aan qorannoo erga beekamee boodas firii qorannoo sanaa qaama dhimmichi ilaaluuf dhiheessuufi agarsiisuuf kamtu akka dhihaatu kan ittiin filamudha. Iddattoonis adeemsa kanaan kan filatamu yoo ta'u innis jamaa qorannoon irratti geggeeffamu keessaa namoota filachuu jechuudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef immoo yeroo, maallaqa, humna namaafi kan kana fakkaataan qusachuuf yaadameeti.

Qorannoon akkamtaan gaggeeffamu muuxannoo hawaasaa yookiin dhuunfaa ibsuu, gadi fageenyaan xiinxaluu, ifa gochuu yookiin hubachuurratti kan xiyyeeffatudha. Jamaa hedduus kan gaafatu mitu. Dhimma kana ilaalchisee Dornyi (2007:40) yoo ibsu, *"Qualitative research focuses on describing, understanding and clarifying aspect of individual and /or group experiences. Qualitative inquiry does not worry for how representative the sample is or how the experience is distributed in the population…"* jedha. Kanarraas wanti hubannu qorannoo akkamtaan gaggeeffamu keessatti xiyyeeffannoon kan kennamu muuxannoon hawaasaa maal fakkaataarratti gadi fageenyaan ilaaluu malee jamaa hangamiituu argamee miti.

Haala kanaan, qorataan qorannoo ammaas mala iddatteessuu darbaa dabarsaa (snowball sampling), akkayyoofi mala tasaa fayyadamuun iddattoo filatee jira. Hawaasa naannoo keessaa carraa tasaatiin namoonni kudhan, hojjattoota dameewwan investimentii gurguddoo kanneen akka damee manufaakchariingii, tajaajilaafi agiropiroosesiingii magaalicha keessatti argaman keessaa hojjatan namoota kudhan carraa tasaatiin filatamanii jiru. Namoota dhimma hojii investimentiif lafa qonnaafi qe'ee isaaaniirraa buqqa'an namootaa kudhan mala darbaa dabarsaan (snowball) filatamanii jiru.

Akkasumas, daldaltoonni mala akka tasaatiin namoonni kudhan filatamanii jiru. Daawwannaan immoo, daandiiwwan gurguddaa hawaasni baay'inaan itti fayyadamu, bakka walgahiifi afooshaatti, bakka du'a gahiitti, manneen dhugaatii (keessumattuu mana daadhii) hawaasni

baay'inaan itti fayyadamu, mooraa bulchiinsa gandaa, mana qopheessaafi kantiibaa keessatti qaamaan argamuun namoota hedduu daawwachuun ragaalee walitti qabachuun gaggeeffamee jira.

### 3.2.2. Madda Ragaalee

Qorannoon kun madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaatti dhimma bahuun kan gaggeeffamedha. Madda odeeffannoo/ragaalee jalqabaa/ tokkoffaa jedhamanii kan beekaman odeeffannoo qaama dhimmi ilaallatu irraa karaa afgaaffiifi dawwannaan irraa funanamedha. Haaluma kanaan, maddi odeeffannoo tokkoffaa qorannichaa hawaasaa naannoo, namoota lafa qonnaafi qe'ee isaanii hojii investimentiif jecha gadi lakkisan yookiin kennan, dargaggoota, hojjattoota mootummaafi hojjattoota dhaabbilee dhuunfaa keessa hojjataniifi dhimma kanaaf filataman mala iddatteessuu garagaraan filatamanirraa ragaalee argamanidha. Karaa biraatiin, maddi ragaa lammaffaa kanneen jedhaman immoo labsiiwwan akka naannoofi biyyaatti dhimma investimentii ilaalchisuun ba'an, galmeewwan qaboo yaa'ii addaddaa, gabatee beeksisaafi kanneen kana fakkaatanfa'i.

### 3.2.3. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname

Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanamu gosa hedduutu jiru. Qorannoo akkamtaa keessatti meeshaalee ragaan ittiin guuraman kanneen mijaatoo ta'anitti fayyadamuun barbaachisaadha.
Downson fi Kothari (2001:23) dhimma kana ilaalchisee akkas jechuun ibsu: "*It is largely discussed in literature that interview, observation, focus group discussion, ethnographic field notes, document analysis, etc. are qualitative data collection tools that researchers often use in their research,"* jedhu. Kanarraas wanti hubatamu qorannoo akkamtaa keessatti meeshaalee funaansa ragaa kanneen akka afgaaffii, dawwaannaa, marii garee xxiyyeeffannoo, xiinxala dookumentiiwwaniifi kanneen kana fakkaatan fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa.
Haala kanaan, qorannoo ammaa keessatti qoratichi meeshaaleen funaansa ragaaleetiif filataman afgaaffiifi daawwannaatti dhimma bahee jira. Sababni meeshaaleen kunniin filatamanis odeeffannoowwan qorannichaaf barbaachisan haala gahaa ta'een argachuuf waan mijatoo ta'aniifidha.

#### 3.2.3.1. Daawwannaa

Daawwannaan dhimmoota iddattoon raawwatu hunda yoomessa uumamaa keessatti kan mul'isu waan ta'eef, qoratichi odeeffannoo barbaachisu akka qulqulleeffatu taasisa. Karaa birootiin,

daawwannaan adeemsa namoonni dhimma tokkorratti maal akka raawwataa jiran qaamaan biratti argamuun hubatanii odeeffannoo fudhatan waan ta`eef, qorannoo tokkoof murteessaadha.

Daawwannaan odeeffannoo battalaa fudhachuuf akkasumas odeeffannoowwan maloota biraatiin fudhachuuf nama rakkisan argachuufillee kan ooludha. Dhimma kana ilaalchisee Sarantakos (2005:234) yommuu ibsu, *"Observation provides information when other methods not effective, relatively less complicated, and less time consuming and offers collection of wide range of information,"* jedha. Kana malees, daawwannaan ragaa bu'uuraa qorannichaa cimsuu danda'an funaannachuuf, mala qaamaan argamuun yoomessa uumamaa keessatti hirmaachaa odeeffannoo funaannatanidha.

Haaluma walfakkaatuun, yaada kana Dastaan (2002: 90) yoo ibsu, "Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordafaa waan arge tokko ragaa akka sassaabbatu kan taasisuudha," jedha.

Haaluma kanaan, qorannoo ammaa keessatti qoratichis cheekiliistii daawwannaa qopheeffachuun meeshaa funaansa ragaa kanatti gargaaramuun Gurraandhala 15 hanga Ebla 29 tti ragaalee barbaachisan kallattiin madda ragaa tokkoffaa irraa qaamaan biratti argamuun waallee dubbii investimentii magaalichaarratti ragaa funaannatee jira.

Haaluma kanaan, bakka gabaa, bakka walgahii gooxiifi gareetti qaamaan argamuun, bakka afooshni jiru qaamaa dhaquun keessatti hirmaachuun, daandiiwwan gurguddaa hawaasni irratti baay'atu irra yeroo addaddaa hawaasni maal akka jedhu hordofuun, naannoo waajjira bulchiinsaafi waajjira investimentiitti qaamaan argamuun abbootii dhimmaa dhimma ofii raawwachiifachuuf achitti yeroo yeroon deddeebi'an daawwachuun ragaa walitti qabatee. Akkasumas, manneen dhugaatii, keessumattuu mana daadhii baay'inaan ummanni itti fayyadamu keessatti qaamaan argamuun ragaalee barbaachisan walitti qabadheen jira. Hoteeloota gurguddaa kudhaniifi girooseriiwwan addaddaa kudha shan keessatti qaamaan argamuun daawwannaa gaggeessuun ragaa/odeeffannoo waalitti qabachuun daanda'amee jira.

### 3.2.3.2. Afgaaffii

Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanaman keessaa tokko afgaaffiidha. Afgaaffiin meeshaa qorannoo akkamtaan taasifamu keessatti ragaalee qorannichaaf malu kan ittiin argannu keessaa isa muteessaadha. Afgaaffiin dhugummaa qorannichaa mirkaneessuuf odeefkennitoota

dhimmicha gadi fageenyaan beekan gaafachuudha. Dhimma kana ilaalchisee Pickering (2008:79) yommuu ibsu, "*Interviews are key methods associated with qualitative research. Interviews involves an interviewer and an interview engaging in face to face conversation, with an interview guiding the conservation by posing questions related to particular topics in order to gain a better undersating,"* jedha. Meeshaan kun qaama qorannoo akkamtaa ta'uu isaanii gaaffii dhimma qorannoo saganteeffameef qophaa'e ka'umsa taasifachuun gaafataafi qaama gaafatamu gidduutti fuulaa fuulatti kan raawwatamu ta'uu agarsiisa.

Afgaaffii keessatti qorataan gaaffii afaaniin iddattoowwan filatamaniif gaafannoo dhiyeessuudha. Malli funaansa ragaa kun odeeffannoo baay'ee murteessaa ta'e bifa gaaffii banaan qophaa'an gaafachuudha. Hayyoonni addaddaa faayidaa mala kanaa kallattii garagaraatiin balballoomsu. Punch (1998:29) barbaachisummaa meeshaa kanaa yoo ibsu, *"Interview is one of the main data collection tools in qualitative research. It is a very good way of assessing people's perceptions… of situations and construction of reality. It is also one of the most power ways we have of understanding others,*" jedha. Yaada kanarraas wanti hubannu afgaaffiin qorannoo keessatti meeshaa barbaachisaa ta'uu isaati. Bifuma wal fakkaatuun, faayidaa afgaaffii Addunyaan (2011:64) yoo ibsu, "Malli kun warra ragaan irraa argamu sana qaamaan yookiin sagalee isaanii waan dhiyeessaniif ragaan mala kanan argamu aslii ta'a,*''* jedha.

Qorataan qorannoo ammaas afgaaffiin kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uu keessatti shoora guddaa qaba jedhee waan itti amaneef itti gargaaramee jira. Kaayyoon qoratichi afgaaffiitti fayyadameef, qoratichiifi deebi kennitoonni qaamaan walarganii yaada isaanii bal'inaan walii ibsaa waan deebii deebisaniifidha. Bakka baay'eetti mobaayilii qoma keessa kaawwachuun waraabbadheen jira. Bakka haalli mijatutti immoo yaadannoo qabachuunan ragaa funaannadhe.

Qoratichi jiraattota naannoo lafa isaanii hojii investimentiif gadi lakkisaniifi qe'ee isaaniirraa buqqa'an, hawaasa naannoo, dargaggoota, daldaltoota keessaa muraasa, hojjattoota mootummaafi dhaabbilee dhuunfaa keessa hojjatan kkf…irraa afgaaffiidhaan odeeffanno walitti qabatee jira. Haaluma kanaan, namoota dhimma hojii investimentii lafa qonnaa isaaniirraa buqqa'an mala darbaab dabarsaatiin namoonni kudhan hirmaatanii jiru; jiraattota naannoo keessaa namootaa kudhan, namoota dhimma isaanii raawwatachuuf naannoo bulchiinsaa magaalaatti deddeebi'an namoota kudhan waaliin afgaaffii gaggeessuun odeeffannoo walitti qabamee jira. Ragaalee kanneenis dhoksaan mobaayila qoma keessa keewwachuun sagalee waraabuun, bakka tokko tokkotti immoo afgaaffii gaggeessuun yaadannoo qabadheera.

**Odeeffannoo namoota afgaaffii gaggeeffamerratti hirmaatan muraasa isaanii**

| Koodii | Kornayaa | Umrii | Amantii | Sad. barnootaa | Hojii | Ibsa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 001 | Dhi | 39 | Kirstaana | 5 | Hojii ijaarsaa | |
| 002 | Dhi | 58 | Kirstaana | - | Hojii dhuunfaa | |
| 003 | Du | 64 | Kirstaana | - | Hojii dhuunfaa | |
| 004 | Dhi | 79 | Kirstaana | - | Sooramaa | |
| 005 | Dhi | 45 | Kirstaana | 3 | Hojii guyyaa | |
| 006 | Dhi | 65 | Kirstaana | 3 | Suuqii | |
| 007 | Dhi | 87 | Kirstaana | - | Sooramaa | |
| 008 | Dhi | 54 | Kirstaana | 5 | Hojii ijaarsaa | |
| 009 | Dhi | 28 | Kirstaana | 1 | Hojii ijaarsaa | |
| 010 | Dhi | 45 | Kirstaana | 9 | Hojii ijaarsaa | |
| 011 | Du | 48 | Kirstaana | 9 | Hojii ijaarsaa | |
| 012 | Dhi | 69 | Musiliima | 7 | Suuqii | |
| 013 | Dhi | 85 | Kirstaana | - | Sooramaa | |
| 014 | Dhi | 41 | Kirstaana | Dippiloomaa | Hojii Mootummaa | |
| 015 | Du | 44 | Musiliima | - | Hojii guyyaa | |
| 016 | Dhi | 56 | Kirstaana | Dippiloomaa | Barsiisaa | |
| 017 | Du | 74 | Kirstaana | - | Hojii ijaarsaa | |
| 018 | Dhi | 58 | Kirstaana | 8 | Hojii ijaarsaa | |
| 019 | Dhi | 45 | Kirstaana | 6 | Hojii ijaarsaa | |
| 020 | Dhi | 34 | Kirstaana | 12 | Hojii ijaarsaa | |
| 021 | Dhi | 73 | Kirstaana | - | Soorama | |
| 022 | Du | 25 | Kirstaana | 10 | Hojii humnaa | |
| 023 | Dhi | 32 | Kirstaana | 10 | Hojii humnaa | |
| 024 | Dhi | 56 | Kirstaana | - | Hojii hinqabu | |
| 025 | Dhi | 43 | Kirstaana | 9 | Suuqii | |
| 026 | Dhi | 57 | Musiliima | - | Daldala | |
| 027 | Du | 36 | Kirstaana | 8 | IMX | |
| 028 | Dhi | 49 | Kirstaana | 5 | Daldala | |
| 029 | Dhi | 78 | Kirstaana | - | Sooramaa | |

### 3.2.4. Ragaalee Gara Barreeffamaatti Jijjiiruu (Transcrition)

Qorannoon kun qaaccessa waallee dubbii investimentii irratti Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti maal akka fakkaatu ibsuuf kan gaggeeffameedha. Qorannoo ammaa kanaaf ragaaleen afgaaffiifi daawwannaadhaan sagalee mobaayilaan (mobaayila qoma keessa kaawwachuu) waraabamaniifi yeroo afgaaffiifi daawwannaa yaadannoon qabadhe gara barreeffamaatti jijjiiramaniiru. Adeemsa gara barreeffamaatti jijjiiruu keessatti dursa ragaalee sagalee mobaayiliin yeroo afgaaffii waraabaman sana irra deddeebi'uun dhaggeeffachuun qo'atamee jira. Kunis irra deddeebiin dhaggeeffachuun qabiyyeewwan achi keessa jiran, matadureewwaniifi hiika achi keessa jiru adda basuuf gargaaree jira.

Odeeffannoon haala waallee dubbii investimentii Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessa jiru kanneen walaloo geerarsaan, mammaaksaan, malleen dubbiin, durduriifi kanneen kana fakkaataniin argamantu walduraa duubaan qaacceffaman. Dhumarrattis, ibsi itti kennamee jira.

### 3.2.5. Mala Qaaccessa Ragaa

Qorannoon kun waallee investimentii keessaa waallee dubbiirratti xiyyeeffachuun Bulchiinsaa Magaalaa Buraayyuu keessatti maal akka fakkaatu qaaccessuun ibsuurratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffamedha. Haaluma kanaan, ragaalee iddattoo qoranichaa irraa funaanaman bifa qindoomina qabuun haala gaaffilee qorannichaa deebisuu danda'aniin mata durewwan addaa addaatti qooduun hiika itti kennee jira. Hiikni kenname kunis mala akkamtaan  ibsamuun gadi fageenyaan xiinxalamuun qaacceffamuun kan dhiyaatedha.  Dhimma kanarratti Addunyaan (2011:71) dhimmoonni qaacceffaman callaarraa ka'uun gara dimshaashaatti deemuu akka gaafatu ibsee jira.

Bu'uuruma kanaan, qorannoo ammaa kana keessatti qoratichi ragaalee daawwannaafi afgaaffiin funaanaman kan mobaayilaan waraabaman gara barreeffamaatti jijjiiruun qaaccessee jira; akkasumas, ragaalee karaa hundaan daawwannaafi afgaaffiin madda addaddaarraa argamaniifi qaacceffaman walitti fiduun dhumarratti ibsa itti kennee jira.

## 3.3. Naamusa Ogummaa (Ethical Consideration)

Qorataan tokko yommuu qorannoo gaggeessu milkaa'ina qorannoo isaatiif jecha naamusa ogummaa eegee argamuu qaba. Naamusi ogummaa kunis kan of keessatti haammatu haala ufannaa naannoo (mana hojii) sanaa, iccitii iddoo hojiifi iccitii odeefkennitootaa eeguun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, qorataan kun naamusa ogummaa sanaa eegee erga dhiyaatee booda jalqaba odeefkennitoota bira deemee odeeffannoo waljijjiiruun kaayyoo qorannoo isaa ibseefii jira. Qabanni qorataan tooftaa kanatti fayyadameef haawaasni dhimma investimentiif lafaarraa buqqa'uun walqabatee odeeffannoo kennuuf baay'ee kan sodaataniifi ija shakkiin kan ilaalan waan ta'eef sodaa tokko malee odeeffannoo isanirraa eegamu akka gumaachaniif yaadeeti. Kunis faayidaan isaa odeefkennitoonni odeeffannoo kennuurraatti akka of hinqabneefi odeeffannoo kennan immoo dhugaa jirurraa akka hinmaqsineef gargaara waan ta'eefidha.

Dirreen qorannoo kanaa kan geggeeffame Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti yommuu tahu jalqaba mataduree kanarratti ergaa naaf hayyamamee booda odeefkennitootaaf of ibsuudhaan xalayaa seeraa Yuunivarsiitii Finfinneerraa naaf bareeffame ergan isaaniif dubbiseen

booda ragaalee/odeeffannoo irraa sassaabbadheen jira. Ragaan kan walitti qabamees, yeroo tokko tokko dhoksaan mobaayila qoma keessa kaawwachuun, yeroo haalli mijatutti immoo bifa yaadannoo qabachuun ture. Viidiyoo waraabuuf odeefkennitoonni gonkuma hayyamamoo hinturre

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSIIFI XIINXALA RAGAALEE

## Seensa

Boqqonnaan kun xiinxala ragaalee irratti xiyyeeffata. Xiinxalli ragaalee kunis, qabiyyeewwan bu'uuraa sadiirratti gaggeeffama. Qabiyyee xiinxalichaa keessaa inni tokko babal'ina investimentii yeroo ammaa Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwatamaa jiru ilaalchisee waan ummanni jedhu addaan baasuun ibsuudha. Kun immoo, gaaffilee qorannichaa kan fuula shanirratti dhiyaatan keessaa isa jalqabaa deebisuuf yaala.

Qabiyyeen xiinxala ragaalee boqonnaa kana jala jiru inni lammataa immoo babal'ina invstimentii yeroo ammaa Magaalaa Buraayyuu keessatti mul'taa jiru ilaalchisee wanti ummanni jedhu kun ergaa inni dabarsu addaan baasuudha. Kun immoo, gaaffii qorannichaa isa lammaffaa deebisa. Qabiyyeen boqonnaa kana jalatti xiinxalamu inni dhumaa immoo, tarsiimoowwan (Discoursive Strategy) kan investimentii Magaalaa Buraayyuu keessatti gaggeeffamaa jiru tumsuufis ta'e gufachiisuuf dhimma itti bahamaa jiran xiinxaluudha. Kunis, gaaffii qorannichaa isa dhumaaf deebii laata.

Gaaffiilee qorannichaa sadan deebisuuf xiinxalli gaggeeffamu hunduu ragaalee dabalee jalatti dhiyaatan keessaa kanneen kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf filataman irrattii xiyyeeffatu. Kanatti aansuun, qabiyyeewwan bu'uuraa sadaniifi ragaalee kanaan wal ilaallatantu dhiyaachuun qaaccessamu.

### 4.1. Fayyadama Afaanii Investimentii Irratii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu Keessa Jiru

Hawaasni tokko gaddaafi gammachuu, deeggarsaafi mormii akkasumas jibbaafi jaalala isaa afaan isaatiin ibsata. Ummanni magaalaa Buraayyuus afaan isaatti fayyadamuun investimentii yeroo ammaa magaalicha keessatti gaggeeffamaa yookiin babal'achaa jirurratti yaada qabu ibsachaa jira. Fayyadamni afaanii kunis bifa garagaraa qaba. Bifa fayyadama afaanii keessaa muraasni geerarsa, mammaaksa, malleen dubbiifi oduu duriifa'i. Ibsi akaakuuwwan fayyadama afaanii kunnis kanatti aansuun dhiyaata.

### 4.1.1. Geerarsaa Investimentii Irratti

Geerarsi ogafaan uummata Oromoo biratti bal'inaan beekaman keessaa isa tokkodha. Ummanni Oromoo geerarsaan gootummaa ofii, mormiifi deeggarsa qabu, roorroo irra jirufi kanneen kana fakkaatan ittiin ibsata.

Qorataan qorannoo kanaas babal'ina investimentii yeroo ammaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwatamaa jiru ilaalchisee ummanni geerarsaan akkamitti ibsachaa akka jiru hubachuuf qaama hawaasaa garagaraa waliin Guraandhala 15 hanga Ebla 29 bara 2011 tti afgaaffii garagaraa taasisaa turee jira. Odeefkennitoonnis yaada bal'aa qorataaf kennanii jiru. Akkasumas, qoratichi Gurraandhala 20 hanga Ebla 30 bara 2011 tti manneen dhugaatii (keessumattuu mana daadhii), daandiiwwan gurguddaa hawaasni baay'inaan irra deddeebi'uufi mooraa bulchiinsa magaalaa keessatti qaamaan argamuun abbootii dhimmaa dhimma addaddaa raawwachiifachuuf achitti deddeebi'an daawwachuun odeeffannoo walitti qabatee jira.

Qorataan namoota lafa isaanii hojii investimentiif kennan wajjiin afgaaffii adeemsiseen odeefkennitoonni lafa isaanii abbootii qabeenyaa qarshii qabaniifi mootummaaf kaffaltii muraasaan kennuu isaaniitti gammadoo akka hintaane kaasanii jiru. Lafa isaanii kana duraan qamadiifi garbuu irra facaafachuun maatii isaanii jiraachisaa akka turan, horiis akka fedhanitti irratti horsiifachaa akka turan ibsaaniiru. Akkasumas, mana dhugaatii (mana daadhii keessatti) daawwannaa adeemsiseen namoonni lafti isaanii irraa fudhatame kunniin osoo dhugaa jiranii waa'ee lafa qonnaa isaanii irraa fudhatame kaasuun wayita waliin haasawan geerarsaan quuqqaafi mormii qaban ittiin ibsatan.Mormii qabanis namoota dhugaa jiran keessaa inni tokko akkas jechuun geerarsaan ibsee jira:

*001) Inni abbaankoo guddise*
*(002) Kabballaan na kuffiise*
*(003) Barcumakoo fudhatee*
*(004) Bakkumakoo hubatee*
*(005) Oromoon Abbaa Booraa*
*(006) Lafa isaa dhabee jooraa…..*

Akuma ragaan armaan olitti dhiyaate agarsiisutti ummanni Magaalaa Burayyuu geerarsatti fayyadamee haala investimentii ibsaa jira. Geerarsichi sarara yookiin bo'oo lama lamaan hiriyummaa uumanii jiru. Kana jechuunis, bo'oon tokkoffaafi lammaffaan waliin hiriiran; akkasumas, bo'oon sadaffaafi afraffaan waliin kan hiriiran yommuu ta'u, bo'oon shanaffaafi

jahaffaanis waliin hiriiranii argamu. Dabalataanis, gaaleewwan *abbaakoo, barcumakoo, bakkumakoo* kanneen jedhanis hiriyootadha. Kanaanis ergaan isaan investimentii irratti dabarfachuu barbaadan dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa. Kana malees, bamaqaan *koo* jedhu irra deddeebifamee jiru ramaddii tokkoffaa qeentee irratti xiyyeeffate. Kunis, namichi geeraru sun abbaa dhimmaa ta'uu isaa nutti mul'isa. Kan asitti qeentee ta'ee dhiyaate kun sarara dhumaa lamaan keessatti *Oromoo* kan jedhuuf bamaqaa *isaa* jedhuun dhiyaate. Kun immoo, inni miidhama isaa geerarsaan ibsachaa jiru kun Oromoo akka ta'e hubanna. Bifuma kana fakkaatuun, qorataan waa'ee iftoomina hojii investimentiirratti namoota lafti isaanii irraa fudhatameefi namoota biro wajjiin afgaaffii gaggeesseen odeefkennaan tokko akkas jechuun geerarsaan ibsee jira:

*(033) Baalaan martee fiddekaa,*
*(034) Gabaan bartee diddekaa.*
*(035) Akkakoo duraas miti,*
*(036) Harkakoo duwwaas miti……*

Akuma ragaan asii olitti dhiyaate agarsiisutti ummanni Magaalaa Burayyuu geerarsatti fayyadamee haala investimentii ibsaa jira. Geerarsichi sarara yookiin bo'oo lama lamaan sagaleen dhumarra jiru wal unata uumanii jiru. Sararri yookiin bo'oon tokkoffaafi lammaffaan birsaga walqixa kan qabanidha; akkasumas, bo'oon sadaffaafi afraffaan waliin kan hiriiranidha. Dabalataanis, gaaleewwan *Akkakoo, Harkakoo,* kanneen jedhanis hiriyootadha. Kanaanis ergaan investimentii irratti dabarfachuu barbaadan dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa.

Kana malees, sararoota yookiin bo'oo jalqabaa lamaan keessatti mathimni jiru bamaqaa *Ati* jedhu yommuu ta'u innis ramaddii lammaffaa agarsiisa; kan baalaan mare fide (dhoksaan miidhuuf kan hojjataa jiru) dhiyoo jira/ dhaggeeffataa jira jechuudha. Sararoota lamaan keessayyuu bamaqaan kun irra deddeebi'ee dhufa. Kun immoo, qaamni biroon yookiin kan alaa isa miidhe kan jiru ta'uu agarsiisa. Bamaqaan *koo* jedhu irra deddeebifamee jiru ramaddii tokkoffaa qeentee xiyyeeffate. Kunis, namichi geeraru sun abbaa dhimmaa ta'uu isaa nutti mul'isa.

Haaluma kana fakkaatuun, qoratichi daawwannaa manneen dhugaatii keessatti adeemsiseen namoonni bu'aa hojii investimentiin walqabatee jiru ilaalchisee osuma waliin haasawaa jiranii tokkichi akkas jechuun geerarsaan warra kaaniif ibsee jira:

*007) Jireenya maalii jirra*

*(008) Dinnichaafi buqqeen jirra*

*(010) Lafa keenya hoo namaaf hirra*
*(011) Duguuggaa sanyii irra*
*(012) Kuun isaa gadi jira*

Akuma ragaan armaan olitti dhiyaate agarsiisutti ummanni Magaalaa Burayyuu geerarsatti fayyadamuudhaan haala babal'inaa investimentii yeroo ammaa magaalicha keessatti raawwatamaa jiru ibsachuuf kan dhimma bahu taa'uusaati. Geerarsicha keessa sararoonni yookiin bo'oowwan jiran hundi waliin yaa'iinsa qabu. Kana jechuunis, bo'oowwan hundi hunata sagalee waliin qabu jechuudha; bo'oon hundi dhumarratti birsaga walfakkaatu (-ra) qabu. Kanaanis ergaan isaan investimentii irratti dabarfachuu barbaadan dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa. Kana malees, walalicha keessatti mathimni dhokatee jiru bamaqaa ramaddii tokkoffaa heddummina agarsiisu *Nu* kan jedhudha. Mathimni kunis irra deddeebi'ee dhokatee mul'ata. Kunis, namoonni geeraran kunniin abbaa dhimmaa ta'uu isaanii ta'uuf xiyyeeffachuu isaa nutti mul'isa.

Osoo waliin haasawaa jiranii waa'ee lafa isaanii irraa fudhatamee kaasuun namni tokko bifa geerarsaan akkas jechuun ibsee jira:

*020) Odoo saree qabaannee*
*(021) Saree rimaa qabaannee*
*(022) Hoolaa bineensi hin nyaatu*
*(023) Odoo marii qabaannee*
*(024) Marii hiriyyaa qabaannee*

Akuma ragaan kun agarsiisuttis ummatichi geerarsatti dhimma bahuun haala investimentii yeroo ammaa Magaalaa Burayyuu keessatti babal'achaa jiru mormiifi deeggarsa qaban ittiin ibsachaa jiraachuu isaaniiti. Geerarsicha keessatti sararoonni yookiin bo'oowwan tokoffaafi sadaffaan, lammaffaafi afraffaan waliin yaa'iinsa qabu. Kana jechuunis, bo'oowwan kunniin hundi dhumarratti birsaga walfakkaatuun xumuramu jechuudha. Kanaanis ergaan isaan investimentii irratti dabarfachuu barbaadan dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa. Kana malees, walalicha buufata jalqabaa keessa mathimni dhokatee jiru bamaqaa ramaddii tokkoffaa qeentee irratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u buufata lammaffaa keessatti immoo mathimni xiyyeeffatame ramaddii tokkoffaa qeentee baay'ina agarsiisudha. Mathimoonni kunniin irra deddeebi'anii mul'atu. Kun immoo, namoonni geeraran kunniin abbaa dhimmaa ta'uu isaanii ta'uuf xiyyeeffachuu isaa nutti mul'isa.

Akka waliigalaatti, ummanni Magaalaa Buraayyuu geerarsa walaloo garagaraa qabutti fayyadamuudhaan babal’ina hojii investimentii sirna kana keessatti (yeroo ammaa) magaalicha keessatti gaggeeffamaa jiru ittiin ibsachuuf dhimma kan itti bahaa turan/jiran  ta’uutu hubatama. Geerarsa isaanii keessattis bamaqaalee ramaddii garagaraa qabutti fayyadamu. Kanas kan itti fayyadaman kan miidhameefi kan isaan miidhe eenyu akka ta’e adda baasuun xiyyeeffannaa itti kennuufidha. Kana malees, geerarsa isaanii keessatti bo’oowwan walaloo kan waliin yaa’aniifi bakka xiyyeeffannaa barbaadanitti immoo gaaleewwan/jechoota kan irra deddeebi’an ta’uusaati. Kun immoo dhaggeeffattoota isaanii akka hawwatu taasisa.

### 4.1.2. Mammaaksaa Investimentii Irratti

Mammaaksi ogafaan uummata Oromoo biratti bal’inaan beekaman keessaa isa tokkodha. Mammaaksi yaadawwan addaddaa bifa gabaabinaan himoota gaggabaaboofi jechoota filatamootti fayyadamuun ergaa bal’aa kan dabarsu ta`uu isaa beektonni irra deddeebi’uun ni’ibsu. Namoonni miira walii kakaasuuf, ceepha`uuf, gorsuuf, jajjabeessuuf, mormuufi kanneen kana fakkaatan raawwachuuf mammaaksatti fayyadamu.

Qorannoo kana keessatti qoratichi  babal’ina investimentii yeroo ammaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwatamaa jiru ilaalchisee ummanni mammaaksaan akkamitti ibsachaa akka jiru hubachuuf qaama hawaasaa garagaraa waliin Guraandhala 15 hanga Ebla 29 bara 2011 tti afgaaffii garagaraa taasisaa turee jira. Odeefkennitoonnis yaada bal’aa qorataaf kennanii jiru. Akkasumas, qoratichi Gurraandhala 20 hanga Ebla 30 bara 2011 tti manneen dhugaatii (keessumattuu mana daadhii), daandiiwwan gurguddaa hawaasni baay’inaan irra deddeebi’uufi mooraa bulchiinsa magaalaa keessatti qaamaan argamuun abbootii dhimmaa dhimma addaddaa raawwachiifachuuf achitti deddeebi’an daawwachuun odeeffannoo walitti qabatee jira. Akkasumas afgaaffii qaama hawaasaa gargaraa waliin adeemsisuun ragaa walitti qabatee jira. Haaluma kanaan, namoota lafti isaanii hojii investimentiif irraa fudhatame yeroo baay’ee mana daadhii keessatti waan argamaniif afgaaffii isaan waliin adeemsiseen odeefkennaan tokko akkas jechuun mammaaksaan dubbatee jira:

*(096)  Mana farchoofi bara rakkoo achuma taa’anii mataa raasu…..*

Akuma ragaan armaan olitti dhiyaate agarsiisutti ummanni Magaalaa Burayyuu mammaaksatti fayyadamuun haala investimentii magaalichaa ibsachaa kan jiru ta’uusati. Mammaaksa armaan olii kana keessatti gaaleewwan lamaan jalqabaa *mana farchoo*fi *bara rakkoo* kan jedhan birsaga walqixa ta’e qabu; akkasumas, lamaanuu gaalee maqaati. Kana malees, *mana farchoo*fi *bara*

*rakkoo* gaaleewwan jedhan dhumarratti sagaleen isaanii wal hunata qaba. Kana jechuunis, dhumarratti birsaga walfakkaatuun xumuramu jechuudha. Kanaanis ergaan isaan investimentii irratti dabarfachuu barbaadan dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa.

Kana malees, afgaaffii namoota lafti isaanii irraa fudhatame waliin taasifameen odeefkennaan tokko mammaaksaan akkas jechuun dubbatee jira:

*(095) Abbaa gaariin nama dhalchuu mannaa ayyaana gaarii dhalachuu wayya….*

Akuma ragaan armaan olii kun agarsiisutti ummanni Magaalaa Burayyuu mammaaksatti dhimma bahuun hojii investimentii yeroo ammaa magaalicha keessatti akka ibidda saafaa babal'achaa jiru ittiin ibsachaa kan jiran ta'uusaati. Mammaaksa asii olii keessatti waan lamatu walbira qabamee agarsiifame: *abbaa gaarii*fi *ayyaana gaarii*. Gaaleewwan walbira qabamanii ibsaman kunniin dheerinni (baay'inni birsaga) isaanii walqixa. Akkasumas, gaaleewwan lamaan birsaga walqixa ta'e qabaachuun isaanii miidhagina mammaaksichaaf kennee jira; lamaanuu gaalee maqaatis. Kana malees, gaaleewwan lamaanuu dhumarratti sagaleen isaanii wal hunata qaba. Kana jechuunis, dhumarratti birsaga walfakkaatuun xumuramu jechuudha. Kanaanis ergaan isaan investimentii irratti dabarfachuu barbaadan dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa. Akkasumas, namoonni bakka afooshaatti dhimma addaddaaf walitti qabamanii jiran dhimma lafaa namootarraa hojii investimentiif irraa fudhatamee kaasuun osuma waliin haasawanii namni tokko akkas jechuun mammaaksaan ibsee jira:

*(073) "Diimannee beekna," jette nuugiin*

Akuma ragaan armaan olitti dhiyaate agarsiisutti ummanni Magaalaa Burayyuu mammaaksatti fayyadamee haala investimentii ibsaa jira. Mammaaksicha keessatti gaaleen dhiyaate bifti nuugii amma jiru kan jijjiirame ta'uu agarsiisa. Bifti nuugii utuu akka ammaatti hingurraacha'iin dur kan biroo ture jechuudha. Kana malees, mathimni mammaaksichi ittiin dhiyaate ramaddii tokkoffaa danuu irratti xiyyeeffate. Kun immoo, namoonni mammaakan kunniin abbaa dhimmaa ta'uu isaanii nutti mul'isa. Mammaaksi akkanaas ergaan isaan investimentii irratti dabarfachuu barbaadan dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa.

Kana malees, qoratichi daawwannaa mooraa bulchiinsa magaalaa keessatti adeemsiseen namoonni dhimma isaanii lafaan walqabate raawwachiifachuuf naannoo sanatti yeroo addaddaa

deddeebi'an waa'ee lafa isaanii irraa fudhatame kaasuun yommuu haasawan daawwatee jira. Mammaaksatti fayyadamuun yaada isaanii waliif ibsu.

*(075) Mana keetti udaan hag**na**; mana kiyyatti qaayyaa ulan**na** jette masaanuun*

Mammaaksi armaan oliis kan agarsiisu ummanni Magaalaa Burayyuu mammaaksatti fayyadamee haala investimentii ibsaa jira. Mammaaksicha keessatti ciroo of danda'oo lamatu wal faana dhiyaatan. Ciroowwan lamaanuu dhumarratti birsaga walfakkaatuun xumuraman. Bamaqaan abbeentaa agarsiisan *keettii*fi *kiyyatti* jedhan irra deddeebi'anii dhufuun isaaniis namoonni mammaaksicha mammaakan dhimmichi kan isaanii ta'uu agarsiisa. Hima dhieerina walqixa qabuufi birsaga walfakkaatuun xumuramuun dhiyaachuun isaas ergaan isaan investimentii irratti dabarfachuu barbaadan dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa.

Akka waliigalaatti, ummanni Magaalaa Buraayyuu mammaaksa bifa addaddaa qabutti fayyadamuudhaan babal'ina hojii investimentii sirna kana keessatti (yeroo ammaa) magaalicha keessatti gaggeeffamaa jiru ittiin ibsachuuf dhimma kan itti bahaa turan/jiran ta'uutu hubatama. Mammaaksa isaanii keessattis gaaleewwan walqixa ta'an walfaan hiriirsuun, ciroowwan of danda'oo garagaraa walitti fiduudhaan, bamaqaalee ramaddii garagaraa qabutti fayyadamun fayyadamaa kan jiran ta'uutu mul'ata. Kanas kan itti fayyadaman bakka xiyyeeffannaa barbaadanitti xiyyeeffachuufi dhaggeeffattoonni isaanii akka salphaatti akka hubatan ykn ergaa isaanii bifa salphaa ta'een dabarfachuudhaafidha.

### 4.1.3. Malleen Dubbii Investimentii Irratti Jiran

Malleen dubbii yookiin dubbiin qolaa waallee dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuurra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun wal qabsiisuun sammuu dubbataafi dhageeffataa keessatti fakkii akka uumutti kan dhiyaatudha. Ummanni Oromoos haala addaddaa keessatti malleen dubbiitti fayyadamuun mormiifi deeggarsa qabu, roorroo irra jirufi kanneen kana fakkaatan ittiin ibsata. Malleen dubbii bifa akkasaan, iddeessaan, nameessaafi kanneen kana fakkaataniin dhiyaachuu danda'a.

Qorannoo kana keessatti qoratichi babal'ina investimentii yeroo ammaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwatamaa jiru ilaalchisee ummanni malleen dubbiin akkamitti ibsachaa akka ture hubachuuf qaama hawaasaa garagaraa waliin Guraandhala 15 hanga Ebla 29 bara 2011 tti afgaaffii garagaraa taasisaa turee jira. Odeefkennitoonnis yaada bal'aa qorataaf kennanii jiru. Akkasumas, qoratichi Gurraandhala 20 hanga Ebla 30 bara 2011 tti manneen dhugaatii

(keessumattuu mana daadhii), daandiiwwan gurguddaa hawaasni baay'inaan irra deddeebi'uufi mooraa bulchiinsa magaalaa keessatti qaamaan argamuun abbootii dhimmaa dhimma addaddaa raawwachiifachuuf achitti deddeebi'an daawwachuun, akkasumas bakka du'a gahiitti hawaasa walitti qabame gidduutti qaamaan argamuun odeeffannoo walitti qabatee jira.

#### ***4.1.3.1. Akkasaa***

Akkasaan jechoota *akka, hamma* yookiin *fakkaata* jedhaman gargaaramuun wantoota addaddaa wal bira qabuun madaaluun kan dhiyaatudha. Kunis lubbu-qabeeyyiifi lubbu-dhabeeyyii, xiqqaafi guddaa, dheeraafi gabaabaa, furdaafi qal'aafi kkf… walbira qabuun waldorgomsiisuudhaan kan ibsudha. Kana malees, waantota lama walitti fiduudhaan walbira qabee kan addeessudha. Malleen dubbii kanas namoonni bakka walgahanitti dhimma addaddaa keessatti yaada isaanii ifa gochuuf dhimma itti bahu.

Qoratichis, bakka afooshaafi bakka du'a gahii addaddaa namoonni walitti qabaman keessatti qaamaan hirmaachuun daawwannaa gaggeessee jira. Haaluma kanaan, namoonni waa'ee lafa qonnaa isaanii irraa fudhatame kaasuun iyyummaaf saaxilamuu isaanii waliin dudubbachaa osuma jiranii isaan keessaa tokko malleen dubbii 'akkasaatti' dhimma bahuun yommuu dubbatu daawwatee jira:

*(115) Akka du'anitti hafan malee akka kufanitti hinhafan….*

Akuma ragaan armaan olitti dhiyaate agarsiisutti ummanni Magaalaa Burayyuu malleen dubbiitti fayyadamuun haala investimentii ibsaa jira. Malleen dubbii kana keessatti jecha *akka* jedhu irra deddeebi'ee fayyadamuun waan lamatu waldorgomsiifame. Wantoonni lamaan wal madaalchifamanis, *du'aa*fi *kufaatii*dha. Kun immoo, ergaan isaan investimentii ilaalchisee dabarfachuu barbaadan dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa; yaada isaaniis caalaatti dhaggeeffattootaaf ifa taasisa.

Kana malees, qorataan namoota dhimma lafa isaanii hojii investimentiif irraa fudhatameefi kaffaltii beenyaa gaafachuuf yeroo dheeraaf achitti deddeebi'an yommuu mooraa bulchiinsaa keessa dhaabatee lolu afgaaffii dhiyeeseefii jira. Odeefkennaanis yaada isaa malleen dubbii akkasaatti fayyadamuun ibsee jira:

*(125) Akka feeteen dubartii akka feete dubbatti*

Akuma ragaan kun agarsiisutti ummanni Magaalaa Burayyuu malleen dubbii akkasaatti fayyadamee haala investimentii ibsaa jira. Malleen dubbii kana keessatti waan lama walbira qabee ibsee jira: *akka feetee dubartii*fi *akka fedhanitti dubbachuu*. Kanas, jecha *akka* jedhu irra deddeebiin fayyadamuun balballoomse. Kun immoo, ergaan isaan investimentii ilaalchisee dabarfachuu barbaadan dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisee jira; yaada isaaniis caalaatti dhaggeeffattootaaf ifa taasisee jira.

#### *4.1.3.2. Iddeesa*

Iddeesaan akaakuu malleen dubbii amalaafi gochaa wanta tokko akkuma jirutti wanta biroof kennuun kan dhiyaatudha. Kana ilaalchisee Addunyaa (2014:210) akkasitti ibsa: "Iddeesi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta'een wantoota waldorgomsiisa," jedha.

Haaluma kanaan, qorataan namoota lafa isaanii hojii investimentiif gadi lakkisaniifi yeroo baay'ee manneen dhugaatii keessatti yeroo isaanii dabarsan wajjiin waa'ee lafa isaanirra fudhatame ilaalchisee afgaaffii adeemsiseen odeefkennaan tokko malleen dubbii iddeesatti fayyadamuun ibsee jira:

*(126) Dacheen ofii jaartii ofiiti; lachuu ergisa hintaatu*

Akuma ragaan kun agarsiisutti ummanni Magaalaa Burayyuu haala investimentii ibsuudhaaf malleen dubbii iddeesatti fayyadamaa jiraachuu isaa agarsiisa. Malleen dubbii kana keessatti waan tokko kan biroon bakka buusee yommuu ibsu agarsiisa. Malleen dubbii armaan olii keessattis dacheen jaartiidhaan bakka buute jechuudha. Kanaafuu, yaada ofii inveestimentii ilaalchisee dhaamuu barbaadu malleen dubbii akkaanaatti fayyadamuun isaa dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa; yaada isaaniis caalaatti dhaggeeffattootaaf ifa taasisa.

Bifuma kana fakkaatuun, namoota dhimma lafaan walqabatee ficcisiifachuuf bulchiinsa magaalaatti deddeebi'aa erga turanii booda dhimmi isaanii raawwatamuufii dhabuu ilaalchisuun aariin malleen dubbiitti yommuu fayyadamuun waliin dudubbatan qorataan daawwatee jira:

*(116) Namni mirga hinqabne leenca dulloomedha; lachuuttuu daaraa itti aran…*

Malleen dubbii armaan olii kana keessattis *nama mirga hinqabnee*fi *leenca dulloometu* walbira qabamee ilaalame. Kana jechuun, namni mirga hinqabneefi leenci dulloome tokkuma akka ta'an agarsiisa. Itti fayyadamaan malleen dubbii akkanaas karaa salphaa ta'een dhaggeeffattoonni isaa akka isa hubatan taasisee jira. Gabaabumatti, yaada ofii inveestimentii ilaalchisee dabarfachuu

barbaadan malleen dubbii bifa kana qabutti fayyadamuun isaanii dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa; yaada isaaniis caalaatti dhaggeeffattootaaf ifa taasisa.

#### *4.2.3.2. Nameessa*

Nameessi malleen dubbii keessaa tokko ta'ee gochaa dhalli namaa raawwatuufi amala dhalli namaa calaqqisiisu wantoota biroof kennuun kan ibsudha. Kunis gochawwan dhalli namaa raawwachuu danda'an, amalaafi dandeettii dhala namaa lubbuqabeeyyiifi lubudhabeeyyii biroon ibsuuf gargaara; gocha waan tokkoo lubbuu itti horuudhaan ibsuun akka danda'amudha. Akkasumas, nameessi hojmaata tokkoof foolii namaa kennuun miidhaksuun kan ibsamudha.

Qorataan daandii gurguddaa hawaasni irra deddeebi'u irratti yeroo dheeraaf daawwannaa gaggeesseen namoonni lafti isaanii irraa fudhatamuu isaatiin haala yeroo ammaa keessa jiran waliin yommuu dudubbatan irra deddeebi'uun daawwatee jira. Waliin dubbii isaanii keessatti malleen dubbii *nameessatti* yommuu fayyadaman aragamanii jiru:

(118) *"Diimannee beekna," jette nuugiin…..*

Malleen dubbii armaan olii kana keessatti itti fayyadamaan afaanii yaada ofii caalaatti ifa gochuuf amala namaa kan ta'e *dubbachuu* nuugiif kennee ibse. Nuugiin biqiloota keessaa ishee tokkodha. Nuugiin uumamaan dubbachuu hindandeessu; dubbachuuf dandeettii kan qabu ilma namaa qofadha. Amala ilma namaa qofa kan ta'e kana biqiltuuf kennuun yaada isaa balballoomsee jira. Itti fayyadamaan malleen dubbii akkanaas karaa salphaa ta'een dhaggeeffattoonni isaa akka isa hubatan taasisee jira. Gabaabumatti, yaada ofii inveestimentii ilaalchisee dabarfachuu barbaadan malleen dubbii bifa kana qabutti fayyadamuun isaanii dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa; yaada isaaniis caalaatti dhaggeeffattootaaf ifa taasisa.

*(119) Qamaleen du'a obboleessa ishii cidha seetee kofalti.*

Malleen dubbii armaan olii kana keessatti itti fayyadamaan afaanii yaada ofii caalaatti ifa gochuuf amala namaa kan ta'e *dubbachuu* qamaleef kennee ibse. Qamaleen bineensota keessaa ishee tokkodha. Cidha qopheessuun itti gammaduu kan danda'u ilma namaa qofaadha. Qamaleen garuu dubbachuus, cidha qopheeffachuus hindandeessu. As keessatti amalli ilma namaa bineensaaf kenname jechuudha. Kanaafuu, amala ilma namaa qofa kan ta'e kana wanta biroof kennuun yaada isaa balballoomsee jira. Itti fayyadamaan malleen dubbii akkanaas karaa salphaa

ta'een dhaggeeffattoonni isaa akka isa hubatan taasisee jira. Gabaabumatti, yaada ofii inveestimentii ilaalchisee dabarfachuu barbaadan malleen dubbii bifa kana qabutti fayyadamuun isaanii dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa; yaada isaaniis caalaatti dhaggeeffattootaaf ifa taasisa.

Akka waliigalaatti, ummanni Magaalaa Buraayyuu malleen dubbiitti fayyadamuudhaan babal'ina hojii investimentii sirna kana keessatti (yeroo ammaa) magaalicha keessatti gaggeeffamaa jiru ittiin ibsachuuf dhimma kan itti bahaa turan/jiran ta'uutu hubatama. Malleen dubbii isaan itti fayyadamanis kanneen akka *akkasaa*, *iddeeesa*, *nameessaa*fi kanneen kana fakkaatanidha. Kanas, bakka walgahiitti, mana dhugaatii keessatti, bakka afooshaatti, dhimma addaddaaf bakka walitti qabamanittiifi bakkeewwan kanneen fakkaatanitti dhimma itti bahu.

### 4.1.4. Durdurii Investimentii Irratti Jiran

Durduriin akaakuuwwan gurguddoo raagoo (ogafaanii) keessaa isa tokkodha. Dhalootaa gara dhalootaatti afaaniin daddarbaa kan dhufedhas. Durduriin kan nama bashannansiisuufi kofalchiisu qofa osoo hintaane namoonni naannoon isaanii maal akka fakkaatu, walitti dhufeenyi/ hariiroofi sirni bulchiinsaa maal akka fakkaatuufi kkf....kan ibsatudha. Dhimma kana ilaalchise Couralandus (1955:3) akka ibsetti, "*Man has tales that explains natural phenomena, tribal practices and taboos, cultural or political institutions. He has stories and fables that reflect the nature of man and his strength and weakness, tales of adventures, courage, disasters and love*," jedha. Yaada armaan oliirraas wanti hubatamu dhalli namaa naannoo isaa kan ittiin ibsatu, muuxannoo jiruufi jireenyaa isaa kan ittiin eerratu, waa'ee dhaabbata siyaasaa keessatti argamuu, ciminaafi dadhabina jiru jaalalaafi jibba mul'atu, hammeenyaafi gaarummaa calaqqisuufi kkf…durduriitti fayyadamee kan ibsatu ta'uutu hubatama.

Haaluma kanaan, qorataan daawwannaa gaafa 12/07/2011 bakka hafooshaa hawaasni baay'een walga'ee jirutti gaggeesseen namoonni durduriitti fayyadamuun gochaawwan investimentiin walqabatanii yeroo ammaa Bulchiinsaa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal'ataa jiru ittiin ibsachaa turan keessaa baay'een dhuma waraqaa qorannoo kanaarratti dabalee ta'uun fuula kan barreeffaman yommuu ta'u muraasni immoo qaacceffamanii jiru.

Qoratichi bakka afooshaa hawaasni bal'inaan walgahee jiru gidduutti qaamaan argamuun dhimma babal'ina hojii investimentiin walqabatee hawaasichi durduriin akkamiin ibsachaa akka jiru daawwannaa gaggeessee jira. Namoonni walitti qabamanii jiranis lafa isaanirraa fudhatameef

beenyaa isaaniif kaffalamu ilaalchisee namoonni (giddu-nyaattonni) isaaniifi mootummaa gidduu deddeebi'uun isaan rakkisaa jiran kaasuun waliin haasawu. Yommuu kanas namni tokko durdurii armaan gadii kaasuun yaada isaa dhaggaaffattoota isaaf ifa godhee jira:

*(129) Bara durii adurreefi hantuunni hiriyaa waliif turan. Gaafa tokko nyaata barbaacha osoo deeman baaduu qabee tokko argatan. Lamaan isaaniiyyuu adda qooddatanii yeroodhuma sana dhuganii fixuu murteeffatan. Tooftaa ofii ittiin qooddatanii dhugan dhabnaan, hantuunni mala malte. Isheenis, "Jeedala bira deemnee qixxeetti nuuf haa qooddu," jette. Adurreenis itti waliigaltee jeedala bira deeman. San booda, jeedalli baaduu sana madaala irra yommuu keessu, karaa tokko madaalli gadi bu'e. Isheenis, madaala wal qixxeessuuf jecha irraa fuutee afaan kaawwatte. Amma immoo karaa biraa gadi bu'e. Ammas gara caalurraa fuutee afaan kaawwatte. Ammas karaa hantuutaa gadi bu'e…. Achiin booda, "Ani qooduu hindanda'uutii fudhaa deemaa," jette jeedalli. Boodarra adurreefi hantuunni harka duwwa galan jedhama.*

Akuma ragaan armaan olitti dhiyaate agarsiisutti ummanni Magaalaa Burayyuu durduriitti fayyadamuun haala investimentii ilaalchisee kan ibsaa jiru ta'uu isaati. Durdurii kana keessatti bineeldota addaddaa qooddattoota taasisuun amala addaddaa gonfatanii akka hirmatan taasisee jira. Kun immoo, ergaan isaan investimentii ilaalchisee dabarfachuu barbaadan dhaggeeffatoota akka hawwatu taasisa; yaada isaaniis caalaatti dhaggeeffattootaaf ifa taasisa.

## 4.2. Ergaa Fayyadama Afaanii Investimentii Irratti

Boqonnaa kana lakkofsa 4.2. jalatti waalleewwan dubbii investimentii Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessa jiran maalfaa akka ta'an ibsamanii jiru. Haaluma kanaan, fayyadamni afaanii bifa geerarsaan, bifa mammaaksaan, bifa malleen dubbiitiin, bifa durduriitiin maal akka fakkaatan qacceffamuun ibsamanii jiru. Waalleewwan dubbii kanneenis murasni kan ibsaman yommuu ta'u kaan immoo dhuma waraqaa qorannoo kanaarratti dabalee ta'uun itti hidhamanii jiru.

Mataduree kana jalatti immoo waalleen dubbii kunniin (fayyadamani afaanii kunniin) hojii investimentii magalicha keessatti gaggeeffamaa jirurratti ergaa maal akka qabantu qaacceffamuun ibsamanii jiru.

Akkuma boqonnaa lammaffaa keessatti ibsamee jirutti, ogafaan kanneen akka geerarsaa, mammaaksaa, malleen dubbiifi durduriinfaa uummata Oromoo biratti bal'inaan kanneen beekamaniifi dhimma addaddaatiif maayii kan itti bahamanidha. Ummanni Oromoo geerarsaan

gootummaa ofii, mormiifi deeggarsa qabu, quuqama qabu, balaaleffannaa qabu, roorroo irra jiruufi kanneen kana fakkaatan ittiin ibsata.

Mammaaksaanis miira walii ittiin kakaasuuf, ceepha’uuf, gorsuuf, jajjabeessuuf, mormuufi kanneen kana fakkaataniif dhimma itti bahu. Akkasumas, malleen dubbiitti fayyadamuun haala addaddaa keessatti mormiifi deeggarsa qaban, roorroo irra jiruufi kanneen kana fakkaatan ittiin ibsatu.

Bifuma walfakkaatuun, ummanni Oromoo durduriitti fayyadamuun naannoon isaanii maal akka fakkaatu, walitti dhufeenyi/hariiroofi sirni bulchiinsaa maal akka fakkaatuufi kanneen kana fakkaatan ittiin ibsata.

Qorannoo kana keessattis qoratichi babal’ina hojii investimentii yeroo ammaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwatamaa jiru ilaalchisee ergaa fayyadamni afaanii kunniin investimentii irratti qabu, hawaasni magaalichaa ogafaan kanniiniin ibsachaa jiru kun ergaa maal akka qabuuf maal jechuu akka ta’e hubachuuf qaama hawaasaa garagaraa waliin Guraandhala 15 hanga Ebla 29 bara 2011 tti afgaaffii garagaraa taasisaa turee jira. Odeefkennitoonnis yaada bal’aa qorataaf kennanii jiru.

Akkasumas, qoratichi Gurraandhala 20 hanga Ebla 30 bara 2011 tti manneen dhugaatii (keessumattuu mana daadhii), daandiiwwan gurguddaa hawaasni baay’inaan irra deddeebi’u, bakkeewwan afooshaa hawaasni baay’inaan walgahutti qaamaan biratti argamuun, bakka du’a gahii ummanni baay’inaan argamu keessatti qaamaan argamuun, mooraa bulchiinsa magaalaa keessatti qaamaan argamuun abbootii dhimmaa dhimma addaddaa raawwachiifachuuf achitti deddeebi’an daawwachuun odeeffannoo walitti qabatee jira.

Kanaafuu, qoratichi babal’inaa hojii investimentii irratti ergaa fayyadamni afaanii kunniin qaban, wanta dubbatameen alatti hiika jiru, miira dubbataan keessa taa’ee dubbii sana bifa garagaraan dubbate, dubbataan maal jechuu akka barbaade qaaccessuun ibsee jira. Kunis xiinxala gadfagoo kan gaafatudha. Kunis armaan gaditti balballoomee jira.

### 4.2.1. Komii Ittiin Ibsachuu

Qorataan, dhimma kaffaltii beenyaa lafa investimentiif jedhamee abbootii lafaa irraa fudhatameef kaffalamaa tureefi ammas kaffalamaa jiruun walqabatee hawaasni komii qabu maal jechaa akka jiru, waan jedhu kanas maaliin ibsachaa akka jiru, akkasumas wanti hawasni jedhu

ergaa maal akka qabu/ maal akka agarsiisu hubachuuf qaama hawaasaa garagaraa waliin Guraandhala 15 hanga Ebla 29 bara 2011 tti afgaaffii garagaraa taasisaa turee jira. Odeefkennitoonnis yaada bal'aa qorataaf kennanii jiru. Beenyaan kaffalamaa tureefi ammas kaffalamaa jiru ga'aa waan hintaaneef komachaa kan jiran ta'uu hubatamee jira. Kana malees, kaffaltiin beenyaa isaaniif kennamus yeroon akka hinkaffalamneefi yeroo addaddaa bulchiinsa magaalaatti akka deddeebi'an, matta'a kennan malee akka hinkaffalamneef bal'inaan kaasanii jiru.

Qorataan namoota lafa qonnaa isaanii irraa hojii investimentiif jecha buqqa'an wajjiin afgaaffii adeemsiseen odeefkennitoonni lafa isaanii abbootii qabeenyaa qarshii qabaniifi mootummaaf kaffaltii muraasaan kennuu isaaniitiif baay'ee mootummaa kan komachaa jiraniifi hojii investimentii gaggeeffamaa jirurratti gammadoo akka hintaane kaasanii jiru. Lafa isaanii kana dura qamadiifi garbuu irra facaafachuun maatii isaanii jiraachisaa akka turan, horiis akka fedhanitti irratti horsiifachaa akka turan ibsaaniiru. Komii qabanis odeefkennaan tokko akkas jechuun geerarsaan ibsee jira:

*(001) Inni abbaankoo guddise*
*(002) Kabballaan na kuffiise*
*(003) Barcumakoo fudhatee*
*(004) Bakkumakoo hubatee*
*(005) Oromoon Abbaa Booraa*
*(006) Lafa isaa dhabee jooraa…..*

Qorataanis yaadaafi geerarsa odeefkennitootaa kanneen bu'uura godhachuun yaada armaan gadii hubatee jira: hawaasni lafti isaanii hojii investimentiif irraa fudhatame babl'ina inveestimentii yeroo ammaa magaalicha keessatti raawwatamaa tureefi ammas raawwatamaa jirutti gammadoo akka hintaane komachaa kan jiran ta'uu agarsiisa. Kanas, afaaniin yookiin dubbiin kan ibsatan ta'uu agarsiisa. Dubbii ittiin ibsatan keessaas geerarsi bal'inaan kan dhimma itti ba'anidha. Bakka addaddaatti dhimmoota addaddaaf, fakkeenyaaf bakka cidhaatti, mana dhugaatiitti, olla wajjiin yommuu walitti qabaman quuqqaa/ mormii qaban geerarsaan ibsatu. Geerarsa armaan olii keessatti buufanni, *'Inni abbaankoo guddise, kabballaan nakuffiisee, barcuma koo fudhatee…'* kan jedhu humnaan lafti isaanii irraa kan fudhatame ta'uu mul'isa. Kanas kan raawwate nama fagoo dhufe osoo hintaane lammiidhuma isaanii kan qomoon isaanii guddiseetu dirqisiisee kan irraa fudhate ta'uu agarsiisa.

Geerarsuma armaan olii kana keessatti buufanni, '*Oromoon abbaa Booraa, lafa isaa dhabee jooraa….'* jedhu kunis sababa babal'ina investimentiitiin sabni dur lafasaarra horii horsiifatee jiraachaa kan ture ta'uu mul'isa. Yeroo ammaa kana garuu lafti isaa irraa fudhatamee jooraa kan jiran ta'uu agarsiisa. Sababa kanaanis kan iyyoome ta'uu,  jooraa kan jiru ta'uu, lafa isaa duraanii itti amanee osoo hintane dirqiin waan ta'eef, lafa isaa dhabee jooraa kan jiru ta'uu agarsiisa.

Kanarraa ka'uudhaan qoratichis yaada armaan gadii qaaccessee jira. Hawaasichi babal'ina inveestimentii yeroo ammaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti gaggeeffamaa jiruufi duraanis gaggeeffamaa ture ilaalchisee kan itti hingammanne ta'uufi kanas geerarsatti fayyadamee komii qabu dhoksaanis ta'e ifatti ibsachaa kan jiruu ta'uufi kana keessaas tokko geerarsatti dhimma ba'aa akka jiru agarsiisa. Sababni isaas, yommuu lafti irraa fudhatamu beenyaa ga'aan kaffalamuu dhabuun iyyummaaf saaxilamuu isaanii kan agarsiisu waan ta'eefidha. Gama biraatiin immoo, innumti kaffalamu yeroon kan hinkennamneef ta'uufi kunis hojii investimentii gaggeeffamaa jirurratti gammachuu akka isaan dhabsiisu kan taasise ta'uu waan agarsiisufidha.

### 4.2.2. Hojiin Investimentii Iftoomina Kan Hinqabne Ta'uu

Qoratichi Gurraandhala 20 hanga Ebla 30 bara 2011 tti manneen dhugaatii (keessumattuu mana daadhii), daandiiwwan gurguddaa hawaasni baay'inaan irra deddeebi'uu daawwachuun akkasumas, mooraa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi waajjira gandaa keessatti qaamaan argamuun abbootii dhimmaa dhimma addaddaa raawwachiifachuuf achitti deddeebi'an daawwachuun odeeffannoo walitti qabatee jira.  Bakka qaamaan argamee daawwate keessatti dursee cheekiliistii qopheeffachuun dhimma iftoomina dhabuu babal'ina inveestimentii ilaalchisee hawaasni maal akka jedhu, wanti isaan jedhan kun maal akka agarsiisu daawwannaa gaggeessuun ragaa dabalataa walitti qabatee jira.

Qoratichi daawwannaa adeemsiseen investimentiin gaggeeffamaa tureefi ammas gaggeeffamaa jiru iftoomina kan hinqabneefi icciitiin kan guutame waan ta'eef, hawaasni mormaa kan turaniifi ammas ija shakkiin kan ilaalan ta'uu dhoksaafi ifatti dudubbatu. Fakkeenyaaf, manneen dhugaatii (keessumattuu mana daadhii) garagaraa keessatti bifa walaloo geerarsaan akkas jedhanii faarsu:

*(033) Baalaan  martee fiddekaa,*
*(034) Gabaan bartee diddekaa.*
*(035) Akkakoo duraas miti,*
*(036)  Harkakoo duwwaas miti*

Walaloo geerarsaa armaan olii kanarraas wanti hubatamu dhimmi hojii investimentiif jecha qote bulaa lafa qonnaarraa buqqisaa tureefi ammas buqqisaa jiru akka isaan aarse kan agarsiisu ta'uusaati; himachuuf kan rakkatan ta'uufi quuqama isaanii kanas bifa walaloo geerarsaan kan agarsiisan ta'uutu hubatama. Kana malees, buufanni **'***Baalaan martee fiddekaa***…,** kan jedhu kun hojiin investimentiin walqabatee wanti hojjatamaa jiru icciitiin kan guutame, iftoomina kan hinqabne ta'uusaa agarsiisa. Kun immoo ummataaf bu'aa buusa jedhanii kan itti hinamanne ta'uu agarsiisa. Gama biraatiin, buufanni '…. *Gabaan bartee diddekaa***…**'jedhu kun immoo icciitii hojii invstimentiin walqabatee hojjatamaa jiru ummanni beekee jira kan jedhu agarsiisa. *Gabaa* kan jedhu ummata, hawaasa, jiraattota, dhiira, dubartii, dargaggeessa, dargaggeettii, qaama hawaasaa hunda jechuu isaaniiti. Qaamni kun hundi yeroo ammaa baree jira jechuu mul'isa.

Dabalataanis, walaloon geerarsaa, *Baalaan martee fiddekaa; gabaan bartee diddekaa…'* jedhu kun akka waliigalaatti kan inni agarsiisu maaster pilaaniin walqabatee lafa isaaniirraa isaan buqqisuuf akka deeman mormuuf kan geeraran ta'uusaati. Gubbaan isaa master pilaaniifi misooma investimentii kan fakkaatu ta'us keessi isaa garuu icciitii biraa kan of keessaa qabudha jechuu agarsiisuuf *gabaan bartee didde…* jechuun geeraru.

Yaduma kana cimsuuf, hawaasni waliin dhugaa jiran *Akka koo duraas miti; harka koo duwwaas miti***….** jechuun jalaa qabuun geeraru. Kun kan agarsiisu, lafti baay'een duraan qaban irraa fudhatamee jira; amma lafti isaan qaban xiqqoodha; kan isaan harkatti hafte kanas maqaa maaster pilaaniitiin yookiin misooma investimentiin irraa fudhachuuf kan deeman waan ta'eef, itti beeknee jirra; hingowwoomnu jechuu kan agarsiisudha. Kana malees, yeroo ammaa dhiibbaan kanaan duraa sun yoo deebi'ee nutti dhufe yeroo ammaa akka duraa sana harka duwwaa akka hinjirru, hubannoo barbaachisu kan qaban ta'uu agarsiisa.

Yaada armaan olii kanarraa ka'uun qoratichi akka gadiitti qaaccessee jira: investimentiin magaalicha keessatti gaggeeffamaa tureefi yeroo ammas gaggeeffamaa jiru iftoomina kan hinqabne, icciitiin kan guutamedha. Kanarraa kan ka'es hawaasni ija shakkiin kan ilaalu qofa osoo hintaane kan mormaa jiru ta'uu agarsiisa. Shakkii qabuufi mormii isaas manneen dhugaatii (keessumattuu mana daadhii keessatti), bakka walgahii gooxiifi gareetti, bakka afooshaafi kkf walaloo geerarsaatti fayyadamuun dhoksaan akkasumas, mul'isanii kan agarsiisan ta'uusaati.
Qaama hawaasaa keessaas dargaggoonni walaloo geerarsaa kanaan ifatti shakkii qaban kan calaqqisiisan yommuu ta'u namoonni gurguddoon/ umriin isaanii deeme mormiifi shakkii qabanillee ifatti mul'isuuf kan sodaatan ta'uu qoratichi hubatee jira. Kunis tarii dhimmuma

kanaan walqabtee lafa qonnaa isaaniirraa wayita buqqa'aa turanitti qaamota aangoo qabaniin miidhaan waan irra ga'aa tureef jiilaniiti ta'uu nimala. Kunis, mataduree qorannoo biroo ta'uu danda'a.

### 4.2.3. Iyyummaaf Saaxilamuu/ Bu'aa Investimentiirraa Fayyadamuu Dhabuu

Babal'ina hojii investimentiin Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwataam tureefi yeroo ammaas gaggeeffamaa jiruun walqabatee hawaasni naannoo walqixa irraa fayyadamaa jiraachuufi dhiisuu isaa qaamni hawaasaa garagaraa maal aka jedhu, isa jedhu kanas maaliin akka ibsatuufi maal jechuus akka ta'e qorachuuf qoratichi Gurraandhala 15 hanga Ebla 30 bara 2011 tti afgaaffiifi daawwannaadhaan odeefkennitootarraa ragaa walitti qabachuun qaaccessee jira.

Daawwannaan kan gaggeeffame daandiiwwan gurguddaa bakka hawaasni bal'inaan itti tajaajilamu, bakka du'a gahii namoonni baay'een walitti qabaman, bakka walgahii gooxiifi garee hawaasaa, maneen dhugaatii garagaraa keessatti qaamaan argamuun, hoteelotaafi giroosariiwwan addaddaa keessatti qaamaan argamuun kan raawwatamedha. Daawwannaa kana gaggeessuufis cheekliistiin qabxiiwwan daawwannaan koo irratti xiyyeeffachuu qabu dursee qophaa'e. Cheekiliistii kana fayyadamuudhaan daawwannichi obsa guddaadhan gaggeeffamee jira. Afgaaffiinis gaaffiiwwan dursanii qophaa'an fayyadamuudhaan qaamolee hawaasaa garagaraa wajjiin fuulaafi fuulatti gaaffii dhiyeessuun kan raawwatamedha. Ragaaleen walitti qabamanis gadi fageenyaan xiinxaluun qaacceffamanii jiru.

Haalumaa kanaan, qoratichi afgaaffii odeefkennitoota wajjiin adeemsiseen akka armaan gadiitti walaloo geerarsaatiin yaada isaanii ibsanii jiru:

*(007) Jireenya maalii jirra*
*(008) Dinnichaafi buqqeen jirra*
*(010) Lafa keenya hoo namaaf hirra*
*(011) Duguuggaa sanyii irra*
*(012) Kuun isaa gadi jira*

Qorataanis yaadaafi geerarsa odeefkennitoota kanneenii bu'uura godhachuun yaada armaan gadii hubatee jira: hawaasni lafti isaanii hojii investimentiif irraa fudhatame hojii inveestimentii yeroo ammaa bulchiinsa magaalichaa keessatti gaggeeffamaa jirurraa akka hinfayyadamneefi iyyummaaf kan saaxilaman ta'uu agarsiisa. Geerarsa armaan olii keessatti toorri walaloo

*Jireenya maalii jirra, dinnichaafi buqqeen jirra…,* jedhu sababa lafti isaanii hojii investimentiif irraa fudhatameef jireenyi isaanii kan miidhame ta'uu jireenya akka hinqabne kan agarsiisudha. Jireenya gadi aanaa jiraachaa kan jiran ta'uu, yeroo hunda dinnichaafi buqqee qofa kan sooratan ta'uu, kunis jireenya isaanii kan hube ta'uu nama hubachiisa.

Kana malees, toorri, *Lafa keenya hoo namaaf hirraa….* jedhus kan agarsiisu lafti irraa fudhatame guddina magaalaaf ta'uu isaakan itti hinamannedha. Lafti isaanii dirqamaan kan irraa fudhatameefi nama biroof akka hirameetti yookiin qooddateetti kan itti dhaga'amu ta'uu kan agarsiisudha.

*(030) Sinbira nyaachuu barbaadan sololiyaa jedhanii*
*(031) Qaruutee dubbattuu afaan diddibanii*
*(032) Iyyoomattee boochee kaa da'immannii.*

Walaloon geerarsa armaan olii kun waliigalatti ummatichi iyyumaaf saaxilamuu isaa kan agarsiisudha. Namoonni ummaticha bulchaa jiru waa'ee mirga ummata isaanii akka hindubbanne afaanitti waa diddibu; jechuunis faayidaa addaddaan gowwoomsanii akka hindubbanne taasisu. Kanarraa kan ka'e miidhamni ummata isaa itti hinmul'atu. Toorri walaloo *'Iyyoomtee booche kaa daa'immanii…'* jedhu kun sababa lafti isaanii irraa saamameef, maatiin ijoolleef waan kennu hinqabu; ijoolleenis kanaaf boo'aa akka jirtu agarsiisuuf walaloo kanatti fayyadaman.

Bifuma walfakkaatuun, qoratichi afgaaffii odeefkennitoota wajjiin adeemsiseen hawaasni mammaaksatti fayyadamuudhaan investimentiin babal'achaa jiru kan isaan fayyade osoo hintaane lafa qonnaa isaaiirraa kan isaan buqqiseefi iyyummaaf kan isaan saaxile ta'uu agarsiisuuf itti dhimma bahu. Mammaaksaan, manneen dhugaatii (keessumattuu mana daadhii) keessatti, dhimma isaanii raawwachiifachuuf mooraa bulchiinsaa magaalaa keessatti yommuu walitti qabaman, bakka afooshaatti, bakka du'a gahiitti…dhimma itti bahu. Mammaaksota ummanni itti fayyadamu baay'een isaa dhuma waraqaa kanaarratti akka dabaleetti kan jiru yommuu ta'u muraasni immoo asii gaditti qaacceffamuun ibsamee jira.

(073) *"Diimannee beekna," jette nuugiin.*
(095) *Abbaa gaariin nama dhalchuu mannaa ayyaana gaarii dhalachuu wayya…*

Mammaaksota armaan olii lamaan kanarraa wanti hubatamu iyyummaaf saaxilamuu isaanii ibsachuu, akkasumas investimentiirraa homaa kan hinfayyadamne ta'uu agarsiisa. Mammaksa

tokkoffaa jalatti yaadni jiru kan inni agarsiisu dur lafa qabu turan; har’a garuu, iyyeeyyii taa;aniiru. Har’a homaa hinqabanu. Akkuma bifti nuugii geeddaramee gurraacha’etti isaanis har’a sababa babal’ina hojii investimentiin lafaafi qe’ee isaaniirraa buqqa’uun jireenyi isaanii gurraacha’ee kan jiru ta’uu agarsiisuuf itti fayyadaman; gadadoo keessa jirra jechuu barbaadanii komiifi quuqqaa qaban ittiin ibsachaa jiraachuu isaanii kan agarsiisudha.

Haaluma walfakkaatuu, mammaaksi ‘b’ jala jiru kan inni agarsiisu abbootiin isaanii lafa isaan dhaalchisanii turan. Abbaan gaariin lafa nama dhaalchiseera. Kun garuu, isaan hinfayyadne. Amma carra-dhabeeyyii ta’anii jiru. Sababni isaas lafa abbaan isaanii isaan dhaalchise sababa babal’ina hojii investimentiifi misoomaatiin lafa abbaan isaanii irraa buqqa’anii jiru; hincarroomne; iyyummaaf saaxilamanii jiru jechuudha. gabaabumatti, mammaaksichi kan agarsiisu lafa abbaa isaaniirraa dhaalan dhabanii iyuummaaf saaxilamuu isaaniiti.

Kana malees, qoratichi manneen dhugaatii (mana daadhii) bakka haawsni baay’een itti fayyadamutti qaamaan argamuun odeefkennitootarraa ragaalee addaddaa walitti qabate keessaa kan biroon kanneen armaan gadiiti:

(096) *Mana farchoofi bara rakkoo achuma taa’anii mataa raasu….*

(075) *“Mana keetti udaan hagna; mana kiyyatti qaayyaa ulanna,” jette masaanuun*

Mammaaksonni lamaan armaan olii kunneen kan agarsiisan sababa babal’ina investimentiin lfti isaanii waan irraa fudhatameef iyyummaaf saaxilamuu isaanii ibsa. Fakkeenyaaf, mammaaksa tokkoffaa jala yaadni jiru kan inni agarsiisu yeroo ammaa kana lafti isaanii sababa babal’ina hojii investimentiifi misoomaatiin irraa fudhatamee jira; homaas hinqaban; jireenyi isaanii mana farchootti galee jira waan ta’eef garamittuu socho’uu akka hindandeenye agarsiisa. Socho’uufis maallaaqa kan hinqabne ta’uufi barri ammaa kun isaaniif bara rakkoo ta’uu isaa ibsachuu isaanii agarsiisa. Gabaabumatti, amma rakkoo keessa kan jiran ta’uu ibsachuuf mammaaksa kanatti fayyadaman.

Bifuma kana fakkaatuun, yaadni mammaaksa lammaffaa keessa jrus yeroo ammaa q’een / jireenyi isaanii kan miidhame ta’uu, namoonni maqaa investimentiin lafti isaanii kennamee jireenya gaarii jiraacha kan jiran, urgaa’aa jiraachaa kan jiran ta’uufi warri lafa isaanii hojii investimentiif kennan immoo jireenya hinurgoofne jiraachaa kan jiran ta’uu agarsiisa.

Yaadota kanneenirraa ka’uun qoratichi akka armaan gadiitti qaaccessee jira: sababa babal’ina hojii investimentiifi maqaa misoomaatiin qonnaan bulaa baay’een iyyummaan hamaaf kan

saaxilaman ta'uusaati. Hawaasichi babal'ina inveestimentii yeroo ammaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti gaggeeffamaa jiruufi duraanis gaggeeffamaa ture ilaalchisee kan itti hingammanne ta'uufi kanas hawaaasichi afaanitti fayyadamee quuqqaa yookiin komii qabu dhoksaanis ta'e ifatti ibsachaa kan jiruu ta'uusaati. Fayyadamni affannii hawaasicha bira jirus bifa geerarsaa, mammaaksaafi kan biroon kan mul'atu ta'uusaa agarsiisa.

### 4.2.4. Balaaleffannaa Qaban Ibsachuu

Babal'ina hojii investimentii yeroo ammaa Magaalaa Buraayyuu keessatti adeemsifamaa jirurratti hawaasni magaalichaa balaaleffannaa qaama qaama addaddaarraa qabu fayyadama afaanii bifa geerarsaa, mammaaksaa, durduriifi ogafaan biroon fayyadamuun ibsachaa jira. Balaaleffannaan isaa kunis kan agarsiisu qaamni mootummaa hawaasicha lafa qonnaa isaarraa wayita buqqisetti waada galeef kan hineegiin ta'uu kan agarsiisufaa ofkeessaa qaba. Ragaaleen odeefkennitootarraa guuraman dhuma waraqaa qorannoo kanaarratti dabalee ta'anii kan dhiyaatanii jiran yommuu ta'u muraasni akka armaan gadiitti qaacceffamuun ibsamanii jiru. Haaluma kanaan, qorataan gaafa 12/07/2011 bakka hafooshaa ummanni baay'een walga'ee jirutti daawwannaa gaggeesseen namoonni durduriitti fayyadamuun gochaawwan babal'ina hojii investimentiin walqabatee yeroo ammaa Bulchiinsaa Magaalaa Buraayyuu keessatti mul'achaa jiru ittiin balaaleffataa kan jiran ta'uu hubatee jira. Akka fakkeenyaattis durduriin ar turan.

> *(129) Bara durii adurreefi hantuunni hiriyaa waliif turan. Gaafa tokko nyaata barbaacha odoo deeman baaduu qabee tokko argatan. Lamaan isaaniiyyuu adda qooddatanii yeroodhuma sana dhuganii fixuuf murteeffatan. Tooftaa ofii ittiin qooddatanii dhugan dhabnaan, hantuunni mala malte. Isheenis, "Jeedala bira deemnee qixxeetti nuuf yaa qooddu," jette. Adurreenis itti waliigaltee jeedala bira deeman. San booda, jeedalli baaduu sana madaala irra yommuu keessu, karaa tokko madaalli gadi bu'e. Isheenis, madaala wal qixxeessuuf jecha irraa fuutee afaan kaawwatte. Amma immoo karaa biraa gadi bu'e. Ammas gara caalurraa fuutee afaan kaawwatte. Ammas karaa hantuutaa gadi bu'e…. Achiin booda, "Ani qooduu hindanda'uutii fudhaa deemaa," jette jeedalli. Boodarra adurreefi hantuunni harka duwwa galan jedhama.*

Durdurii armaan olii kunis wanti inni agarsiisu hawaasichi dhimma addaddaa raawwachiifachuuf, keessumattuu dhimma lafaan irraa fudhatameen walqabatan raawwachiifachuuf, gara bulchiinsa magaalaa wayita deemanitti sababa namoota gidduu deemtota/ gidduu nyaattotaan (dallaalotaan) dhimmi isaanii yeroon akka hinraawwatamneef ta'a. Gidduu nyaattonni yeroo tokko qaama mootummaa bira dhaquun haala itti lafa qote bulaarra

fudhatamu kana faayidaa waleef oolu waliin mariyatu; achii as deebi'anii immoo qonnaan bultoota lafti irraa fudhatame bira deemuun anatu dhimma keessan isiniif ficcisiisa jechuun matta'a (maallaqa ykn kan biroo) irraa fuudhuun gama lachuuyyuu dararaa kan jiran ta'u ibsachuuf dudurii kanatti dhimma ba'an.

Kanarraa ka'uun qoratichi yaada armaan gadii qaaccessee jira: Hawaasichi babal'ina hojii inveestimentii yeroo ammaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti gaggeeffamaa jiruufi duraanis gaggeeffamaa ture afaanitti fayyadamuun balaaleffannaa yookiin mormii qabu dhoksaanis ta'e ifatti ibsachaa kan jiruu ta'uufi kana keessaas tokko durduriitti dhimma ba'aa akka jiru agarsiisa. Sababni isaas, yommuu lafti irraa fudhatamu giddu deemtonni yookiin dallaalonni gama mootummaas fakkaachaa gama ummataas fakkaachaa baay'ee isaan dararaa kan jiran ta'uusaati. Kanarraa kan ka'e, hawaasichi kaffaltii beenyaa seeraan hinargatan; innumti kaffalamu yeroon kan hinkennamneef ta'uufi kunis hojii investimentii gaggeeffamaa jirurratti gammachuu akka isaan dhabsiisu kan taasise ta'uu agarsiisa.

Bifuma kana fakkaatuun, ummanni balaaleffannaa hojii investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamaa jirurratti qaban mammaaksaan kan ibsatan ta'uusaati. Ragaaleen dhimma kanarratti guuraman baay'een akka dabaleetti dhuma waraqaa qorannoo kanaatti kan gale yommuu ta'u muraasni immoo haala armaan gadiin qaacceffamuun ibsamanii jiru:

*(100) Aannan mucha lama keessaa bahu tokkichuma….*

*(125) Akka feeteen dubartii akka feete dubbatti…*

Mammaaksonni armaan olii lamaan kan isaan agarsiisan ummatichi fayyadama afaanii bifa mammaaksaa qabuun hojii investimentii yeroo ammaa magaalicha keessatti babal'achaa jiru balaaleffataa kan jiran ta'uu agarsiisa. Mammaaksa *tokkoffaa* jala yaadni jiru kan inni agarsiisu, qaamni mootummaa sadarkaa hundarra jiru garaagarummaa kan hinqabne; inni gooxiifi ganda bulchus, inni kutaa magaalaafi magaalittii guutummaatti bulchaa jirus amalli isaanii walfakkaata. Hunda isaaniitu nu miidhe; hunda isaaniirraa komii qabna ykn hunda isaanii balaaleffanna jechuu kan agarsiisudha. Akkasumas, hundi isaanii matta'a akka kenninuuf gaafatu jechuuf balaaleffannaa qaban ittiin ibsatu.

Akkasumas, yaadni mammaaksa *lammaffaa* jala jirus kan inni agarsiisu qaamni mootummaa hawaasa akka tajaajiluuf waajjira mootummaa keessa kaa'e qonnaan bulaa lafasaarraa buqqa'etti akkuma fedhan lolaafi itti dheekkamaa kan jiran ta'uu, kabaja kan hinkennineef ta'uu

balaaleffannaa qaban bifa mammaaksaa kanaan ibsachuu isaanii agarsiisa. Mammaaksota akkanaa kanneenis bakka addaddaatii dhimma addaddaatiif yommuu walgahan dhimma itti bahu. Fakkeenyaaf, bakka afooshaatti, lafa isaanii hojii investimentiif irraa fudhatameef gaaffii mirgaa gaafachuuf waajjira bulchiinsa gandaafi bulchiinsa magaalaa yommuu dhaqanii walgahan, manneen dhugaatii garagaraa keessatti dhimma itti bahu.

Kana malees, qoratichi manneen dhugaatii (mana daadhii) bakka haawsni baay'een itti fayyadamutti qaamaan argamuun odeefkennitootarraa ragaalee addaddaa walitti qabate keessaa kan biroon akka armaan gadiitti qaacceffamanii jiru:

(104) *Bulchaan saree odoo hindhalatiin garaa keessaa dutti.*

(102) *Kan loltus, kan hinlolles shimala qaqxi…*

(101) *Du'a obboleessa ishee qamaleen cidha seetee kofalti…,*

*(071)* Bara *leenci nama nyaate, Deeroon nama kajeelti*…'

Mammaaksonni armaan olii sadeen kan isaan agarsiisan ummatichi fayyadama afaanii bifa mammaaksaa qabuun hojii investimentii yeroo ammaa magaalicha keessatti babal'achaa jiru balaaleffataa kan jiran ta'uu agarsiisa. Yaadni mammaaksa *tokkoffaa* jala jiru kan inni agarsiisu, qaama mootummaa keessaa namoonni tokko tokko har'uma gara aangootti dhufanii hawaasa tajaajila barbaacha gara waajjira mootummaa dhaqan kan lolan ta'uu, kan itti dheekkaman ta'uufi matta'a kan gaafatan ta'uu agarsiisuuf itti fayyadaman.

Akkasumas, yaadni mammaaksa *lammaffaa* jala jirus kan inni agarsiisu hunduu beekaa of godheetu akka fedhetti dubbata jechuun balaaleffannaa qaban ittiin ibsatu. Qaamni mootummaa hawaasa akka tajaajiluuf waajjira mootummaa keessa kaa'e kan dhimmi isa hinilaallannes ani nan beeka dhimma kee siifan ficcisiisa jechuun isaan dararaa akka jiran ittii ibsachuuf mammaaksota akkanaatti dhimma bahuu isaaniitu hubatama. Bifuma walfakkaatuun yaadni mammaaksa *sadaffaa* jala jiru kan inni agarsiisu mootummaan isaan miidhee, ajjeesee jira; miidhama isaaniittis kolfaa jira. Kun garuu gowwummaadha; nuti obbolaan isaaniiti malee diina miti; wanti isaan hojjatan dogoggora ta'uufi qaama isaan miidhe kana ittiin balaaleffachuu isaanii kan agarsiisudha.

Yaadni mammaaksa *afuraffaa* jiru immoo kan inni agarsiisu waajjira bulchiinsaa keessa namoonni hojjatan matta'a namarraa nyaachuuf kan kajeelan ta'uu, namoonni biroon (anga'oonni gurguddoon) matta'a nyaatan malee dhimma isaanii akka hinraawwaneef ta'uu kan

agrsiisudha. *Bara leenci nama nyaate* kan jedhu kun bara abbootiin aangoo gurguddoon matta'a nyaatan malee dhimma keenya nuuf hinraawwatan jechuu barbaadaniiti. ..*Deeroon nama kajeelti* kan jedhu kun immoo ogeeyyiin xixiqqaan jala jala jiranis akkuma warra gurguddoo sanneenii matta'a nurraa nyaachuuf nu kajeelu jechuu isaaniiti.

Qorataanis ragaaleefi odeeffannoo daawwannaafi afgaaffiirraa argate bu'uura godhachuun akka armaan gadiitti qaaccessee jira. Babal'ina investimentiin walqabatee hawaasni magaalichaa lafa qonnaa isaa irraa buqqa'uu isaanii mootummaa balaaleffachaa kan jiran ta'uu agarsiisa. Balaaleffannaa qaban kanas ogafaan kanneen akka mammaaksaa, durduriifi kanneen kana fakkaatan fayyadamuun iddoowwan garagaraatti (bakka walgahiitti, mana dhugaatiitti, iddoo afooshaatti, mooraa waajjira mootummaa keessattillee, daandiirra yommuu deemanillee) dhoksaanis ta'e ifatti ibsachaa kan jira tna'uu agarsiisa. Lafa qonnaa isaarraa kan buqqises orma qofa osoo hintaane qaamuma isaa, lammii isaa ta'uu afaanota sirriitti kan agarsiisanidha.

### 4.3.5. Samamuu Isaanii Ibsachuu

Gama birootiin, qoratichi dhimma hojii investimentiif lafa abbootii lafaarraa fudhatamuuf abbootiin lafaa lafa qonnaa isaanii itti amananii kennuufi kennuu dhiisuu isaanii (humnaan saamamuun) walqabatee qaamni hawaasaa gagaraa maal akka jedhu, isa jedhu kanas afaan akkamiin akka ibsatuufi ergaa inni qabu ilaalchisee ragaa ga'aa argachuuf baatii Gurraandhalaa hanga dhuma baatii Eblaa bara 2011 tti daawwannaafi afgaaffii adeemsisee jira.

Daawwannaafi afgaaffiin adeemsifame kunis namoota lafti irraa fudhatame dhimma isaanii raawwachiifachuuf yeroo dheeraaf waajjira Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuuttii deddeebi'aa turan biratti qaamaan argamuun waan isaan jedhan obsaafi icciitiin dhaggeeffachuu, daandiiwwan gurguddaa hawaasni bal'inaan irra deddeemu, bakka gaddaa hawaasni waalitti qabamu keessatti qaamaan argamuun, bakka cidhaatti argamuun, manneen dhugaatii (keessumattu mana daadhii) bakka ummanni bal'inaan walitti qabamu gidduutti qaamaan jidduu isaanii taa'uun waan isaan jedhan dhaggeeffachuufi kanneen kana fakkaatanirraa kan raawwatamedha.

Fayyadama afaanii bifa geerarsaan, mammaaksaan, malleen dubbiin, durduriin…wanti isaan fayyadaman ergaa akkamii akka dabarsutu qaacceffamuun ibsame. Namoota lafa isaanii kennan waliinis afgaaffii adeemsisuun ragaan dabalataa walitti qabamee jira. Ragaaleen walitti

qabaman hedduun dabalee ta'uun dhumaa waraqaa qorannoo kanaatti maxxanee jira; muraasni immoo akka armaan gadiitti balballoomee jira:

*(037) Isa abbootiin keenya tursiisan*
*(038) Kan dhaloota ofiitiif dhaalan*
*(039) Guddina magaalaa jedhanii*
*(040) Lafa margaa dhabamsiisani*
*(041) Qaala'ee argame aannaniifi fooni.*
*(042) Nutti fakkeessanii ijoollumti keenyaa*
*(043) Harka duwwaa taanee dhabnekaa qabeenya*

*(049) Qawwee namaa fuudhanii*
*(050) Kuruphee itti ajjeesanii*
*(051) Abbaa mirgaa ta'uuree*
*(052) Mana namaa dhaqanii*
*(053) Itti nama hamatanii*
*(054) Abbaa warraa ta'uuree*
*(055) Lafti keenya keenyaaree*
*(056) Tollaan keecha teenyaaree*
*(057) Natti fakkaachuu dide*

Walaloo gerarsaa armaan olii kanarraas wanti hubatamu qabeenya abbootiin isaanii isaan dhaalchise saamamu isaanii agarsiisa. Toora jalqabaa keessatti *..Isa abbootiin keenya tursiisan..*'kan jedhu lafa abbootiin isaanii irraa fudhatan isaanis dabarsanii dhaloota itti aanuuf dhaalchisuu qaban akka dhabanitti ibsachuu agarsiisa. Kanas guddina magaalaatiif jechuun gowwoomsanii akka irraa saaman ibsachuuf, *..Guddina magaalaa fakkeessanii, lafa margaa dhabamsiisanii..* ' jechuun walaloo geerarsaatiin saamamuu isaanii ibsatu. Toorri walaloo '*Nutti fakkeessanii ijoollumti keenya…*' kan jedhu immoo saamicha kan isaanirratti raawwate orma osoo hintaane ijoolluma isaanii akka ta'eetti ibssuu barbaadaniiti. Saamamuu isaaniitiin harka duwwaatti akka hafan ibsachuufis, '*Harka duwwaa taanee dhabnekaa qabeenya…'* jedhuun ibsatu.

Buufata lammaffaa keessattis lafa isaanii samamuu isaanii ibsachuuf kan geeraran ta'uu agarsiisa. Fakkeenyaaf, toorri walaloo, '*Lafti keenya keenyaaree, tollaan keecha teenyaaree, natti fakkaachuu dide…'* jedhu kunis kan inni agarsiisu lafa hinqabnu; nurraa fudhatamee jira; saamamnee jirra; amma garuu rakkannee keessa jirra malee keenya miti. Magaalaan akkanatti hojii investimentiin babal'atte kunis keenya miti; abbaa qabdi jechuu barbaadaniiti. Walaloo geerarsaa kanaafi kanneen kana fakkaataniin lafa isaanii qaama biraatiin saamamuu isaanii ittiin ibsatu.

Bifuma kana fakkaatuun, ummanni sababa babal'ina hojii investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamaa jiruutiin saamamuu isaa ibsachuf fayyadama afaanii bifa mammaaksaa qabuun ibsachaa kan jiran ta'uu hubatamee jira. Ragaaleen dhimma kanarratti guuraman baay'een akka dabaleetti dhuma waraqaa qorannoo kanaatti kan gale yommuu ta'u muraasni immoo haala armaan gadiin qaacceffamuun ibsamanii jiru:

(071) *Bara leenci nama nyaate, deerroon nama kajeelti.*

(116) *Namni mirga hinqabne leenca dulloomedha; lachuu ergisa hintaatu.*

Mammaaksonni armaan olii lamaan kan isaan agarsiisan ummatichi fayyadama afaanii bifa mammaaksaa qabuun hojii investimentii yeroo ammaa magaalicha keessatti babal'achaa jiruuf jecha lafa isaanii akka saamaman ibsachuuf kan itti fayyadaman ta'uusaati. Yaadni mammaaksa jalqabaa keessa jiru kan inni ibsu inni guddaanis, inni xiqqaanis isaan saamuu akka barbaadu agarsiisa. Anga'oonni waarri gurguddoon nu saamanii jiru; warri jalaas nu saamuuf hamuummatu jechuu kan ibsudha.

Yaadota kanneenirraa ka'uun qoratichi akka armaan gadiitti qaaccessee jira: sababa babal'ina hojii investimentiifi maqaa misoomaatiin qonnaan bulaa baay'een lafa isaanii saamama kan jiran ta'uusaati. Ummatichi miidhaa irra gahe kana afaanitti fayyadamee quuqqaa yookiin mormii qabu dhoksaanis ta'e ifatti ibsachaa kan jiruu ta'uusaati. Fayyadamni afaanii hawaasicha bira jirus bifa geerarsaa, mammaaksaafi kan biroon kan mul'atu ta'uusaa agarsiisa.

### 4.3.6. Gaabbii Qaban Ibsachuu

Qoratichi Gurraandhala 20 hanga Ebla 30 bara 2011 tti manneen dhugaatii (keessumattuu mana daadhii), daandiiwwan gurguddaa hawaasni baay'inaan irra deddeebi'uu daawwachuun akkasumas, mooraa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuufi waajjira gandaa keessatti qaamaan argamuun abbootii dhimmaa dhimma addaddaa raawwachiifachuuf achitti deddeebi'an daawwachuun odeeffannoo walitti qabatee jira. Bakka qaamaan argamee daawwate keessatti dursee cheekiliistii qopheeffachuun dhimma iftoomina dhabuu babal'ina inveestimentii ilaalchisee hawaasni maal akka jedhu, wanti isaan jedhan kun maal akka agarsiisu daawwannaa gaggeessuun ragaa dabalataa walitti qabatee jira.

Qoratichi daawwannaa adeemsiseen hojii investimentiifi maqaa hojii misoomaatiif jecha lafa qonnaa isaanii dabarsanii kennuu isaaniif kan gaabban ta'uu hubatamee jira. Fakkeenyaaf, manneen dhugaatii (keessumattuu mana daadhii) garagaraa keessatti bifa mammaksafi walaloo geerarsaaniin yaada gaabbii qaban ibsatu. Ragaaleen walitti qabaman baay'een dabalee ta'ee dhuma waraqaa kanaatti maxxanee jira; muraasni immoo filatamuudhaan akka armaan gadiitti qaacceffamuun ibsamanii jiru:

*(097) Bulee naaf gale dubbiin harmee," jette intallii….'*

*(098) Aangoon ganama dhufa; yaadni galgala dhufa….*

Mammaksonni armaan olii hundi isaanii gaabbii hawaasichi hojii investimentiifi hojii misoomaatiif lafa qonnaa isaanii dabarsanii kennuu isaanii ilaalchisee qaban dhoksaan ykn ifatti dubbatan kan agarsiisudha.

Mammaaksa *tokkoffaa* keessatti hawaasichi osoo akka har'aatti naaf galee jira ta'e lafa kiyya dabarsee qaama biroof hinkennu kan jedhu agarsiisuuf itti fayyadaman. Kunis kan agarsiisu lafa qonnaa isaanii dabarsanii kennuutti gaabbuu isaanii agarsiisa. Dura yommuu lafa qonnaa isaanii irraa fuudhan maqaa misoomaatiin isaanis akka misoomuu danda'anitti gowwoomsuun ture. Haata'u malee yeroo ammaa wanti isaan qunnamaa jiru faallaa sanaa ta'uu agarsiisa. Osoo akkas ta'aa beekanii hinkennan turan jechuudha.

Mammaaksa *lammaffaa* armaan olii keessattis hawaasichi sababa hojii investimentiin lafa qonnaafi qe'ee isaanii gadi dhiisuun isaanii baay'ee kan isaan gaabbisiise ta'uu agarsiisa. Dura yommuu maqaa misoomaatiin nu gowwoomsan yaadni akka ammaa kanatti nuuf hingalle ture. Amma reefu yaadni nuuf dhufe jechuun gaabbii isaanii ittiin ibsachaa jiru. Haalli yookiin yeroon faallaa akka taate, kan isaan yaadaniifi kan isaan qunname waliif faallaa akka ta'e ibsachuuf mammaaksa kana fakkaatutti dhimma bahuu isaanii agarsiisa.

Bifuma walfakkaatuun, mammaaksi armaan olii kun kan inni agarsiisu hawaasichi sababa babal'ina investimentiin walqabatee lafa qonnaafi qe'ee isaa dabarsee hojii investimentiifi maqaa hojii misoomaatiif kennuun baay'ee kan isa gaabbisiise ta'uu kan ibsudha. Lafa ofiirraa buqqa'uu manna osoo of ajjeesanii wayya kan jedhus of keessaa qaba. Kun immoo gaabbii agarsiisa.

Kana malees, hawaasichi fayyadama afaanii bifa geerarsaa qabuun hojii investimentiifi hojii misomaatiif lafa qonnaafi qe'ee isaanii dabarsanii kennuutti gaabbuu isaanii ibsatu. Muraasni akka armaan gadiitti qaacceffamuun ibsamee jira:

*(020) Odoo saree qabaannee*
*(021) Saree rimaa qabaannee*
*(022) Hoolaa bineensi hin nyaatu*
*(023) Odoo marii qabaannee*
*(024) Marii hiriyyaa qabaannee*

Walaloo geerarsaa armaan olii keessatti hawaasichi gocha darbetti gaabbuu isaa agarsiisa. Fakkeenyaaf, toora walaloo, ..*odoo saree qabaannee, saree rimaa qabaannee, hoolaa bineensi hin nyaatu*…' jedhu kan inni agarsiisu osoo akka ammaatti mariyaannee hojjanne ta'ee rakkoo har'aa kanaaf hinsaaxilamnu kan jedhu of keessaa qaba. Kun immoo gaabbii kan agarsiisudha. Qorataanis ragaafi odeeffannoo daawwannaafi afgaaffiirraa argate bu'uura godhachuun akka armaan gadiitti qaaccessee jira: babal'ina hojii investimentiifi hojii misoomaan walqabatee hawaasni lafa qonnaafi qe'ee isaa kennuun kan isa gaabbisiise ta'uu hubatee jira. Gaabbii qaban kanas mammaaksatti fayyadamuun iddoowwan garagaraatti (bakka walgahiitti, mana dhugaatiitti, iddoo afooshaatti, mooraa waajjira mootummaa keessattillee, daandiirra yommuu deemanillee) dhoksaanis ta'e ifatti ibsachaa kan turan ta'uu agarsiisa. Lafa qonnaa isaarraa buqqa'uun amma reefuu kan isa aarsaa jiruufi itti gaabbaa kan jiran ta'uu sirriitti kan agarsiisudha.

### 4.3.7. Dhaamsa Waliif Dabarsuu Agarsiisuu

Ragaaleen daawwannaafi afgaaffiin guuraman kan biroon immoo ergaa isaan qaban hawasichi dhaamsa waliif dabrsuu isaanii kan ibsudha. Daawwannaa baatii Gurraandhalaa hanga Eblaa bara 2011tti adeemsifameen qoratichi waallee dubbii investimentii Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessa ergaan jiru hawaasni gochaalee hammeenyaa lafa isaaniirratti raawwatamaa jiru akka hubatuufi akka hingowwoomne dhaamsa kan ittiin dhaammatan ta'uu hubatee jira. Keessumattuu hawaasichi manneen dhugaatii (mana daadhii) keessatti faaruu sirbaan dhaamsa waliif yommuu dabarsan argama. Ragaan dhimma kana ilaalchisee walitti qabame dbalee ta'ee dhuma waraqaa qorannoo kanaatti galee jira. Muurasni immoo akka armaan gadiin qaacceffamuun ibsamee jira:

(135) Master pilaanii jedhanii,

(136) Sanyii si duguuguuf malanii,

(137) Tokko taanee,

(138) Diinaan falmina olkaanee.

(139) Lafa kee gadi hinlakkisiin,

(140) Eenyu abbaa isheeti gurbaa,

(141) Kan daangaa keenya seenuuf deemtu.

(142) Gaaddisa tumaa seeraa,

(143) Seera Caffee Tuulamaa,

(144) Dhiigumaan si tiksina,

(145) Nutis kaane tokkummaan…

Walaloon faaruu sirbaa armaan olii kun kan inni agarsiisu maqaa master pilaaniifi maqaa misoomaatiin lafa isaanii irraa fudhachuuf waan karoorfatanii jiraniif akka lafa ofii gadi hinlakkisne dhaamsa waliif dhaamuu isaanii kan ibsudha. Kana gochuudhaafis tokko haa taanu; diina haa falminu ol kaanee/sochoonee; lafa kee gonkuma gadi hinlakkisiin kan jedhu ergaa qaba.

Kanaa malees, toorri walaloo ….*eenyu abbaa isheeti gurbaa kan dangaa keenya seenuuf deemu* … jedhu kun dhaamsa waliif dhaamuu isaanii kan agarsiisudha. Akkaa waliigalaatti faaruu sirbaa kana kessatti bamaqaaleen ramaddii tokkoffafi lammaffaan irra deddeebi'uun mul'atee jira. Kun immoo, waallee dubbii kana keessatti dhaamsaa kan waliif dhaamaa jiran ta'uu sirriitti agarsiisa.

Bifumaa kana fakkaatuun, walaloo geerarsaa armaan gadii keessatti waalleen dubbii investimentii magaalaa keessa jiru ergaa inni qabu haa ilaallu:

*(044) Ija kiyya lafa argu*
*(045) Miila kiyya laga darbu*
*(046) Namni afaan natti hindarbu*
*(047) Humna kiyya guutuu jiru*
*(048) Maafan nama gabbara*

Walaloon asii olii keessattis ergaan mul'atu ka'een falmadha; namoota matta'a na gaafataniif matta'a kennuu hinqabu; ofirraa mormachuun qaba kan jedhu agarsiisa. Toorri' ...*miila kiyya laga darbu, namni afaan natti hindarbu* ...' jedhu bu'ee ba'een mormadhha malee namni kamuu

gocha kanaan dura narratti hojjate lammata narratti hinhojjatu jechuudha. Akkasumas, namni biroonis lafa isaa akka hinkennine; mormachuu akka qaabu dhaamsa ittiin dabarfachaa jira. Dabalataanis, ummanni sababa babal'ina hojii investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamaa jiruutiin kanaan booda miidhaan akkasii akka deebi'ee itti hindhufne akka dammaqee ofirraa ittisu mallen dubbiitti fayyadamuun dhaamsa qaban waliif dhaamu. Ragaaleen dhimma kanarratti guuraman baay'een akka dabaleetti dhuma waraqaa qorannoo kanaatti kan gale yommuu ta'u muraasni immoo haala armaan gadiin qaacceffamuun ibsamanii jiru:

*(126) Dacheen ofii jaartii ofiiti; lachuu ergisa hintaatu.*

*(125) Akka du'anitti hafan malee akka kufanitti hinhafan.*

Mammaksonni lamaan armaan olii kunniin hawaasichi dhaamsa waliif dhaamaa jiraachuu kan agarsiisudha. Mammaaksi '*….dacheen ofii jaartii ofiiti; lachuu ergisa hintaatu…*' jedhu keessa ergaan jiru akkuma haadha manaa keenya dabarsinee nama biroof hinkennine lafa keenyas of harkaa baasuu hinqabnu; jabaannee eeggachuu qabna kan jedhu ofkeessaa qaba. Kanaanis dhaamsa waliif dhaamaa jiraachuu agarsisa.

Mammaaksi', … *Akka du'anitti hafan malee akka kufanitti hinhafan…'* jedhu dhaamsi inni qabu jabaadhu har'a kufne malee boru ka'uun keenya hinooluu; lafa keenya har'a nurraa fudhatame yoo jabaannee falmannee deebifachuun keenya hinoolu. Abdii hinkutannu ergaa jedhu ittiin waliif dabarsaa jiru.

Akka waliigalaatti, ragaafi odeeffannoo meeshaalee funaansa ragaa daawwannaafi afgaaffiin guuraman irraa qaacceffamanirratti hundaa'uun qoratichi yaada dimshaashaa armaan gadii kaa'ee jira. Fayyadamni afaanii babal'ina hojii investimentii Bulchiinsaa Magaalaa Buraayyuu keessa jirurratti argamu ergaa garagaraa kan qabu ta'uu hubatee jira. Ergaa fayyadamni afaanii kunniin qaban keessaa muraasni,

- Komii qaama garagaraarraa qaban ibsachuu isaanii agarsiisa.
- Hojiin investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamaa jiru iftoomina kan hinqabne ta'uu agarsiisa.
- Ummanni baay'een iyyummaaf saaxilamuu/ bu'aa investimentiirraa fayyadamuu dhabuu agarsiisa.
- Balaaleffannaa qaban kan ittiin ibsatan ta'uu agarsiisa.

- Saamicha jiru ibsuu agarsiisa.
- Gaabbii qaban ibsachuu isaanii agarsiisa.
- Dhaamsa waliif dabarsuu agarsiisa.

## 4.3. Tarsiimoowwan Waallee Investimentii Gufachiisuufis Ta'e Milkeessuuf Dhimma Itti Bahaman

Akuuma boqonnaa tokkoffaa jalatti ibsame qorannichi gaaffilee bu'uuraa qorannoo kanaa kan ta'an sadeeniif deebii kan kennudha. Gaaffilee bu'uuraa kanneen keessaa tokko kan ta'e 'tarsiimoowwan waallee hojii investimentii Bulchiinsaa Magaalaa Buraayyuu keessa jiru milkeessuuf/tumsuufis ta'e gugachiisuuf dhimma itti bahaman adda baasuun qaaccesuun ibsuu' jedhu kan ilaallatudha.

Kana keessatti qoratichi hojii investimentii yeroo ammaa bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti gaggeeffamaa jiru tumsuuf/milkeessuuf yookiin gufachiisuuf tarsiimoowwan waallee dhimma itti bahamaa jiran maal fa'i kan jedhuuf ragaalee dabalee ta'anii dhuma waraqaa qorannoo kanaan walqabasiifamanii dhiyaatan keessaa kanneen gaaffii qorannichaa galmaan gahu jedhaman filachuun qaaccessee jira.

Boqonnaa lama fuula 28 irratti akkumaa ibsamee jirutti Walker (1994) tarsiimoo yoo ibsu, "*A discourse strategy can generally be defined as a strategy for communication between or among people,"* jedha. Yaada armaan olii kana irraas wanti hubatamu tarsiimoon waallee tarsiimoo walqunnamtii yookiin walitti dhufeenyaa namoota gidduutti raawwatamu keessatti tarsiimoo itti dhimma ba'amu ta'uusaati. Tarsiimoon kunis walitti dhufeenya namootaa bakka addaddaatti taasifamu keessatti dhimma itti ba'ama. Fakkeenyaaf, bakka daldalaatti, bakka walgahiitti, adeemsa baruu-barsiisuu keessatti, hojii mootummaa keessattiifi bakkeewwan kanneen kana fakkaatan ta'uu nimala. Tarsiimoon waalle dhimma tokko gufachiisuuf, yookiin tumsuuf dhimma itti bahama.

### 4.3.1. Tarsiimoowwan Investimentii Gufachiisuuf Dhimma Itti Bahaman

Akkuma boqonnaa lammaffaa keessatti ibsame tarsiimoon muuxannoo gareen hawaasaa qabu tokko ijaaruu yookiin diiguu keessatti faayidaa qaba. Wodak et al (2009) yaada mataduree kanaan walfakkaatu yoo ibsu, "*Constructive, perpetuation, justification, destructive, etc. as macro-strategies used in the discursive construction*…," jedha. Kunis kan agarsiisu tarsiimoo

waa ittiin ijaaruu, itti fufsiisuu, yaada dhiyeessuu, diignuufi kanneen kana fakkaatan tarsiimoo waallee kanneen guguddaa akka ta'an kan agarsiisudha. Tarsiimoon ijaarsaa tokkummaa cimsuun, itti firoomuun, eenyummessuun yaada biyyoolessummaa uumuuf yaala. Tarsiimoon diiguu garuu tarsiimoo waa tokko diiguuf kan kaayyeffatudha.

Tarsiimoo diigumsaa ilaalchisee Blackledge (2005) yoo ibsu, "*In most cases, destructive strategy is used by a group to systematically dismantle parts of the existing norms to show formal change without bringing new model that substitute the older one*," jedha. Yaadni armaan olii kan agarsiisu tarsiimoon waan tokko ittiin diigan kan gareen olaantummaa qabu tokko itti fayyadamu ta'ee duudhaa amma jiru tooftaan cicciruun utuu kan duraan ture kan biroon bakka hinbuusiin jijjiirama idilaawaa kanneen agarsiisan ta'uu ibsa.

Qorannoo kana keessattis hojii investimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti gaggeeffamaa jiruun walqabatee tarsiimoowwan waallee warra gurguddaa ta'aniifi warra xixiqqaa ta'an hojii investimentii diiguuf/gufachiisuuf hojiirra oolaa jiran maal akka ta'antu qaacceffamuun dhiyaatanii jiru. Tarsiimoolee dhiyaatan keessaa inni tokko namoonni caasaa seerlugaa fayyadamuu akkamitti tarsiimoo waallee akka dhimma itti bahan ibsamee jira. Isaan kunis, geerarsaafi mammaaksatti fayyadamuun hojii investimentii gufachiisuuf akka tarsiimoo waalleetti akkamitti akka itti fayyadamantu bal'inaan fakkeenya wajjiin ibsamee jira. Kana malees, malleen dubbiifi afoola kaanitti akka tarsiimoo waalleetti hojii investimentii gufachiisuuf akkamitti akka dhimma itti bahantu ibsamee jira.

#### 4.3.1.1. Tarsiimoo Bamaqaalee Fayyadamuu

Hawaasni Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu hojii investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamaa jiru gufachiisuuf/ balaaleffachuuf walaloo addaddaa keessatti bamaqaalee irra deddeebiin fayyadamuun dhimma itti ba'a. Ragaaleen madda raga addaddaarraa guuraman dabalee ta'uun dhuma waraqaa qorannoo kanaatti kan hidhaman yommuu ta'u muraasni immoo haala armaan gadiin qaacceffamanii jiru.

*(001) Inni abbaan* ***koo*** *guddise*
*(002) Kabballaan* ***na*** *kuffiise*
*(003) Barcuma* ***koo*** *fudhatee*
*(004) Bakkuma* ***koo*** *hubatee*
*(005) Oromoon Abbaa Booraa*
*(006) Lafa* **isaa** *dhabee jooraa…..*

Walaloo geerarsaa armaan olii keessatti sararoota tokkoffaa, sadaffaafi afuraffaa keessatti bamaqaa qeentee abbeentaa agarsiiru *koo* kan jedhutu irra deddeebi'ee mul'ata. Bamaqaan kunis ramaddii tokkoffaan kan agarsiisudha. Kun immoo kan inni mul'isu abbaan sun giddugaleessa of godhachuun dhuunfaa isaatti miidhamaa akka ta'e agarsiifachuuf kan dhimma itti bahamedha. Bifuma walfakkaatuun toora lammaffaa keessatti bamaqaan ramaddii tokkoffaa ta'e *na* kan jedhu walalicha keessatti itti fayyadamee jira. Kunis kan agarsiisu babl'ina investimentiin walqabatee kan kufee jiru yookiin miidhamaan abbuma geerarsa kanaa ta'uufi innis balaaleffachaa jraachuu kan agarsiisudha. Yaada kana cimsuufis boqonnaa lammaffaa fuula 30 irraa kan Wodak and Reisgel (2001) kennan ilaaluun nidanda'ama.

Gama biraatiin, bamaqaa ramaddii sadaffaa fayyadamuunis gocha babal'ina investimentii akka tasiimoo balaaleffannaatti yommuu fayyadaman mul'ata. Bamaqaan kun irra deddeebi'ee dhufuun isaas miidhamaan isuma ta'uu, kan lafti irraa fudhatame isuma ta'uu, kan qe'eerraa buqqa'e akka isa ta'e ibsachuuf tarsiimoo itti dhimma bahamedha. Fakkeenyaaf, walaloo geerarsaa armaan olii keessatti sarara dhumaa irratti bamaqaa qeentee ramaddii tokkoffaatu *isa* ibsamee jira. Kunis kan agarsiisu babal'iinni investimentii kun ana qofa osoo hintaane nama biroos lafaafi qe'eerraa kan buqqise ta'uu agarsiisa. Innis immoo Oromoodha. Kan lafa isaarraa buqqa'e ana qofa osoo hintaane kan biroonis kan jiru ta'uu agarsiisuuf akka tarsiimoo hojii investimentii kuffiisuu/gufachiisuu tokkootti dhimma itti bahu. Kanarraa wanti hubannuu bamaqaa ramaddii tokkooffaas ta'e ramaddii sadaffaa fayyadamuun hojii investimentii mormaa kan jira ta'uu isaati.

Karaa biraatiin, bamaqaa ramaddii lammaffaatti fayyadamuun akka tarsiimoo tokkootti dhimma itti kan bahamu jira. Ragaaleen meeshaalee funaansa ragaa aaddaddaatiin guuraman hedduun dabalee ta'uun kan maxxanfaman yommuu ta'e akka fakkeenyaatti haala armaan gadiin qaacceffamuun ibsamee jira.

*(033) Baalaan martee fiddekaa,*
*(034) Gabaan bartee diddekaa.*

Walaloo geerarsaa armaan olii keessattis sarara tokkoffaa keessatti bamaqaan ***ati*** jedhu haa dhokatuyyuu malee tajaajilaan nijira. Walaloo kana keessatti '*hojiin ati hojjataa jirtu kun ifaa miti; icciitiin kan guutamedha. Namni (gabaan) gocha ati hojjataa jirtu sirratti beekee jira.* As keessatti kan isa miidhaa jiru, kan lafarraa isa buqqise isa dhaggeeffataa akka jirutti dubbachuu

isaati. Kunis ramaddii lammaffaa qeenteedha. Kanaafuu, bamaqaa ramaddii lammaffaatti fayyadamuun hojii investimentii gufachiisuuf akka tarsiimoo waalleetti akka itti fayyadaman hubachuun nidanda'ama.

Bifuma walfakkaatuun, bamaqaa ramaddii tokkooffaa danuus akka tarsiimoo tokkootti hojii investimentii kuffisuuf fayyadamuun nimul'ata. Dhimma kanaan walqabatee ragaaleen meeshaalee funaansa raga gargaraan guuraman hedduun akka dabaleetti dhuma waraqaa qorannoo kanaatti kan maxxanfaman yommuu ta'u fakkeenyi muraasni immoo akka armaan gaditti qaacceffamee jira:

*(007) jireenya maalii jir**ra***
*(008) dinnichaafi buqqeen jir**ra***
*(009) lafa keenya hoo namaaf hir**ra***

Walaloo geerarsaa armaan olii keessatti toora hunda keessattuu bamaqaa ramaddii tokkoffaa danuu (baay'eetu) agarsiisutu irra deddeebi'ee jedhame. Toora jalqabaa keessatti jecha '…*jirra*..' jedhu keessatti bamaqaan jiru '*nu'* dhokatee kan jedhudha; toora lammaffaa keessattis jecha '*..jirra*…' jedhu keessatti bamaqaa '*nu*' jedhutu dhokatee jira. Toora sadaffaa keessattis jecha '…*hirra*..' jedhu keessa bamaqaan '*nu*' jedhu dhokatee jira. Kanaafuu, toora hunda keessattuu bamaqaan ramaddii tokkoffaa danuu agarsiisu (nu) dhokatee jira. Irra deddeebi'ee dhufuunsaa kunis kan inni agarsiisu '*kan lafti irraa fudhatame nu hunda keenya; nu hundatu miidhame; hojiin investimentii nu hunda iyyoomse. Lafa keenya nurraa fuudhanii namaaf hiran,'* kan jedhu of keessaa qaba. Kun immoo tarsiimoo waallee hojii investimentii gufachiisuuf yookiin kuffiisuuf itti fayyadamanidha. Geerarsa kana keessa yaada lafa keenya nurraa fudhatan; nuti miidhamnee jirra tarsiimoo jedhu of keessaa qaba. Kana malees, yaada armaan gadii ilaaluun nidanda'ama.

(013) *hiddii galaana biraa*
*(014) ciradhu moo dhiisu**ree***
*(015) aariin garaa na ji**ra**,*
*(016) himadhu moo dhiisu**ree**….*

Walaloo armaan olii keessatti bamaqaa ramaddii tokkoffaa qeenteetu irra deddeebi'ee dhufa. Toora lammaffaa, sadaffaafi afuraffaa keessatti bamaqaan ramaddii tokkoffaa qeentee *ani* jedhu irra deddeebi'ee dhufuunsaa tarsiimoo hojii investimentii gufachiisuuf/laaffisuuf itti dhimma

bahanidha. Kana jechuun hojii investimentiin sababa lafti naraa fuudhatameef baay’ee aareen jira; himadheen aariikoo baafadha yaada jedhu ofkeessaa qaba. Kun immoo tarsiimoo tokkodha. Akka waliigalaatti, tarsiimoowwan waallee hojii investimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal’achaa jiru gufachiisuuf dhimma itti bahaman keessaa yaada armaan oliirraa ka’uun qoratichi qabxiiwwan armaan gadii kaa’ee jira:

- Bamaqaa ramaddii tokkoffaa qeenteefi danuutti fayyadamuun hojii inveestimentii gufachiisuuf/ laaffisuuf akka tarsiimoo waallee tokkootti dhimma kan itti ba’an ta’uu hubachuun nidanda’ama.
- Bamaqaa ramaddii lammaffaa qeenteefi danuutti fayyadamuun hojii inveestimentii gufachiisuuf/ laaffisuuf akka tarsiimoo waallee tokkootti dhimma kan itti ba’an ta’uu hubachuun nidanda’ama.
- Bamaqaa ramaddii sadaffaa qeenteefi danuutti fayyadamuun hojii inveestimentii gufachiisuuf/ laaffisuuf akka tarsiimoo waallee tokkootti dhimma kan itti ba’an ta’uu hubachuun nidanda’ama.
- Bamaqaa ramaddii tokkoffaan (qeenteefi danuun) irra deddeebi’ee dhufuunsaa waan lama agarsiisa. Inni tokko lafa narraa fudhatan; kan miidhame ana; kan buqqa’e ana; kan iyyoome ana kan jedhuufi kkf yommuu ta’u inni lammaffaanis lafa nurraa fudhatan; kan miidhame nuyi; kan buqqa’es nuyi; kan iyyoomes nuyi kan jedhuufi kkf…dha. Kun immoo tarsiimoo waallee keessaa isa tokkodha.

Boqonnaa lammaffaa fuula digdamii sagal irraatti Blackledge (2005) yaaduma kana waan cimsuuf ilaaluun nidanda’ama.

#### 4.3.1.2. Tarsiimoowwan Waallee Malleen Dubbiin Mul’atan

Mataduree kana jalatti malleen dubbii hojii investimentii bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal’achaa jiru gufachiisuuf yookiin laaffisuuf akka tarsiimoowwan waalleetti dhimma itti bahamantu qaacceffamuun ibsamanii jiru.

Malleen dubbii madda odeeffannoofi ragaalee fayyadamtoonni afaanii dhimma itti bahanidha. Akkasumas, haala ummanni keessa jiru ibsuuf, ijaaruuf, to’achuuf fayyadama afaaniii akka filannoo birootti dhimma itti bahamudha. Gochaaleen malleen dubbii irratti xiyyeeffatan wantoota/meeshaalee, namootaafi haalota kanneen walfakkaataniin madaaluun ibsuu kan of keessatti hammatudha.

Qaaccessa waallee keessatti malleen dubbii akka agarsiistuu xinqooqaatti muuxannoofi walitti dhufeenya kan ibsudha. Dhimma kana Fairclaugh (1992) yoo ibsu, "…*rhetorical devices are one of the linguistic devices used in every society to realize the discursive practices and strategies used in the construction of realities in their particular area*," jedha. Kunis kan agarsiisu malleen dubbii hawaasa kamuu bira kan jiru ta'uu, hawaasa sana keessatti dhugaa jiru agarsiisuuf akka muuxannoofi tarsiimoo waalleetti kan fayyadu ta'uusaati.

Malleen dubbii kunis Magaalaa Buraayyuu keessatti hojii babal'ina investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamaa jiru gufachiisuuf/kuffiisuuf akka tarsiimoo waalleetti dhimma itti bahamantu qaacceffamee jira. Tarsiimoon waallee kun bal'inaan kan keessatti calaqqisu kanneen akka iddeessaa, akkasaa, nameessaafi kkf..dha.

#### 4.3.1.2.1. Akkasaa

Akkasaan jechoota *akka, hammaafi fakkaata* jedhaman gargaaramuun wantoota addaddaa wal hinfakkaanne wal bira qabuun madaaluun kan dhiyaatudha. Nezami (2012:663) akkasaaf yoo hiika kennu "*Simile is a comparison of two things essentially unlike, on the basis of a resemblance in one aspect*," jedha. Magaalaa Buraayyuu keessatti akka tarsiimoo waalleetti hojii investimentii kuffisuuf dhimma itti bahama.

(115) *akka* du'anitti hafan malee *akka* kufanitti hinhafan.

(125) *akka* feeteen dubartii *akka* feete dubbatti.

Armaan olitti yaada jalqabaa keessaatti kan waliin madaalchifaman *du'aafi kufaatii*dha. Jechi *akka* jedhus irra deddeebi'amee dhufee jira. Kana keessatti yoo duune malee gaaf tokko lafti keenya nuuf deebiti; haalli har'a/amma jiru kun gaaf tokko jijjiiramuun isaa hinoolu yaada jedhuun kan hiikamudha. Yaada lammaffaa keessattis wantoota lamatu waliin waldorgomsiifaman; isaanis, *dubartii akka feeteetti jiraattuu*fi *akka fedhanitti dubbachuu*dha. Jechi *akka* jedhus irra deddeebi'amee tajaajilee jira. Kunis kan agarsiisu namoonni akka isaan tajaajilaniif mootummaan mana hojii mootummaa keessa isaan kaa'e sirriitti deebii isaaniif akka hinkennine, akkuma fedhanitti kan isaanitti dubbatan ta'uu agarsiisa.

Tarsiimoon waallee bifa yaadota akkanaatiin dhimma itti bahamaa turanis ummanni hojii investimentii irratti gaggeeffamaa tureefi ammas gaggeeffamaa jirurratti shakkii akka qabaatu godhee jira; mormiifi falmii addaddaas uumee jira. Fakkeenyaaf, baroot darban keessa karaa cufuun, gabaa lagachuun, daandii guguddaatti bahanii mormuun bu'aa tarsiimoo kanneeniiti.

Kun immoo tarsiimoo waallee hojii investimentii magaalichaa gufachiisuuf/kuffisuuf dhimma itti bahaman keessaa isa guddaadha. Yaada kana cimsachuuf boqonnaa lammaffaa fuula 29 irratti kan Wodak et al (2009) ibsan ilaaluun nidanda'ama.

#### 4.3.1.2.2. Iddeesa

Iddeessi fayyadamaa afaanii guyyuu keessatti dhimma itti bahama. Namoonni iddeessatti fayyadamuun of ibsu; ilaalcha qaban calaqqisiisu. Kana malees, iddeessatti fayyadamuun namoota kaan ittiin ibsu; yaadaafi ilaalcha namoota biroos haala ifa ta'een ittiin mormuuf iddeessatti akka fayyadama hayyoonni garagaraa ni'ibsu. Yaada kana Zubair (2007) yoo ibsu,"…*in everyday language practices people choose metaphor to explain themselves, to reflect their attitudes and values to others, and to react to other's attitudes towards them in an implicit manner*," jedha. Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessattis hojii investimentii gufachiisuuf akka tarsiimoo waalleetti bal'inaan akka dhimma itti bahantu mul'ata. Fakeenya muraasa asii gadii haa ilaallu

*(126) dacheen ofii jaartii ofiiti; lachuu ergisa hintaatu.*

*(127) lafti ofii lafee ofiiti.*

*(116) namni mirga hinqabne leenca dulloomedha; lachuuttuu daaraa itti aran…*

Yaadota armaan ol jiran lamaam yaada tokkoffaa yoo ilaalle wantoota lama waldorgomsiise. Isaanis, *dachee*fi *jaartii* ofiidha. Adeemsa waldorgomsiisuu kana keessattis isa tokko kan biroon bakka buusuun kan ibsamedha. Kun immoo yaadicha caalaatti ifa gochuuf kan fayyadudha.

Yaada lammaffaa keessattis wantoota lamatu waldorgomsiifame. Isaanis, *lafaa*fi *lafee*dha. Lafa lafeedhaan bakka buuseetu yaada qabu, ilaalcha qabu ifa godhachuuf itti fayyadamee jira. Lafee keenya malee jiraachuun akkuma hindanda'amne lafa keenya malees jiraachuu hindandeenyu yaada jedhu of keessaa qaba.Yaadonni akkanaa kunniin adeemsa babal'inaa hojii investimentii gufachiisuuf tarsiimoo waallee bal'inaan dhimma itti bahamanidha. Namoonni lafa isaanii akka gadi hinlakkisne taasisa; lafa ofii kennuun niitii ofii namaaf kennuu wajjiin walqixa; kanaafuu, lafa keessan hinkenninnaa/ lafa keenya hinkenninu jechuudha.

Yaada sadaffaa keessattis *dulluma leencaa*fi *mirga dhabuutu* bakka walbu'e yookiin lamaanuu tokko ta'an. Karaa sirrii hintaaneen lafatu hojii investimentiif jedhamee irraa fudhatame. Kun immoo mirgi isaanii akka sarbame kan agarsiisudha. Namni lafti irraa fudhatameefi leenci dulloome tokkumadha; lachuu wal hincaalan. Kun immoo namoonni mormiif akka bahan godhee

jira; daandii akka cufan, lagannaa gabaa akka gaggeessan taasisee jira. Yaada kana caalaatti ifa godhachuufis dabalataan kan Wodak et al (2009) boqonnaa lammaffaa fuula 29 irratti ibsame ilaaluun nidanda'ama

#### 4.3.1.2.3. Nameessa

Nameessi malleen dubbii keessaa tokko ta'ee gochaa dhalli namaa raawwatuufi amala dhalli namaa calaqqisiisu wantoota biroof kennuun kan ibsamudha. Kunis gochawwan dhalli namaa raawwachuu danda'an, amalaafi dandeettii dhala namaa lubbuqabeeyyiifi lubudhabeeyyii biroon ibsuuf gargaara.  Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessattis hojii investimentii gufachiisuuf nameessi akka tarsiimoo waalleetti bal'inaan akka dhimma itti bahantu mul'ata. Akka fakkeenyaatti kan armaan gadii ilaaluun nidanda'ama.

*(118)  diimannee beekna jette nuugiin.*

Nuugiin akaakuu midhaanii keessaa tokkodha. Akkuma akaakuu midhaanii kamiittuu nuugiin dubbachuu hindandeessu. Yaada armaan olii keessaatti garuu nuugii akka namaatti dubbachiisuun yaada qaban ifa gochuuf kan dhimma itti bahanidha. As keessatti jechi *diimannee* jedhu baay'ee ta'uu agarsiisa. Kun immoo kan yeroo ammaa lafti irraa fudhatame baay'ee ta'uu agarsiisa. Kan dur lafa qabu amma immoo sababa babal'ina investimentiin kan ka'e lafa isaanii dhaban hedduudha. Dur sooreyyii turan; har'a garuu iyyeeyyiidha' kan iyyoome immoo namoota baay'eedha.

Tarsiimoon waallee bifa yaadota akkanaatiin dhimma itti bahamaa turanis ummanni hojii investimentii gaggeeffamaa tureefi ammas gaggeeffamaa jirurratti shakkii akka qabaatu godha; mormiifi falmii addaddaas akka uuman taasisa. Kun immoo tarsiimoo waallee hojii investimentii magaalichaa gufachiisuuf/kuffisuuf dhimma itti bahaman keessaa isa guddaadha.

### 4.3.1.3. Tarsiimoowwan Waallee Mammaaksaan  Mul'atan

Mammaaksi ogafaan uummata Oromoo biratti bal'inaan beekaman keessaa isa tokkodha. Mammaaksi yaadawwan addaddaa bifa gabaabinaan himoota gaggabaaboofi jechoota filatamootti fayyadamuun ergaa bal'aa kan dabarsu ta`uu isaa beektonni irra deddeebi'uun ni'ibsu. Namoonni miira walii kakaasuuf, ceepha`uuf, gorsuuf, jajjabeessuuf, mormuufi kanneen kana fakkaatan raawwachuuf mammaaksatti fayyadamu.

Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessattis hojii investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamu gufachiisuuf akka tarsiimoo waalleetti yommuu dhimma itti bahantu mul'ata. Baay'een isaanii dabalee ta'uun dhuma waraqaa kanaatti kan maxxanana yommu ta'u muraasni immoo haala armaan gadii qaacceffamuun ibsamanii jiru.

*(096) mana farchoofi bara rakkoo achuma taa'anii mataa raasu.*

(095) *abbaa gaariin nama dhalchuu mannaa ayyaana gaarii dhalachuu wayya.*

Mammaaksa tokkoffaa armaan olii keessatti yaada barri ammaa kun isaaniif rakkisaa ta'uu mul'isa. Rakkinarraa kan ka'e yeroo ammaa bakka deeman akka hinqabne agarsiisa. Namni mana farsoo taa'u rakkataadha; isaanis akkasuma. Sababa lafti isaanii mootummaadhaan irraa fudhatameef yeroo ammaa kana rakkina cimaa keessa kan jiraniifi bara ammaa kana abaaraa kan jiran ta'uu agarsiisa.

Mammaaksa lammaffaa keessatts yaadni jiru abbaan kan nama dhalchu qofa osoo hintaane lafas nama dhaalchisa; kunis gaarummaa abbaa ofii kan agarsiisudha. Yeroo ammaa garuu qabeenya abbaan isaanii isaan dhaalchise kana mootummaan hojii investimentiif jecha irraa fudhatee jira. Kun immoo ayyaana dhabeeyyii/ carra dhabeeyyii isaan taasisee jira. Sababa lafti isaanii mootummaadhaan irraa fudhatameef yeroo ammaa kana rakkina cimaa keessa kan jiraniidha. Tarsiimoowwan waallee akkasii kunniin immoo ummanni lafa isaa hojii babal'ina investimentiif akka hinkennine kan kakaasudha; akka mormu kan taasisudhas. Hojii investimentii kan gufachiisudhas. Kanaafuu, magaalicha keessatti mammaaksonni akkasii akka tarsiimoo waalleetti hojii investimentii gufachiisuuf dhimma itti bahamanidha. Yaada kana kan Wodak et al (2009) boqonnaa lammaffaa fuula 29fi 30 irratti ibsan waliin wal bira qabuun ilaaluun nidanda'ama.

#### 4.3.1.4. Tarsiimoowwan Waallee Faaruu Sirbaa Keessatti Mul'atan

Hawaasa keessatti faaruun sirbaa iddoo olanaa qaba. Miira walii kakaasuuf, yaada namoota biroo ceepha`uuf, namoota kaan gorsuuf, jajjabeessuuf, yaada yookiin ilaalcha namootaa hinbarbaanne ittiin mormuufi kanneen kana fakkaatan raawwachuuf namoonni faaruu sirbaatti fayyadamu. Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessattis hojii investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamu gufachiisuuf akka tarsiimoo waalleetti yommuu dhimma itti bahantu mul'ata.

*(135) Master pilaanii jedhanii,*
*(136) Sanyii si duguuguuf malanii,*

*(137) Tokko taanee,*
*(138) Diinaan falmina olkaanee.*
*(139) Lafa kee gadi hinlakkisiin,*
*(140) Eenyu abbaa isheeti gurbaa,*
*(141) Kan daangaa keenya seenuuf deemtu.*
*(142) Gaaddisa tumaa seeraa,*
*(143) Seera Caffee Tuulamaa,*
*(144) Dhiigumaan si tiksina,*
*(145) Nutis kaane tokkummaan…*

Walaloo sirbaa walaloo armaan olii keessatti buufata tokkoffaa yoo ilaalle master pilaanii fakkeessanii sanyii keef sanyii koo duguuguuf, lafa keenya nurraa fudhachuuf deemaa jiru waan ta'eef anis atis tokko taanee kaanee haa mormannu kan jedhu of keessaa qaba. Buufata lammaffaa keessattis ati lafa kee gadi hinlakkisiin; daangaa lafa keetii kan biroof dabarsitee hinkenniin anis akkanuman godhaa kan jedhu of keessaa qaba. Akka waliigalaatti, faaruu sirbaa kana keessatti bamaqaalee ramaddii tokkoffaafi ramaddii lammaffaatu dhimma itti bahame. Ramaddii tokkoffaa keessaa danuu kan agarsiisu yommuu ta'u ramaddii lammaffaa keessas qeentee fayyadamuun yaada isaa ibsee jira.

Bamaqaaleen kunniinis irra deddeebi'anii fayadamanii jiru. Irra deddeebi'ee dhufuunsaa kunis kan inni agarsiisu '*kan lafti irraa fudhatame nu hunda keenya; atis miidhamaadha*; *hojiin investimentii nu hunda iyyoomsa*' kan jedhu of keessaa qaba. Kun immoo tarsiimoo waallee hojii investimentii gufachiisuuf yookiin h itti fayykuffisuuf dhimma itti bahanidha. Namoonni mormiif akka bahan godha; akka lafa isaanii hinkennine taasisa jechuudha. Kanaafuu, magaalicha keessatti faaruuwwan sairbaa kana fakkaatan akka tarsiimoo waalleetti hojii investimentii gufachiisuuf dhimma itti bahamanidha.

#### 4.3.1.5. Tarsiimoowwan Waallee Durduriin Mul'atan

Durduriin akaakuuwwan gurguddoo raagoo (ogafaanii) keessaa isa tokko ta'uu boqonnaa lamaffaa jalatti bal'inaan ibsamee jira. Akkasumas, dhalootaa gara dhalootaatti afaaniin daddarbaa kan dhufe ta'uus bal'inaan boqonnaa lammaffaa jalatti ibsamee jira. Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti namoonni durdurii akka tarsiimoo waallee hojii investimentii magaalichaa gufachiisuuf yoo dhimma itti bahan bal'inaan mul'ata. Durdurii kanneen baay''en dabalee ta'uun dhumarratti kan maxxanfaman yoo ta'u fakkeenyi tokko haala armaan gadiin qaacceffamee jira.

*Bara durii adurreefi hantuunni hiriyaa waliif turan. Gaafa tokko nyaata barbaacha osoo deeman baaduu qabee tokko argatan. Lamaan isaaniiyyuu adda qooddatanii yeroodhuma sana dhuganii fixuu murteeffatan. Tooftaa ofii ittiin qooddatanii dhugan dhabnaan, hantuunni mala malte. Isheenis, "Jeedala bira deemnee qixxeetti nuuf haa qooddu," jette. Adurreenis itti waliigaltee jeedala bira deeman. San booda, jeedalli baaduu sana madaala irra yommuu keessu, karaa tokko madaalli gadi bu'e. Isheenis, madaala wal qixxeessuuf jecha irraa fuutee afaan kaawwatte. Amma immoo karaa biraa gadi bu'e. Ammas gara caalurraa fuutee afaan kaawwatte. Ammas karaa hantuutaa gadi bu'e…. Achiin booda, "Ani qooduu hindanda'uutii fudhaa deemaa," jette jeedalli. Boodarra adurreefi hantuunni harka duwwa galan jedhama.*

Tarsiimoo waallee armaan olii kanarraa akkuma hubatamu hojii investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamu keessatti namoonni jidduu deemanii mootummaafi hawaasa gidduutti daldalaa jiran kan jiran ta'uufi hojiin kunis ummata miidhee kan jiru ta'uu agarsiisuuf akka tarsiimoo tokkootti dhimma itti bahamee jira.

### 4.3.2. Tarsiimoowwan Waallee Investimentii Milkeessuuf/Tumsuuf Dhimma Itti Bahaman

Babal'ina hojii investimentii magaalicha keessatti gaggeeffaman tumsuuf yookiin milkeessuuf tarsiimooleen waallee dhimma itti bahamanis nijiru. Tarsiimoolee kanneenis yeroo baay'ee qaama mootummaatu dhimma itti baha. Tarsiimolee waallee kanneen keessaas

- Misooma dinagdee biyyattii saffisiisuufi sadarkaa jireenya lammiilee fooyyessuuf hojii investimentii magaalaa keessatti jajjabeessuu/ babal'isuu,
- Ummata lafa isaa hojii investimentiif gadi lakkisu beenyaa gahaa kennuun jireenya fooyya'aa akka jiraatu gochuu,
- Investimentii keessumattuu damee oomishaa jajjabeessuun jireenya ummata magaalaa fooyyessuu,
- Investimentii magaalota keessatti babal'isuun dandeettii oomisha biyya keessaa fooyyessuu,
- Babal'ina hojii investimentii magaalota keessatti jajjabeessuun ce'umsa tekinooloojii saffisiisuu,
- Magaalota keessatti facaatii investimentii fooyyessuun fayyadamummaa ummata keenyaa mirkaneessuu,

- Hojii investimentii magaalota keessatti babal'isuun/ jajjabeessuun investaroota biyya keessaa jajjabeessuu,
- Magaalota keessatti babal'ina hojii investimentii cimsuun investaroota biyya alaa harkisuun kaappitaala biyyattii guddisuu,
- Magaalota keessatti hojii investimentii babal'isuun qabeenya uumamaa biyyattiin qabdu duguuganii hojiirra oolchuun fayyadamummaa lammiilee magaalaa mirkaneessaa deemuu,
- Hojii investimentii babal'isuun oomishaafi oomishtummaafi tajaajila jiru fooyyessuun gabaan biyya keessaa akka tasgabbaa'u gochuu,
- Oomisha biyya alaarraa gara biyyaatti galu biyyuma keessatti oomishuun sharafa biyya alaa guddisuuf investimentii babal'isuu,
- Naannoolee gidduutti guddina walqixa ta'eefi qindoomina qabu mirkaneessuuf hojii investimentii babal'isuu,
- Sochii misooma dinagdee biyyaa saffisiisuuf taasifamu keessatti gahee seektara damee dhuunfaa guddisuuf investimentii babal'isuu,
- Hojii investimentii babal'isuun investimentiin biyya alaa misooma dinagdee biyyaaf bu'aa akka buusu gochuu,
- Lammiilee biyyattiif carraa hojii bal'aa ta'e uumuufi ce'umsa tekinooloojii barbaachisu babal'isuufi kkf…..

Tarsiimoowwan waallee armaan olii kunniin hojii investimentii magaalicha keessatti babal'achaa jiru milkeessuuf/tumsuuf kan dhimma itti bahamanidha. Waallee kanneen keessatti irra deddeebi'ee kan mul'atu waa'ee misooma dinagdee biyyaafi waa'ee fayyadamummaa lammiilee jedhudha. Kunis, lammiileen investimentiin gaggeeffamaa jiru kun akka isaan fayyadutti akka fudhataniifi hojii investimentii gaggeeffamaa jirutti akka amanan gochuuf tarsiimoo itti fayyadamanidha.

Akka waliigalaatti, bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessa tarsiimoowwan waallee hojii investimentii magaalichaa milkeessuufis ta'e gufachiisuuf dhimma itti bahaman hedduun kan jiran ta'uu qoratichi mirkaneessee jira.

Akka waliigalaatti, boqonnaa kana keessatti waalleen dubbii investimentii irratti akka Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti mul'atu fayyadama afaanii jiru maal akka fakkaatan qaaccessuun ibsamanii jiru. Haaluma kanaan, waalleen dubbii akka Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti investimentii irratti mul'atan fayyadama afaanii kenneen bifa geerarsaa, mammaaksaa, malleen

dubbii, faaruu sirbaa, durduriifi kanneen kana fakkaataniin kan calaqqisan ta'uu qaacceffamuun ibsamanii jiru.

Fayyadamni afaanii kunniinis egraawwan hedduu qabu: komii ibsachuu, hojiin investimentii iftoomina kan hinqabne/icciitiin kan guutame ta'uu, ummanni baay'een iyyummaaf kan saaxilaman ta'uu, hawaasichi balaaleffannaa qaban kan ibsatan ta'uu, saamamuu kan ittiin ibsachaa jiran ta'uu, dhaamsa garagaraa kan ittiin waliif dabarsan ta'uu sirriitti qaacceffamuun ibsamee jira.

Gama birootiin, hojiiwwan investimentii gaggeeffamaa jiran gufachiisuuf yookiin milkeessuuf tarsiimoowwan waallee addaddaa akka dhimma itti bahamaa jiran qaaccessuun bal'inaan ibsamanii jiru. Tarsiimmoowwan waallee kunniinis tarsiimoo waallee gurguddaa (macro-discouse strategy) fi tarsiimoo xixiqqaa (micro-discourse strategy) akka ta'an ibsamanii jiru.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana keessatti cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu dhiyaate. Kunis, hojii qorannichaa irratti hundaa'uuiifi yaadoota ka'an bu'ureeffachuun kan raawwatamedha. Haaluma kanaan, haalonni waallee dubbii investimentii irratti akka Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu jiran maal akka fakkaatan, adeemsa qorannichi keessa darbe cuunfaa keessatti ibsamee jira. Itti aansuun, argannoofi yaboon qorannichaa duraa dubaan dhiyaatanii jiru.

## 5.1. Cuunfaa

Qorrannichi boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaatedha. Boqonnaa tokkoffaa keessatti yaada seensa qorannichaa ta'etu dhiyaatee jira. Innis, fayyadama afaanii ilaalchisee hayyoonni addaddaa maal akka jedhaniifi waalleen dubbii babal'ina hojii investimentii bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti gaggeeffamaa jiruun walqabatee ummanni maal akka jedhuufi inni ummanni jedhu kunis ergaa akkamii akka qabu akkasumas, tarsiimoolee waallee hojii investimentii gufachiisuufis ta'e milkeessuuf dhimma itti bahaman qaaccessuun ibsuuf akka gaggeeffamu tuqamee jira. Kana malees, haalli hawaas-dinagdee ummataa naannawa qorannichi itti gaggeeffamee maal akka fakkaatus boqonnuma kana jalatti gabaabinaan ibsamee jira.

Boqonna lamaffaa keessatti immoo yaadrimeewwan investimentii, yaadrimeewwan waalleefi waallee dubbii waliin walqabatan ilaalchisee sakatta'i barruu walfakkii gaggeeffameera. Kanamalees, yaadawwan maalummaa waalleefi waallee dubbiin hidhata qabaniin yeroo ilaalaman sakatta'a barruu aantee keessattiis qorannoowwan kanaan dura sadarkaa digirii jalqabaafi digirii lammaffaatti akkasumas digirii sadaffaatti gaggeeffaman mataduree qorannoo ammaa waliin hidhata qaban, tarsiimoowwan waalleefi akaakuuwwan waallee ilaaluuf yaalameera.

Boqonnaa sadaffaa keessatti immoo saxaxni qorannoo, malli qorannoo, malli iddatteessuu, funaansa ragaafi qaaccessi ragaa qindaa'ee jira. Mala qorannoo akkamtaa fayyadaamuun qaamoolee barbaachisoo ta'an hirmaachiseera. Isaaniis, hawaasa naannoo, namoota lafti isaanii hojii investimentiif irraa fudhatame, dargaggoota naannoo, namoota tajaajila barbaacha naannoo waajjira bulchiinsa gandaafi magaalaatti deddeebi'an, hojjattoota mootummaafi dhaabbilee dhuunfaafi kkf hirmaachiseera. Walumaagala, afgaaffiidhaan namoota soddomii tokkoofi daawwannaan immoo namoota lakkoofsi isaanii baay'ee ta'erraa ragaan walitti qabamee jira.
Dhimma kana galmaan ga'uufis malleen funaansa ragaa addaddaa hojiira oolanii jiru. Isaanis, afgaaffiifi daawwannaa yommuu ta'an labsiiwwan dhimma hojii investimentiin walqabatee akka

naannoofi akka biyyaatti jiranis sakatta'uuf yaalameera. Daawwannaan kan gaggeeffame daandiwwan gurguddaa hawaasni baay'inaan itti tajaajilamu, bakkaa walgahii gooxiifi kan biroo, manneen dhugaatii, bakka afooshaa ummanni walgahu keessatti qaamaan argamuun, mana du'a gahiifi kkf…dha. Afgaaffiin bal'inaan kan gaggeeffame namoota lafaafi qe'ee isaanii hojii investimentiifi hojii misooma biroof jecha gadi lakkisan wajjiinidha. Afgaaffiis ta'e daawwannaa gaggeessuudhaaf dursee qabxiiwwan afgaaffiifi daawwannaan irratti gaggeeffamu cheekilistiin qophaa'ee jira.

Boqannaa afur jalatti immoo ragaaleen bifa garagaraan funaanaman qaacceffamuun ibsamanii dhiyaatanii jiru. Dhimmoonni waliigalaan qaacceessi irratti gaggeeffames waallee dubbii investimentii irratti akka Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti jiru maal akka fakkaatu adda baasuun qaaccessuun ibsuu yommuu ta'u gaaffiilee qorannichaa sadeen bu'uura godhachuun kan gaggeeffamedha. Isaanis, babal'ina inveestimentii Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti raawwatamaa jirurratti hawaasni maal akka jedhu ibsuu, wanti hawaasni jedhu kunis ergaa inni qabu addaan baasuun ibsuufi inveestimentii babal'isuufis ta'e gufachiisuuf tarsiimoolee waallee dhimma itti bahamaa jiran adda baasuun kan jedhan qaaccessuuf yaalameera. Bu'aan argannoo qorannichaas haala armaan gadiitiin tarreeffameera.

## 5.2. Argannoo Qorannichaa

Waalleen dubbii investimentii irratti akka Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti jiru maal akka fakkaatu qaaccessuun ibsuuf ragaaleen malleen funaansa ragaalee kanneen akka afgaaffiifi daawwannaan argaman bu'uura godhachuun argannoowwan qorannichaa akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru:

- Ummanni Magaalaa Buraayyuu afaan isaatti fayyadamuun investimentii yeroo ammaa magaalicha keessatti gaggeeffamaa yookiin babal'achaa jiru akka isaan miidhetti ykn isaan hinfayyadnetti ibsachaa jiru. Kanas, fayyadama afaanii bifa garagaraa qabuun kan ibsatan yommuu ta'u kanneen keessaa muraasni fayyadama afaanii kanneen bifa geerarsaan, mammaaksaan, malleen dubbiifi oduu duriifa'iin mul'atanfa'iin ibsatu.
- Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal'ina hojii investimentii gaggeeffamaa jiruun walqabatee namoota lafa isaanii hojii investimentiif dabarsanii kennaniif beenyaa gahaan kan hinkaffalamne ta'uun hubatamee jira. Kanarraa kan ka'es ummanni komii isaanii mootummaarraatti, ijoollee ofii guddisanirratti qaban, mormiifi baaleffannaa qaban fayyadama afaanii bifa geerarsaan, mammaaksaan, malleen dubbiin, durduriin

ibsachaa kan jiran ta’uu hubatamee jira. Komiin isaaniis gama dinagdeen, hawaasummaafi siyaasaatiin kan jiru ta’uu agarsiisa.

- Magaalaa Buraayyuu keessatti hojiin investimentii gaggeeffamu iftoomina kn hinqabne ta’uu ibsachaa kan jiran ta’uu hubatamee jira. Gocha kanas fayyadama afaanii bifa geerarsaan, makkaamsaan, malleen dubbiifi kanneen kana fakkaataniin afaan isaaniin kan ibsachaa jiran ta’uu hubatamee jira.
- Lafti hojii investimentiif jedhamee abbootii lafaarraa fudhatamu abbootii lafaa osoo hinamansiisiin kan raawwatamu waan ta’eef, hawaasni magaalichaa hojii investimentii yeroo ammaa magaalicha keessatti babal’achaa jiru kan mormaafi balaaleffachaa jiran ta’uu hubatamee jira. Mormiifi balaaleffannaa qabanis bakka garagaraatti (bakka afooshaatti, walgahiitti, mana dhugaatiitti…) bifa geerarsaan, mammaaksaan, dubbii qolaan ibsachaa kan jiran ta’uusaati.
- Sababa lafti qonnaa isaanii hojii investimentiif irraa fudhatameef, namoonni baay’een iyyummaaf kan saaxilamaniif hojii investimentii amma gaggeeffamaa jiru akka isaan miidhetti  waan hubataniif mormaa/ balaaleffachaa kan jiran ta’uu, kanas afaan isaan bifa geerarsaatti, mammaaksaatti, malleen dubbiifi kanneen kana fakkaataniitti fayyadamaa kan jiran ta’uu hubatamee jira.
- Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti babal’ina hojii investimentii gufachiisuuf tarsiimoon waallee addaddaa hojiirra oolaa kan jiran ta’uu hubatamee jira. Fakkeenyaaf, bamaqaalee ramaddii tokkoffaa, lammaffaafi sadaffaa walaloofi himoota garagaraa keessatti bifa irra deddeebii qabuun fayyadamuun dhimma itti bahu. Kana malees, tarsiimoowwan waallee malleen dubbii keessatti hojii investimentii gufachiisuuf dhimma itti bahu.
- Magaalicha keessatti hojii investimentii milkeessuuf/tumsuufis ta’e gufachiisuuf tarsiimoon waallee addaddaa kan dhimma itti bahamu ta’uu hubatamee jira.
- Akka waliigalaatti, babal’ina hojii inveestimentii yeroo ammaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti gaggeeffamaa jiruufi duraanis gaggeeffamaa tureen walqabatee hawaasni  magaalichaa kan itti hingammanne ta’uufi kanas fayyadama afaanii bifa garagaraa qabuun  quuqqaa yookiin komii qaban dhoksaanis ta’e ifatti ibsachaa kan turan ta’uu hubachuun danda’amee jira.

## 5.3 Yaboo Qorannichaa

Argannoowwan gurguddoo qorannichaa irratti hundaa'uun hojii investimentii Magaalaa Buraayyuu keessatti babal'achaa jiru keessatti rakkoolee mul'atan furuuf yaboowwan ta'uu malan akka armaan gadiitti taa'anii jiru.

- Hojii investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamu ilaalchisee abbootii lafaa lafti isaanii hojii investimentiif jedhamee irraa fuudhamuuf beenyaa ga'aan akka kaffalamuu danda'u mootummaa irra deebi'ee osoo itti yaadee,
- Beenyaan kaffalamus abbootii lafaa osoo hindeddeebisiin, bu'aa bahii malee akka kaffalamuufii danda'u mootummaan hordoffii osoo taasisee,
- Hojiin investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamaa jiru icciitii ta'uun isaa hafee qaamolee hawaasaa magaalichaa biratti iftoomina akka qabaatu gochuun komii amma jiru hambisuuf osoo irratti hojjatamee,
- Lafti hojii investimentiif jedhamee abbootii lafaarraa fudhatamu namoonni lafa isaanii kennan hojicharratti amantaa akka qabaatan gochuuf hojiin hubannaa uumuu dursee osoo irratti hojjatamee,
- Hojii investimentii magaalicha keessatti gaggeeffamuufi bu'aa achirraa argamurraa hawaasni magaalichaa hunduu walqixa akka irraa fayyadamuun danda'amu mootummaan cimsee osoo irratti hojjatee.

## Wabii


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Sanyii*: *Jechaafi Caasaa Isaa*. Finfinnee: EfficiencyPrinting press.

_______(2011). *Akkamtaa: Yaadirmee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Efficiency Printing press.

______.(2016/17). The Discursive Construction and Representation of the *Waata* Identity: a Critical Discourse Analysis of Oral Texts. Addis Ababa University: Unpublished PhD Dissertation.

Austin, J. (1962). *How to do things with words*. Oxford: Clarendon press.

Baker, P. (2006). *Using Corpora in Discourse Analysis*. London: Continuum.

Bakari, Sayef,.(2016). Does Domestic Investment Produce Economic Growth in Canada: Empirical Analysis Based on Correlation, Cointegration and Causality," *MPRA Paper*. 75966, University Library of Munich, Germany.

Bell, J. (1993).*Doing your Research project.A Guide for time researcher in education and social science.*Backingham:Open University Press.

Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa. (1999).*Wiirtuu*. Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo, Jil-4. Finfinnee.

_________.(1999).*Wiirtuu*. Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo, Jil-8. Finfinnee.

_________(1999).*Wiirtuu*. Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo, Jil-9.Finfinnee.

Blackledge, A. (2005). *Discourse and power in a multilingual world*. Amsterdam: John Benjamins.

Blommaert, J. (2005). *Discourse. Key concept in sociolinguistics*. Cambridge: Cambridge University Press.

Brown, G and Yule, G. (1983). *Discourse Analysis*. Newyork: Cambridge university press.

Caffee Oromiyaa (1994). *Seera Mootummaa Naannoo Oromiyaa*. Finfinnee: Mana Maxxansa Gutenbergi.

Clark, H. (1996). *Using Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Cook, G. (1989). *Discourse*. Oxford: Oxford University Press.

Dastaa Dassaaleny. (2009). *Bu"uura Qorannoo.*Addis Ababaa: mana maxxansaa Boolee.

Dijk V. (2001). *Critical Discource Anaiysis*. UK: Blackwel.

Fairclough, N. (1992). *Discourse and social change*. Cambridge: Polity Press.

Fairclough, N. (2003). *Analyzing Discourse: Textual Analysis for Social Research.* Lon don: Routledge.

Finnegan, R. (1992). *Oral Traditions and the Verbal Arts. A Guide to Research*

*Practices*. London and Newark: Routledge.

Fishman, J. A. (1971). *The Relationship Between Micro and Macro Sociolinguistics in the Study of Who Speaks what Language to Whom and when*. In Pride, J.Brork: Oxford University Press.

Flick,U.(2002). *An Introduction to Qualitative Research, (2nd Ed*.) .New Dehli:SAGE Publications Ltd.

Fufaa. (2017). "Qaaccessa Wallee Dubbii Mana Murtii Keessatti Haala Aanaa Gindabarat". Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa ( kan hinmaxxafamin)

Gabii Tusuu. (2007). "Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo Hordoftoota Amantii Islaamaa Biratti". Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa ( kan hinmaxxafamin)

Gammachiis Zawduu. (2008). "Xiinxala Hasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Hidhabuu Abootee" Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa ( kan hinmaxxafamin)

Geetaachoo Rabbirraa. (2005). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa. Kuraaz Internaashinaal.

Gibbons, J. (2001). *Language and Law, in Daves. A and Elder, C, Applied Linguistics.*UK: blakwell Peblishing Ltd.

Grier, K. and G. Tullock .(1989) .An Empirical Analysis of Cross-National Economic Growth: 1951–1980. *Journal of Monetary Economics.* 24:2, 259–276.

Grewendorf, G. and Rathert, M.(2009). *Formal Linguistics and the Law*: Trends in Lingustics. Walterde Gruyer: Berlin.

Guddataa Abeetuu. (2008)."Xiinxala Hasbarruu Meeshaalee Ayyaana Warra Giiftii Elemoo". Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (kan hinmaxxafamin)

Halliday, M.A.K. (1994). *An Introduction to Functional Grammar*. London: Edward Arnold.

Hudson, R. A. (1996 ). *Sociolinguistics( 2nd ed.)* Cambridge: Cambridge University Press.

Hodge, B. and Kress, G. (1993).*Language as Ideology (2nd ed.)*. London and New York: Routledge.

Jargen, J.ola, O.and Jef, V.(2010). Sociaty and language use. Amsterdam/philadephia: John Benjamins Publishing Company.

Kadiir Alii. (2016). "Qaaccessa Asoosama 'Aarsaa' Fayyadama Afaaniirratti Xiyyeefachuun" Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (kan hinmaxxafamin)

Makodid, V. (2007). *Communication and Miscommunication: A Pragmatic Study of Legal Discourse*. Kan Sai Gaidi: University Japan (Unpublished).

Muysken, Pieter (2000). *Bilingual Speech: A Typology of Code-Mixing.* Cambridge: CUP.

Nageessoo Duubee. (2008)."Qaaccessa Fayyadama Afaanii Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaan Furuu Keessatti". Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa ( kan hinmaxxafamin)

Neuman, L.W.(2007). *Basic of social Research*, Qualitative and Quantitative Approaches (2nd ed). Bost Peason Educational inc.

Nezami M. A. (2012) The Use of Figures of Speech as a Literary Device: A Specific Mode of Expression in English Literature' in *Language in India,* Vol. 12 , retrieved on 23 January 2015 from www.languageinindia.com

Pickering.M.(2008). *Research Methods for cultural Studies.* Edinburgh University press.

Punch, F.(2998) .*Introducing to Social Research.* New Delhi: SAGE publications, Indian pvt.Ltd.

Qorichee. (2016). "Qaaccessa Qabiiyyee, Unkaafi Fayyadama Afaanii Faarsaa Waaqaa Kitaaba Galata Waaqayyoo Keessatti". Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa ( kan hinmaxxafamin)

Rahimi, F. and Riasati, J. M. (2011). "Critical Discourse Analysis: Scrutinizing Ideologically-Driven Discourses**"** in *International Journal of Humanities and Social Science 1 (16)*107-112.

Schiffrin, D., Tannen, D. and Hamilton, H. E. (2001). *The Handbook of Discourse Anlysis*. Oxford: Blackwel

Schiffrin, D. (1994). 'Narrative as self-portrait: sociolinguistic constructions of identity,' in *Language in Society*, *25* (2), 167-203. Retrieved fromhttp://www.jstor.org/

________ ( 1994 ). *Approaches to Discourse Analysis*. London: T.J Ltd Press, Padstow Corn Well.

Shuy, R. (2005). *Creating Language crimes: how law enforcer uses and misuses language*. New York: Oxford University Press.

Stubbs, M. (1983). *Discourse Analysis*: *The Socio Linguistics Analysis of Natural Language.* Horshman: Unicus graphics L. t. d.

Teubert, W. (2010). *Meaning,Discourse and Society*. Newyork: Cambridge University Press.

Vaara, E., Palli, P. and Sorsa, V. (2010). *On the force potential of strategy texts: a critical discourse analysis of a strategic plan and its power effects in a city organization. Organization, (17 (6) 685-702.*

Walker, J.C. & Evers, C.W. 1999. Research in education: Epistemological issues. In J.P. Keeves & G. Lakomski (eds.). *Issues in Educational Research*. Oxford: Pergamon.

Weiss, G. and Wodak, R. (2005). Analyzing European Union discourses: Theories and applications. In R. Wodak, & P. Chilton (Eds.), *A new agenda in (Critical) Discourse Analysis: Theory, methodology and interdisciplinarity* (pp. 121-135). Amsterdam/Philadelphia: John Benjamins.

Wodak, R. (2001). 'The discourse-historical approach,' in Wodak, R. and Meyer, M. (eds.), *Methods of Critical Discourse Analysis*, 63–95. London: Sage publication.

Wodak, R and Meyer, M. (2001). *Methods of Critical Discourse Analysis:* London: Sage Publications Ltd.

Wolff, E. (2000). Language and Society In Heine, B.and Nurse,D.(eds.). *African Languages:An Introduction*.Cambridge University Press.

Wooffit, R. (2005). *Conversation Analysis and Discourse Analysis: A Comparative and Critical Introduction.* London: SAGE Publications Ltd.

Yule, G. (2010). *The Study of Language. (4th ed.).* New York: Cambridge University Press.

Zalaalam Amantee. (2012). "Xinxaala Fayyadama Afaan Oromoo Beeksisoota Taappeellaa Magaalaa Adaamaa". Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Warqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa ( kan hinmaxxafamin)

Zubair, S. (2007). 'Silent birds: metaphorical constructions of literacy and gender identity in women's talk.' *In Discourse Studies, 9*(6), 766–783. Retrieved from http://www.sagepublications.com.

**ደረጀ መንገሻ፡፡** (1979) ፣ **"የቋንቋ አጠቃቀም በአዲስ አበባ ወህኒ ቤት"፡፡ ለኢትዮጵያ ቋንቋዎች ስነ -ጹሁፍ ትምህርት ክፍል የቢኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት አዲስ አበባ**

# DABALEEWWAN

**Dabalee A – Cheekliistii Afgaaffii**

Yuunivarsiitii Finfinnee Koollejii Namoomaa, Qorqnnoo Afaanotaa, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiitti Muummee Afaa Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

**Afgaaffii** Abbootii Lafaa Lafa Isaanii Hojii Investimentiif Kennaniif Dhiyaate

Kabajamtoota odeefkennitootaa**:**

Kaayyoon afgaaffii kanaa barnoota Afaan Oromoofi Fooklooriitiin sagantaa gannaatiin digrii lammaffaa guuttachuuf mataduree, "***Qaaccessa Waallee Dubbii Inveestimentii: BulchiinsaMagaalaa Buraayyuu Keessa Jiranirratti Xiyyeeffachuun***" jedhurratti qorannoo gaggeessuuf ragaa funaanuuf. Kanaafuu, hirmaannaan kallattiidhaan isin afgaaffii kana afaaniin deebii kennuu irratti qabdan milkaa'ina qorannoo kanaatiif baay'ee murteessaa waan ta'eef, ragaa haqaafi qabatamaa hawaasni itti gargaaramaa tureefi ammaas itti fayyadamaa jiru osoo hindhoksiniifi hindabsin kan isin abbaa dhimmaa itti taatan kanaaf ga'ee isin irraa eegamu akka baatan jechaa ragaan funaanamu kun dhimma qorannichaa qofaaf kan oouufi icciitiin isaa kan eegamu ta'uu isniif mirkaneessa.

**Hayyamamoo ta'uu keessaniif galatoomaa!**

**Kutaa1.Odeeffannoo Waliigalaa**

Kornayaa ___________Umurii ___________

Ganda _______________ Sadarkaa Barnootaa__________

Guyyaa gaaffiin dhiyaate_________________________

**Kutaa 2.** Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif haala gaafichaa irratti hundaa'uun afaaniin deebii kennaa.

1. Isin magaalaa kana keessa (naannawa kana) waggaa meeqa jiraattan?
2. Lafa qonnaa keessan kan duraan qottanii itti fayyadamaa turtan amma investimentiif isinirraa fudhatame kana waggaa meeqaaf itti fayyadamaa turtan?
3. Yeroo lafa keessan hojii investimentiif gadi lakkistan beenyaan ga'aan isiniif kennamee jiraa? Yoo hinkennamne ta'e maaliif?
4. Yeroo ammaa kana waggoottan dhiyoo asitti Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti investimentiin haalaan babal'achaa jira.
   4.1.Hawaasni Magaalaa Buraayyuu babal'inni investimentii kanaarraa fayyadamaa ta'ee jira jettuu?
   4.2.Miidhaa hoo qaba jettuu? Attamitti?

4.3. Babal'ina investimentiin walqabatee gammachuu qabdan yookiin komii qabdan attamiin ibsattu? Geerarsaan, mammaaksaan ykn kan biroon naaf ibsuu dandeessuu?

5. Yaadni biroon isin naaf ibsuu dandeessan jiraa?

**Dabalee B**

Yuunivarsiitii Finfinnee Koollejii Namoomaa, Qorqnnoo Afaanotaa, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiitti Muummee Afaa Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

**Afgaaffii** -Hawaasa Naannoof (Jiraattotaaf) Dhiyaate

Kabajamtoota odeefkennitootaa:

Kaayyoon afgaaffii kanaa barnoota Afaan Oromoofi Fookklooriitiin sagantaa gannaatiin digrii lammaffaa guuttachuuf mataduree, "*Qaaccessa Waallee Dubbii Inveestimentii: BulchiinsaMagaalaa Buraayyuu Keessa Jiranirratti Xiyyeeffachuun*" jedhurratti qorannoo gaggeessuuf ragaa funaanuuf. Kanaafuu, hirmaannaan kallattiidhaan isin afgaaffii kana afaaniin deebii kennuu irratti qabdan milkaa'ina qorannoo kanaatiif baay'ee murteessaa waan ta'eef, ragaa haqaafi qabatamaa hawaasni itti gargaaramaa tureefi ammaas itti fayyadamaa jiru osoo hindhoksiniifi hindabsin kan isin abbaa dhimmaa itti taatan kanaaf ga'ee isin irraa eegamu akka baatan jechaa ragaan funaanamu kun dhimma qorannichaa qofaaf kan oouufi icciitiin isaa kan eegamu ta'uu isniif mirkaneessa.

**Hayyamamoo ta'uu keessaniif galatoomaa!**

**Kutaa1.Odeeffannoo Waliigalaa**

Kornayaa ___________Umurii ___________

Ganda _______________ Sadarkaa Barnootaa__________

Guyyaa gaaffiin dhiyaate_________________________

**Kutaa 2.** Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif haala gaafichaa irratti hundaa'uun afaaniin deebii kennaa.

1. Magaalaa kana keessa (naannawa kana) waggaa meeqaaf jiraattan?
2. Yeroo ammaa kana waggoottan dhiyoo asitti Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti investimentiin haalaan babal'achaa jira.
   a. Hawaasni Magaalaa Buraayyuu babal'inni investimentii kanaarraa fayyadamaa ta'ee jira jettuu?
   b. Miidhaa hoo qaba jettuu? Attamitti?
   c. Babal'ina investimentiin walqabatee gammachuu qabdan yookiin komii qabdan attamiin ibsattu? Geerarsaan, mammaaksaan ykn kan biroon naaf ibsuu dandeessuu?
3. Bu'aa oomisha warshaalee naannawa kanatti argamanii fayyadamaa jirtuu? Yoo fayyadamaa hinjirtan ta'e rakkoon isaa maali?
4. Yaadni biroon isin naaf ibsitan jiraa?

**Dabalee C**

Yuunivarsiitii Finfinnee Koollejii Namoomaa, Qorqnnoo Afaanotaa, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiitti Muummee Afaa Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

**Afgaaffii-** Hojjattoota dhaabbilee dhuunfaa keessa hojjataniif dhiyaate

Kabajamtoota odeefkennitootaa:

Kaayyoon afgaaffii kanaa barnoota Afaan Oromoofi Fooklooriitiin sagantaa gannaatiin digrii lammaffaa guuttachuuf mataduree, "***Qaaccessa Waallee Dubbii Inveestimentii: BulchiinsaMagaalaa Buraayyuu Keessa Jiranirratti Xiyyeeffachuun***" jedhurratti qorannoo gaggeessuuf ragaa funaanuuf. Kanaafuu, hirmaannaan kallattiidhaan isin afgaaffii kana afaaniin deebii kennuu irratti qabdan milkaa'ina qorannoo kanaatiif baay'ee murteessaa waan ta'eef, ragaa haqaafi qabatamaa hawaasni itti gargaaramaa tureefi ammaas itti fayyadamaa jiru osoo

hindhoksiniifi hindabsin kan isin abbaa dhimmaa itti taatan kanaaf ga'ee isin irraa eegamu akka baatan jechaa ragaan funaanamu kun dhimma qorannichaa qofaaf kan oouufi icciitiin isaa kan eegamu ta'uu isniif mirkaneessa.

**Hayyamamoo ta'uu keessaniif galatoomaa!**

**Kutaa1.Odeeffannoo Waliigalaa**

Kornayaa ___________Umurii ___________

Ganda _______________ Sadarkaa Barnootaa__________

Guyyaa gaaffiin dhiyaate_________________________

**Kutaa 2.** Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif haala gaafichaa irratti hundaa'uun afaaniin deebii kennaa.

1. Isin dhaabbata kana keessa yeroo hagamiif hojjattan?
2. Yeroo ammaa kana waggoottan dhiyoo asitti Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti investimentiin haalaan babal'achaa jira.
    a. Hawaasni Magaalaa Buraayyuu babal'inni investimentii kanaarraa fayyadamaa ta'ee jira jettuu?
    b. Miidhaa hoo qaba jettuu? Attamitti?
    c. Ati dhaabbata kana keessa hojjachuu keetiin mindaan ji'aan siif kaffalamu jireenya kee ittiin gaggeeffaffachuuf ga'aadhaa?
    d. Babal'ina investimentiin walqabatee gammachuu qabdan yookiin komii qabdan attamiin ibsattu? Geerarsaan, mammaaksaan ykn kan biroon naaf ibsuu dandeessuu?
3. Hawaasn oomisha investimentii naannawa kanatti argamanii fayyadamaa jirtuu? Yoo fayyadamaa hinjirtan ta'e rakkoon isaa maali?
4. Yaadni biroon isin naaf ibsitan jiraa?

**Dabaalee D**

Yuunivarsiitii Finfinnee Koollejii Namoomaa, Qorqnnoo Afaanotaa, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiitti Muummee Afaa Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

**Afgaaffii-** Hojii dhuunfaa/guyyaa hojjataniif Dhiyaate

Kabajamtoota odeefkennitootaa:

Kaayyoon afgaaffii kanaa barnoota Afaan Oromoofi Fooklooriitiin sagantaa gannaatiin digrii lammaffaa guuttachuuf mataduree, "***Qaaccessa Waallee Dubbii Inveestimentii: BulchiinsaMagaalaa Buraayyuu Keessa Jiranirratti Xiyyeeffachuun***" jedhurratti qorannoo gaggeessuuf ragaa funaanuuf. Kanaafuu, hirmaannaan kallattiidhaan isin afgaaffii kana afaaniin deebii kennuu irratti qabdan milkaa'ina qorannoo kanaatiif baay'ee murteessaa waan ta'eef, ragaa haqaafi qabatamaa hawaasni itti gargaaramaa tureefi ammaas itti fayyadamaa jiru osoo hindhoksiniifi hindabsin kan isin abbaa dhimmaa itti taatan kanaaf ga'ee isin irraa eegamu akka baatan jechaa ragaan funaanamu kun dhimma qorannichaa qofaaf kan oouufi icciitiin isaa kan eegamu ta'uu isniif mirkaneessa.

**Hayyamamoo ta'uu keessaniif galatoomaa!**

**Kutaa1.Odeeffannoo Waliigalaa**

Kornayaa ___________Umurii ___________

Ganda _______________ Sadarkaa Barnootaa__________

Guyyaa gaaffiin dhiyaate__________________________

**Kutaa 2.** Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif haala gaafichaa irratti hundaa'uun afaaniin deebii kennaa.

1. Isin naannawa kana waggaa hagamiif jiraattan?
2. Yeroo ammaa kana waggoottan dhiyoo asitti Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu keessatti investimentiin haalaan babal'achaa jira.

   Haaluma kanaan,

   a. Hawaasni Magaalaa Buraayyuu babal'inni investimentii kanaarraa fayyadamaa ta'ee jira jettuu? Attamitti?
   b. Ati hoo akka hawaasa naannoo kanaatti babal'ina hojii investimentii kanarraa fayyadameen jira jettaa? Attamitti? Dhimma kana attamitti ibsachaa jirta? Wanti jechuu dandeessu jiraa?
   c. Miidhaa hoo qaba jettuu? Miidhaa inni qabu hawaasni attamitti ibsachaa jira?
3. Ati akka jiraataa magaalaa kanaatti hojii investimentii yeroo amma raawwatamaa jiru sirriitti nibeektaa? Qaamni mootummaa iftoominaan hojjachaa jiruu? Yoo miti ta'e dhimma kana akkamitti ibsattu?
4. Hawaasni bu'aa oomisha warshaa kanatti argamanii fayyadamaa jirtuu? Yoo fayyadamaa hinjirtan ta'e rakkoon isaa maali?
5. Yaadni biroon isin naaf ibsitan jiraa?

**Dabaalee E**

Yuunivarsiitii Finfinnee Koollejii Namoomaa, Qorqnnoo Afaanotaa, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

**Cheeklistii Daawwannaa**

1. Dhimma babal'ina investimentiin walqabatee hawaasni daandiiwwan gurguddaarra yommuu waliin deeman maal jedhu? Maaliin ibsatu (mammaaksaan, geerarsaan, jechamaan…? Inni hawaasni jedhu kun maal agarsiisa?
2. Hawaasni yommuu mana dhugaatii (keessumattuu mana daadhii keessatti) yommuu walga'an dhimma babal'ina investimentiin walqabatee maal jedha? Isa jedhu kanas maaliin ibsata (mammaaksaan, geerarsaan, jechamaan…)?
3. Dhimma isaanii lafaan walqabatee jiru raawwchiifachuuf mooraa bulchiinsaa magaalaa keessatti yommuu baay'inaan walitti dhufan waa'ee investimentiifi waa'ee qonnaan bulaa lafa qonnaa isaarraa buqqa'ee hawaasni maal jchaa jira? Isa jedhu kanas maaliin ibsata? Inni hawaasni jedhu kun maal agarsiisa?
4. Hawaasni bakka afooshaafi bakka gaddaatti bal'inaan yommuu walargan dhimma babal'ina investimentiin walqabatee maal jedhu? Maaliin jedhus (mammaaksaan, geerarsaan, jechamaan…? Inni hawaasni jedhu kun maal agarsiisa?

**Dabaalee F**

**Fayyadama geerarsaa investimentii irratti mul'atan (ragaalee walitti qabaman)**

**Ragaalee daawwannaadhaan bakkeewwan garagaraarraa guuraman**

G1) (001) Inni abbaankoo guddise

(002) Kabballaan na kuffiise

(003) Barcumakoo fudhatee

(004) Bakkumakoo hubatee

(005) Oromoon Abbaa Booraa

(006) Lafa isaa dhabee jooraa…..

G2) (007) Jireenya maalii jirra

(008) Dinnichaafi buqqeen jirra

(010) Lafa keenya hoo namaaf hirra

(011) Duguuggaa sanyii irra

(012) Kuun isaa gadi jira

G3) (013) Hiddii galaana biraa

(014) Ciradhu moo dhiisuree

(015) Aariin garaa na jira,

(016) Himadhu moo dhiisuree

(017) Yoon dhiiseef eelaa taati,

(018) Eelaa ta'uushee manna

(019) Seenaa ta'uushee wayya.

G4) (020) Odoo saree qabaannee

(021) Saree rimaa qabaannee

(022) Hoolaa bineensi hin nyaatu

(023) Odoo marii qabaannee

(024) Marii hiriyyaa qabaannee

G5) (025) Makarrii siin taphatee

(026) Morma hidheen siin qotee

(027) Afaan hidheen siin dhahee

(028) Morma hidhuun akkumaa

(029) Afaan hidhuun.

G6) (030) Sinbira nyaachuu barbaadan sololiyaa jedhanii
(031) Qaruutee dubbattuu afaan diddibanii
(032) Iyyoomattee boochee kaa da'immannii.

**Ragaalee afgaaffiidhaan bakkeewwan garagaraarraa guuraman**

G1) (033) Baalaan martee fiddekaa,
(034) Gabaan bartee diddekaa.
(035) Akkakoo duraas miti,
(036) Harkakoo duwwaas miti

G2) (037) Isa abbootiin keenya tursiisan
(038) Kan dhaloota ofiitiif dhaalan
(039) Guddina magaalaa jedhanii
(040) Lafa margaa dhabamsiisani
(041) Qaala'ee argame aannaniifi fooni.
(042) Nutti fakkeessanii ijoollumti keenyaa
(043) Harka duwwaa taanee dhabnekaa qabeenya

G3) (044) Ija kiyya lafa argu
(045) Miila kiyya laga darbu
(046) Namni afaan natti hindarbu
(047) Humna kiyya guutuu jiru
(048) Maafan nama gabbara

G4) (049) Qawwee namaa fuudhanii
(050) Kuruphee itti ajjeesanii
(051) Abbaa mirgaa ta'uuree
(052) Mana namaa dhaqanii
(053) Itti nama hamatanii
(054) Abbaa warraa ta'uuree
(055) Lafti keenya keenyaaree
(056) Tollaan keecha teenyaaree
(057) Natti fakkaachuu dide

G5 (058) Boqqolloon Birraa dhufa,
(059) Baaduun Arfaasaa dhufa,
(060) Humni ganama dhuma
(070) Qalbiin galgala dhufa…

**Dabaalee G**

**Fayyadama mammaaksaa investimentii irratti mul'atan (ragaalee walitti qabaman)**

**Ragaalee daawwannaadhaan bakkeewwan garagaraarraa guuraman**

(071) Bara leenci nama nyaate, deeroon nama kajeelti…
(072) Leenca dulloome daaraa itti aran
(073) "Diimannee beekna," jette nuugiin
(074) Akkakoo duraas miti; harkakoo duwwaas miti
(075) Mana keetti udaan hagna; mana kiyyatti qaayyaa ulanna jette masaanuun
(076) Waa beekeetu bofa miila dhowwe.
(077) "Wannoo kiyya kan bal'isu malee kan dhiphisu hindhufu," jette.

(078) Harreen ofiinuu hingaltuu looniin galtii?

(079) Gowwaa takka arrabsi lammata innuu of arrabsaa.

(080) Harreen waldhiitti malee ilkaan walirraa walhincabsitu.

(081) Kan cinaan hinbeekne cinaacha dha’an hinbeektu.

(082) Kan walfakkaattu loon walitti bobbaafti.

(083) Harreen ofiinuu hingaltuu looniin galtii?

(084) Gowwaa takka arrabsi lammata innuu of arrabsaa.

(085) Harreen waldhiitti malee ilkaan walirraa walhincabsitu.

(086) Kan cinaan hinbeekne cinaacha dha’an hinbeektu.

(087) Kan walfakkaattu loon walitti bobbaafti.

(088) Yoo humna qaban kumaan lolan; yoo humna dhaban malaan bulan.

(089) Odoo loon hingalle hattuun dallaa guutte.

(090) Waraabessa darbe sareen dutte.

(091) Bakka loon hinoolle kaboota hinguura.

(092) Odoo beeknu huuba wajjiin jette sareen.

(093) Afaan haasawa bare utubaatti hasaasa.

(094) Fuula ilaaltee daa’imti namatti qoosti.

**Ragaalee afgaaffiidhaan bakkeewwan garagaraarraa guuraman**

(095) Abbaa gaariin nama dhalchuu mannaa ayyaana gaarii dhalachuu wayya

(096) Mana farchoofi bara rakkoo achuma taa’anii mataa raasu

(097) Bulee naaf gale dubbiin harmee,” jette intallii

(098) Aangoon ganama dhufa; yaadni galgala dhufa

(099) Of ajjeeseen Maccatti gala jennaan lama hintaatuu tokkotti gori jedhe jedhama

(100) Aannan mucha lama keessaa bahu tokkichuma

(101) Du’a obboleessa ishee qamaleen cidha seetee kofalti

(102) Kan loltus, kan hinlolles shimala qaqxi

(103) Akka feeteen dubartii akka feete dubbatti.

(104) Bulchaan saree odoo hindhalatiin garaa keessaa dutti

(105) Ollaan akkam bultee beeka akka itti bule abbaatu beeka.

(106) Ijoolleen Onkoloolessaa odoo hin yaamiin owwaatti.

(107) "Wannoo kiyya kan bal'isu malee kan dhiphisu hindhufu," jette.

(108) "Kan garaa malee kan maqaa yoom nu dhibe?" jette sareen.

(109) Namni guyyaa bofa arge halkan maagaa dheessa.

(110) Sangaa abbaan gaafa cabse ormi ija balleecha.

(111) Duuti haadhaafi bakki ciisan bubbulee nama quuqa.

(112) Dheebotan malee mi'aa bishaanii hinargan.

(113) Mixmixa harkaan dhaabantu nama guba.

(114) Waaqni cittoo uume qeensa bira keenna.

**Dabalee H**

**Fayyadama Malleen Dubbii investimentii irratti mul'atan**

**Ragaalee daawwannaadhaan bakkeewwan garagaraarraa guuraman**

(115) Akka du'anitti hafan malee akka kufanitti hinhafan

(116) Namni mirga hinqabne leenca dulloomedha; lachuuttuu daaraa itti aran…

(117) Akka loon darabaa walitti naqanii haleeluudha.

(118) Diimannee beekna jette nuugiin

(119) Qamaleen du'a obboleessa ishee cidha seetee kofalti.

(120) Akka sa'aatti nu elmatu.

(121) Anga'oota argachuun hamma Waaqaa fagaate.

(122) Waraabessa guyyaa nutti ta'an.

(123) Weennii fakkaatu yoo tabba mare dheedu loon kiyya.

(124) Akka re'ootaatti raafaman.

**Ragaalee afgaaffiin walitti qabaman**

(125) Akka feeteen dubartii akka feete dubbatti

(126) Dacheen ofii jaartii ofiiti; lachuu ergisa hintaatu

(127) Lafti ofii lafee ofiiti.

(128) Akka mucha sa'aa dorrobeetti dhiita'a.

-

**Dabalee I-**

**Fayyadama Durdurii investimentii irratti mul'atan**

**Ragaalee daawwannaadhaan bakkeewwan garagaraarraa guuraman**

(129) Bara durii adurreefi hantuunni hiriyaa waliif turan. Gaafa tokko nyaata barbaacha odoo deeman baaduu qabee tokko argatan. Lamaan isaaniiyyuu adda qooddatanii yeroodhuma sana dhuganii fixuuf murteeffatan. Tooftaa ofii ittiin qooddatanii dhugan dhabnaan, hantuunni mala malte. Isheenis, "Jeedala bira deemnee qixxeetti nuuf yaa qooddu," jette. Adurreenis itti waliigaltee jeedala bira deeman. San booda, jeedalli baaduu sana madaala irra yommuu keessu, karaa tokko madaalli gadi bu'e. Isheenis, madaala wal qixxeessuuf jecha irraa fuutee afaan kaawwatte. Amma immoo karaa biraa gadi bu'e. Ammas gara caalurraa fuutee afaan kaawwatte. Ammas karaa hantuutaa gadi bu'e…. Achiin booda, "Ani qooduu hindanda'uutii fudhaa deemaa," jette jeedalli. Boodarra adurreefi hantuunni harka duwwa galan jedhama.

(130) Guyyaa tokko sardiidoofi sinbirroon osoo waliin deemaa jiranuu foon xiqqoo takka argatan. Sinbirroon daftee jalaa fudhattee muka korte. Sardiidoonis, foon waliin argatan sinbirroon jalaa fudhattee muka koru isheetti baay'ee aartee mala ittiin foon simbirroo harkaa fudhatee nyaattu barbaadde. Malli tokkos dhufeef. "Ani foon hin barbaadu; sagalee tee bareedduu sanaan naa sirbi," jette sardiidni

sinbiroodhaan. Sinbiroonis, waan ishee jajje seetee weeddisuuf afaan yeroo banattu foon afaan keessaa bu'e. Sardiidoonis foonicha itii utaaltee fudhattee nyaatte jedhama.

(131) *Bara durii kanniisa, qamalee, leenciifi jaldeessi waldaa affeerraa tokko keessatti gurmaa'ani turan. Isaaniis, dabaree dabareedhaan wal affeeruuf waliigalan. Akkatuma dabaree isaaniin tokkoffaarratti kanniisni yeroo affeeru, nyaata mi'aawaa kan akka dammaa, dhugatii mi'aawaa kan akka daadhii qopheessuun dabree isaa haala gaariin affeere. Dabaree lammaffaa immoo qamalee yoo ta'u qamaleenis akkaatuma humna isheetiin ija muka /firii mukaa/ garaagraa walitti funaanuun dabaree isaa haala gaariin affeerte. Dabaree sadaffaan immoo kan Obbo leecnoo ture. Obbo Leencoonis durumayyuu foon soorachuun waan beekaamuuf foon cooma, foon diimaa akkaataa feedhii isaaniitiin qopheessuun akkuma warra kaanii dabaree isaa nyaachise.Dabaree afraffaan kan Obbo Jaldeessoo ture. Innis akkuma warraa kaanii dabareen isaa yoo gahu, "gaafa kan ormaa dhiqadhu dhiqadhu, miiccadhu miiccadhu nama godha; gaafa dabaree ofii riiqaadhu riiqaadhuu nama godha," jedhe. Kanaafuu jaldeessii gaafa dabaree isaa mana isaas hin qulqulleeffanne, hoomaas hin qopheessine. Jarris, "Maaliif dabaree keetti nu hin affeerre?" jedhanii lolan.Sana booda, kanniisni ilkee isheen hidduutti gadi teesse; qamaleenis muka koruun yaa jalduu gara bishaanii jennaan jaldeessi bishaan baay'ee gadii fagootti of gatee achumaan hafe jedhama.*

(132) *Dur dur ilmi abbaa waliin horii eegaa ture. Osoo eegaa jiraanuu ilmi abbaadhaan, "Mee soba na barsiisi," jedheen. Abbaanis, "Ani soba hin beeku; waan dhugaa yookin waan boruuf siif ta'uun si barsiisaa," jedheen. Mucichi immoo, "Ani soba beeka," jedheen. Abbaanis, "Mucaa koo, akkamitti sobuu baratte?" jedheen. Mucaanis sobumaan, "Waayyoo, wayyoo!" jechuun ija rirriittate. "Maal, maal taate?" jedhe abbaan ilmaan. "Ibbiiqii xaafiituu ija koo na bu'e," jedheen mucaan. "Eessaa dhufee ija si bu'e?" jedheen abbaan ilmaan. "Kunoo Darraatti xaafii calleessaa jiru mitii?" jedhe. "Soba beekuun kee sirriidha; lammata garuu hin sobin," jedhe. Muccichis, sobuun garii akka hin taane hubatee, abbaa isaa dhiifama gaafate. Soba duraan sobu sana irraa fagaatee namni sobuu akka hinqabne gorsuu eegalee jedhama.*

(133) Bara durii waraabessi osoo karaa deemuu harree dadhabduutti dhufe. Achumaan, "Sin nyaadha," jedheen. Harree dadhabduunis, "Ana qooda nyaattu wadala harree guddaa gamaa alaaku sana dhaqii nyaadhu; ani asumattan si eega," jetteen. "Yoo deemte hoo," jedhee gaaffannaan, "Yaa wallaaltu, yaa wallaaltu jedhii nayaami," jetteen. Waraabessis, tole jedhee gara wadala harree yoo deemu, harrichi fiigee jalaa bahe. Yeroo wadala harree ari'ee dhaqqabuu dadhabee deebi'u harree dadhabduunis jalaa dhokkattee eegde. Achumaan, "Yaa wallaaltuu, yaa wallaatuu," jedhee yaame. Isheenis, "Atuu walaaltee kan duutuu gattee jiraa barbaaduu dhaqxe," jette harree dadhabduun jedhama.

**(134)** Bara durii leencii, sardiidoonii fi harreen adamoo waliin dhaqan. Guyyaa duraa foon baay'ee waan argataniif, bakka saditti akka qoodu Obbo Leencoon Harreetti hime. Harreenis of eegganoodhaan foon kana iddoo saditti wal qixxeessee qoode. Yeroo kana Obbo Leencoon aariidhaan harricha kana kukkutee nyaate. Sanaan booda, foonicha irra deebitee akka hirtuuf Obbo Leencoon sardiidoo ajaje. Sardiidoonis qooddii ofii baay'ee xiqqeessitee bakka lamati qooduun qooddi baay'ee isa guddaa, "Obbo Leencoo, inni kun keessan," jetteen. Obbo Leencoonis keessa ofiitti baay'ee gammaduudhaan, "Ogummaa qooddii akkanaa kana maaltu si barsiise?" jedheen. Sardidoonis, "Harree irraayiin baradhee" jennaan Obbo Leencoonis, "Kan dogongora irraa baratu beekaadha," jedheen jedhama.

**Dabalee J) –**

**Fayyadama Faaruu Sirbaa investimentii irratti mul'atan**

**Ragaalee daawwannaadhaan bakkeewwan garagaraarraa guuraman**

(135) Master pilaanii jedhanii,

(136) Sanyii si duguuguuf malanii,

(137) Tokko taanee,

(138) Diinaan falmina olkaanee.

(139) Lafa kee gadi hinlakkisiin,

(140) Eenyu abbaa isheeti gurbaa,

(141) Kan daangaa keenya seenuuf deemtu.

(142) Gaaddisa tumaa seeraa,

(143) Seera Caffee Tuulamaa,

(144) Dhiigumaan si tiksina,

(145) Nutis kaane tokkummaan…

**Tarsiimoowwan waallee hojii investimentii milkeessuuf dhimma itti bahan**

Bakka walgahii gooxiifi bulchiinsa magaalaatti qaamaan keessatti argamuun ragaalee daawwannaadhaan guuraman kan agarsiisudha. Walgahicharrattis qaamni mootummaa hojii investimentii milkeessuuf tarsiimoo itti dhimma bahan kan agarsiisudha.

(146) Misooma dinagdee biyyattii saffisiisuufi sadarkaa jireenya lammiilee fooyyessuuf hojii investimentii magaalaa keessatti jajjabeessuu/ babal'isuu,

(147) Ummata lafa isaa hojii investimentiif gadi lakkisu beenyaa gahaa kennuun jireenya fooyya'aa akka jiraatu gochuu,

(148) Investimentii keessumattuu damee oomishaa jajjabeessuun jireenya ummata magaalaa fooyyessuu,

(149) Investimentii magaalota keessatti babal'isuun dandeettii oomisha biyya keessaa fooyyessuu,

(150) Babal'ina hojii investimentii magaalota keessatti jajjabeessuun ce'umsa tekinooloojii saffisiisuu,

(151) Magaalota keessatti facaatii investimentii fooyyessuun fayyadamummaa ummata keenyaa mirkaneessuu,

(152) Hojii investimentii magaalota keessatti babal'isuun/ jajjabeessuun investaroota biyya keessaa jajjabeessuu,

(153) Magaalota keessatti babal'ina hojii investimentii cimsuun investaroota biyya alaa harkisuun kaappitaala biyyattii guddisuu,

(154) Magaalota keessatti hojii investimentii babal'isuun qabeenya uumamaa biyyattiin qabdu duguuganii hojiirra oolchuun fayyadamummaa lammiilee magaalaa mirkaneessaa deemuu,

(155) Hojii investimentii babal'isuun oomishaafi oomishtummaafi tajaajila jiru fooyyessuun gabaan biyya keessaa akka tasgabbaa'u gochuu,

(156) Oomisha biyya alaarraa gara biyyaatti galu biyyuma keessatti oomishuun sharafa biyya alaa guddisuuf investimentii babal’isuu,

(157) Naannoolee gidduutti guddina walqixa ta’eefi qindoomina qabu mirkaneessuuf hojii investimentii babal’isuu,

(158) Sochii misooma dinagdee biyyaa saffisiisuuf taasifamu keessatti gahee seektara dame dhuunfaa guddisuuf investimentii babal’isuu,

(159) Hojii investimentii babal’isuun investimentiin biyya alaa misooma dinagdee biyyaaf bu’aa akka buusu gochuu,

(160) Lammiilee biyyattiif carraa hojii bal’aa ta’e uumuufi ce’umsa tekinooloojii barbaachisu babal’isuufi kkf…..

**Dabalee J**

**Odeeffannoo Waa'ee Odeefkennitootaa**

**Hawaasa Naannoo (Afgaaffiidhaaf)**

| Koodii | Kornayaa | Umrii | Amantii | Sad. barnootaa | Hojii | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 001 | Dhi | 39 | Kirstaana | 5 | Hojii ijaarsaa | |
| 002 | Dhi | 58 | Kirstaana | - | Hojii dhuunfaa | |
| 003 | Du | 64 | Kirstaana | - | Hojii dhuunfaa | |
| 004 | Dhi | 79 | Kirstaana | - | Sooramaa | |
| 005 | Dhi | 45 | Kirstaana | 3 | Hojii guyyaa | |
| 006 | Dhi | 65 | Kirstaana | 3 | Suuqii | |
| 007 | Dhi | 87 | Kirstaana | - | Sooramaa | |
| 008 | Dhi | 54 | Kirstaana | 5 | Hojii ijaarsaa | |
| 009 | Dhi | 28 | Kirstaana | 1 | Hojii ijaarsaa | |
| 010 | Dhi | 45 | Kirstaana | 9 | Hojii ijaarsaa | |
| 011 | Du | 48 | Kirstaana | 9 | Hojii ijaarsaa | |
| 012 | Dhi | 69 | Musiliima | 7 | Suuqii | |
| 013 | Dhi | 85 | Kirstaana | - | Sooramaa | |
| 014 | Dhi | 41 | Kirstaana | Dippiloomaa | Hojii Mootummaa | |
| 015 | Du | 44 | Musiliima | - | Hojii guyyaa | |
| 016 | Dhi | 56 | Kirstaana | Dippiloomaa | Barsiisaa | |
| 017 | Du | 74 | Kirstaana | - | Hojii ijaarsaa | |
| 018 | Dhi | 58 | Kirstaana | 8 | Hojii ijaarsaa | |
| 019 | Dhi | 45 | Kirstaana | 6 | Hojii ijaarsaa | |
| 020 | Dhi | 34 | Kirstaana | 12 | Hojii ijaarsaa | |
| 021 | Dhi | 73 | Kirstaana | - | Soorama | |
| 022 | Du | 25 | Kirstaana | 10 | Hojii humnaa | |
| 023 | Dhi | 32 | Kirstaana | 10 | Hojii humnaa | |
| 024 | Dhi | 56 | Kirstaana | - | Hojii hinqabu | |
| 025 | Dhi | 43 | Kirstaana | 9 | Suuqii | |
| 026 | Dhi | 57 | Musiliima | - | Daldala | |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 027 | Du | 36 | Kirstaana | 8 | IMX | |
| 028 | Dhi | 49 | Kirstaana | 5 | Daldala | |
| 029 | Dhi | 78 | Kirstaana | - | Sooramaa | |